

Baafata

1.1. Seensa	1
Kutaa 1. Yaadota Bu'uuraa Barnoota Idileen Duraa	1
1.2. Maalummaa Barnoota Idileen Duraa.....	2
1.3. Waa'ee Kunuunsaafi Barnootaa Daa'imman Barnoota Idileen Duraa Ilaalchisee Qabxiilee Irratti Xiyyeeffatamuu Qaban:	3
1.4. Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Gidduu Jiran Amala Isaan Qabaniifi Jijjiiramoota Mul'atan .	3
1.5. Hirmaannaa Maatiin Guddinaafi Barnootaa Daa'immaniiratti Qaban.....	4
1.6. Haala Itti Fayyadama Kitaabaa.....	6
1.7. Karoorra Barnootaafi Guddisa Daa'immanii	7
2.1.1. Ibsa	11
Kutaa 2: Kallattiiwwan Dagaaginaafi Eeruu Malleen Raawwii.....	11
2.1. Guddina Sirriifi Jabina Qaamaatiif Kunuunsa Barbaachisu Gochuu	11
2.1.2. Kaayyoowwan Waliigalaa	11
2.1.3. Bu'aaleefi Gahumsawwan Eegaman.....	12
2.1.5. Guca Daawwannaan Ittiin Gaggeeffamu	60
2.2. Haala Fudhatama Qabuun Namoota Biroo Waliin Walitti-dhufeenya Uumuu	63
2.2.1. Ibsa /Seensa	63
2.2.2 Kaayyoo Waliigalaa	63
2.2.3 Bu'aalee Eegamaniifi Gahumsawwan	64
2.2.4 Bu'aalee Eegaman, Gahumsoota, Meeshaalee Deeggarsaafi Malleen Raawwii	64
2.2.5.Unka Daawwannaa Ittiin Gaggeessan.....	81
2.3. Afaanitti Sirnaan Fayyadamuu	82
2.3.1. Ibsa waliigalaa	82
2.3.2. Kaayyoo Waliigalaa	82
2.3.3. Bu'aalee Eegamuu fi Gahumsa	83
2.3.4. Bu'aalee Eegaman, Gahumsaawwan, Meeshaalee Deeggarsaafi Malleen Raawwii.....	83
2.1.5. Unka Daawwannaa Ittiin Gaggeessan.....	116
2.4. Sochiilee Guyyaa Guyyaa Keessatti Yaadrimeefi Qooyyaboota Herregaa Fayyadamuu	117
2.4.1. Seensa	117
2.4.2. Kaayyoowwan Waliigalaa	117
2.4.3. Bu'aalee Eegamuufi Gahumsa	118
2.4.4. Bu'aalee Eegaman, Gahumsa, Meeshaalee Deeggarsaafi Malleen Raawwii.....	118

Yaada bu'uuraa barnoota idileen duraa

2.4.5. Unka Daawwannaa Ittiin Gaggeessan.....	148
2.5. Walitti Dhufeenya Naannawaa Waliin Taasisaniin Naannawa Qu'achuunSirnaan Wal-baruu	150
2.5.1. Seensa	150
2.5.2. Kaayyoo Waliigalaa	150
2.5.3 Bu'aalee Eegamaniifi Gahumsa.....	150
2.5.4. Bu'aalee Eegaman,Gahumsa, Meeshaalee Deeggarsaafi Malleen Raawwii	151
2.5.5. Unka Daawwannaa Ittiin Gaggeessan.....	179

Kutaa 1. Yaadota Bu'uuraa Barnoota Idileen Duraa

1.1. Seensa

Barnoota idileen duraa keessatti daa'imman umriin waggaa 3-4 keessajiran akkaguddataniificimandeeggarsi umriifi sadarkaa isaanii waliin haala walgitiinsa qabuun taasifamuufii qaba. Daa'imman naannoo isaanii hubachuu kan danda'an qaamota miiraa isaanii fayyadamuun waan ta'eef, sochii adda addaa taasisuudhaan akka taphataniifi naannoo isaanii *sakatta'uu* akka baratan gochuun barbaachisaadha. Meeshaalee naannoo isaanii jiru tuttuquudhaan maalummaa waantootaa akka hubatan, waa'ee tokkummaafi garaagarummaa waantoota addaaddaa gidduu jiru akka hubatan naannoo isaanii sakatta'un yaalii addaaddaa taasisuu akka danda'an naannoo isaanii mijataa taasisuunnibarbaachisa. Kaayyoon oolmaa daa'immanii inni ijoo daa'imman qaamaan, jireenya hawaasummaafi sammuu ijaaruu mana barnootaa idileef qopheessuurratti kan xiyyeeffate ta'uu qaba.

Dhugummaa yaada armaan olitti gabaabinaan taa'e kana biyyoonni hubatan daa'imman umrii waggaa 3-4 gidduu jiraniif sirna barnootaa bocuun safartuuwwan kaa'uun qophaa'ummaa daa'imman barnootaa qaban

fooyyessuun danda'amee jira. Ministeerri barnootaa biyya keenyaas daa'imman umriin isaanii waggaa 3-4 keessa jiran xiyyeeffannoo kennuufiin sirni barnootaa jiraatus wantoota

Kaayyoon ijoo barnoota idileen duraa fayyadamummaa daa'immanii eeguuf akkasumas qaamaa, sammuu, jireenya hawaasummaafi currisaafi gochawwan umrii isaaniitiin iddoo gahuu danda'aniin sadarkaa isaanii cimsuu irra akka gahan deeggaruun daa'imman barnoota idileen duraatiif kan qopheessu ta'uu qaba.

raawwatamuun irraa eegamu sadarkaasirrii ta'een raawwachuu akka danda'an barsiistota deeggaruuf akka danda'amutti kitaabni deeggarsaa kun qophaa'eera.

Kitaabni deeggarsaa kun sirna barnootaa hordofuun yaadrimee shan irratti xiyyeeffannoo gochuun sadarkaa tokkoo tokkoon daa'imman gahumsa irraan gahuu qaban, bu'aa eegamuufi gahumsa akeeka. Kitaabicha haala salphaan itti fayyadamuuf gochalee, kaayyoo, eeruu meeshaalee deeggarsaafi malleen hojiirra ittiin ooluufi mul'istoonni hammachiifameera.

Kanatti dabalee gochawwan madaalaafi gucaawwan madaallii waliigalaa hammatee dhiyaateera.

1.2. Maalummaa Barnoota Idileen Duraa

Barnoonni idileen duraa daa'imman umrii kana keessaatti argaman haala sirrii ta'een kunuunsuufi ofii isaaniifi namoota gurguddoo wajjiin walqunnamtii uumuun hawaasummaa akka gabbifaniif, naannoo isaanii wajjiin akka walbaraniif, fayyaa isaanii akka eeggatan, sadarkaa isaaniitiin of danda'anii gochoota addaddaaraawwachuun dandeettii jireenyaa akka shaakalan gochuun barnoota idileen duraaf dhaabbata isaan qopheessuudha. Mana barnootaa kana keessatti carraa hirmaannaa daa'imman argatan naannoo manaa kanneen oolanirra dammaqina fooyyeefi hirmaannaa gochootaaakka qabaatan amanamaadha. Maatiin tokkoo tokkoo daa'imaatiif bu'uura jireenyaa ta'anis manneen barnootaa wajjiin qindoominaan hojjachuun daa'imman yeroo jalqabaaf mana barnootaa seenan haala salphaan akka walbaraniifi itti fayyadaman gochuun irraa eegama.

Walumaa galatti, daa'imman umrii waggaa 3-4 keessa jiran jireenya sadarkaa itti aanuuf qophaa'uuf murteessaa waan ta'eef hojjiileen hojjatamuu qaban qabxiilee armaan gadii irratti kan xiyyeeffatu ta'uu qaba.

- Gochaalee guddina daa'immanii hundagaleessa ta'erratti xiyyeeffate raawwachuu,
- Naannoo oolmaa isaaniin haala salphaa ta'een akka walbaraniifi itti gammadan gochuuf mijeessuu,
- Sosochii garagaraafi sochii qaamaa xiyyeeffannoon jajjabeessuuf sochiilee bu'uura, dandeettii ofii isaanii seeraan eeggachaa akka baratan haala mijataa uumuu.
- Naannoo isaanii akka adda baafatan, akka hubatan, akka beekaan, qaamolee miiraatti akka fayyadaman haala mijeessuu.
- Of danda'anii akka taphatan, naannoo isaanii akka hubataniifi sakatta'aniif carraa akka argatan gochuu.
- Walqunnamtii naannoo isaanii waliin qabaniin wantoota ilaalcha gaariin akka ilaalan gochuu.
- Hojjiwwan kalaqaa irratti hirmaachuufi miira/wanta itti dhagahamu/ ibsachuuf dandeettii isaanii cimsuu barbaachisa.

1.3. Waa'ee Kunuunsaafi Barnootaa Daa'imman Barnoota Idileen Duraa Ilaalchisee Qabxiilee Irratti Xiyyeeffatamuu Qaban:

1. Daa'imman kana cimsuun kallattii hundaan akka guddatan taasisuun ilaalama. Kunis, guddina qaamaan, sammuun, afaaniin, hawaasummaafi currisaan akkasumas guddina kalaqa isaaniitiin agarsiifama.
2. Daa'imman hunduu waan isaan walfakkeessan jiraatanis, tokkoon tokkoo daa'immanii addaddaa ta'uu isaanii hubachuun barbaachisaadha. Dabalataan, daa'imman kennaa addaafi fedhii addaa qaban jiraachuu akka danda'an beekuun barbaachisaadha.
3. Daa'imman sadarkaalee guddinaa walfakkaatu keessaa kan darban ta'anis tokkoo tokkoo daa'imaaffisa guddina kan mataa isaanii akka qaban hubachuun barbaachisaadha.
4. Daa'imman waa'ee naannoo isaanii hubannoo kan itti argatan qaama miiraatiin fayyadamuun waan ta'eef, qaamolee miiraa isaaniitti akka fayyadaman jajjabeessuun barbaachisaadha.
5. Daa'imman dammaqinaan hirmaannaa taasisuun naannoo isaanii nihubatu, nisakatta'u; wantoota walitti firoomsu; rakkoon yoo uumame warra rakkoo furu ta'uu shaakalu. Kanaafuu, mirgi bilisaan socho'uu kennamuufii qaba.
6. Daa'imman wanta haaraa kan baratan yaaluun, dogoggora ofii sirreessuu waan ta'eef ofdanda'anii gochoota tokko tokko akka raawwatan carraan kennamuufii qaba.
7. Daa'imman karaan isaan ittiin baratan taphaan waan ta'eef, xiyyeeffannoo barbaachisu kennuufiin barbaachisaadha.
8. Daa'imman barnootaan fooyya'aa kan baratan waan dandeettii isaanii wajjiin walsimuufi gocha ofii isaaniitiin uwwisuufi raawwachuu danda'an yoo kenneefiidha.
9. Daa'imman kanneen biroo irraa /naannoo isaanii wajjiin walbaruun isaanii guddinaaf baay'ee barbaachisaa waan ta'eef xiyyeeffannoon kennamuufii qaba.

1.4. Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Gidduu Jiran Amala Isaan Qabaniifi Jijiiramoota Mul'atan

- Umrii kanatti daa'imman sochiifi jabinni qaamaa jajjabaachaafi fooyya'aa waan dhufuuf gochoota tokko tokko ofdanda'anii raawwachuu jalqabu.
- Kanneen biroo wajjiin taphachuu, wantoota qaban waliin qooddachuufi dabaree eeggatanii taphachuu shaakaluu eegaluu.

- Amala daa'imman umriin walqixa ta'an irratti argan fakkeessuunagarsiisuu jalqabu.
- Maaliif? Akkamitti? gaaffilee jedhaman gaafachuu jalqabu.
- Durdurii dhaggeeffachuun itti aansee maaltu uumamuu akka danda'u tilmaamuun yaalii godhu.
- Namoota gurguddoo fedhiidhaan gargaarsa kanneen barbaadaniif gargaarsa gochuuf carraa yoo argatan ofitti amantaafi gammachuutuu itti dhagahama.
- Halluu bu'uuraa addaan nibaafatu.
- Adeemsa haaraa keessattii jechoota ibsaa ta'an itti fayyadamuu eegalu.
- Ergaawwan gaggabaaboo dabarsuu danda'uu
- Gocha tokko irratti yeroo dheeraaf irra turuu akka hindandeenyetu irraa mul'ata.

1.5. Hirmaannaa Maatiin Guddinaafi Barnootaa Daa'immaniiratti

Qaban

Maatiin jalqabbiwwan guddina qaamaa, sammuu, miiraa, hawaasummaafi fedhiidaa'immanii kanneen guutan ta'aniisdabalataan barsiisonni jireenya isaanii irratti jijjiirama kanneenuumaniidha. Barsiisonni mana barnoota idileen duraa daa'imman kunuunsanii guddisuufi barsiisuun barnoota idileefi jireenya isaanii kan itti aanuuf qopheessuuf itti gaafatamummaa yoo qabaatanis itti gaafatamummaa isaanii haala sirriin kanneen bahuudanda'an maatii daa'imman guddisan wajjiin hojjachuun akka ta'e ifaadha.

Maatiinis barsiisota manneen barnootaa idileen duraa wajjiin yoo hojjatan daa'imman barnoota qofaan osoo hintaane gara fuula duraatti jireenya isaaniitiin bu'a qabeessa ta'uu; ofitti amantummaa, waa'ee ofii isaaniitiifi

ilaalchaafi amantaa eyyentaa cimsatu.

Muuxannoo hawaasummaa

hundeeffachuun gammadoo ta'u. Maatiinis

sagantaan manneen barnootaa idileen

duraa wajjiin hanga tokko wal-baru.

Maatiwwan biroo wajjiinis muuxannoo

wal-jijjiiru. Yeroo murteessaa guddina

daa'immanii kana keessatti deeggarsa

barbaachisu gochuufi rakkoonis yoo

uumame furmaata barbaaduufis carraa niargatu.

Qorannoon akka ibsutti maatiis ta'ee guddiftoonni daa'immanii barsiisota manneen barnootaa idileen duraa wajjiin hojii wal-deeggarsaa hojjechuun guyyaa guyyaan sochii daa'immanii irratti hirmaatu yoo ta'e qaamonni sadanuu(Daa'imman, maatiwwaniifi barsiisonni) fayyadamoo ta'u.

Barsiistonni manneen barnootaa idileen duraas maatiiwwan hojii daa'imman guddisuufi barsiisuu irratti isaan maddii taa'anii wal-deeggaruun kan hojjatan yoo ta'an hojiiwwan isaaniitiin bu'a qabeessafi gammadaa ta'u. Waa'ee daa'immanii guddinaafi cimina isaanii odeeffannoo argachuu danda'u; maatii hirmaachisuun yaadaan, beekumsaan, humnaafi meeshaalee addaddaa deeggarsa niargatu.

Kana waan ta'eef, daa'imman umrii daa'imummaa murteessaa kana argachuu kan hindandeenye yeroo ijoo kana haalaan itti fayyadamuuf barsiistota manneen barnootaa idileen duraa kana wajjiin walitti dhufeenya gaarii uummachuun sochii guyyaa guyyaan ijoolleen isaanii taasisan dammaqinaan hirmaannaa gochuun isaan irraa eegama.

Barsiistonni mana barnootaa idileen duraa maatiin guddina daa'imman isaanii sagantaa barnootaa irratti hirmaattota akka ta'an jajjabeessuun daandii itti aananii jiran kana fayyadamuun bu'a qabeessa nita'u.

- Maatiin adeemsa guddinaafi barnootaa irratti hirmaataa ta'uufi ijoolleen isaanii mana barnootaa keessatti gaarii akka ta'aniif fedhii qaban hubachuu;
- Maatiin adeemsa barachuu daa'imman isaanii gargaaruu danda'an wixineessuun hojitti hiikuu (hojii irra oolchuu);
- Sagantaa dhaabbii baasuun maatii wajjiin wal-qunnamtii/waliin marii/ gochuu, yeroo daa'ima geessaniifi fudhatan, karaa walqunnamtii dabtara isaaniitiin, bilbilaafi kanneen kana fakkaatan.
- Tooftaalee addaddaatiin dammaqsinuufi hubannoo ittiin qabsiifnu uumuu (marii garee adeemsisuu, leenjii gaggabaaboo qopheessuufi kanneen kana fakkaatan);
- Maatiin sochii daa'imman isaanii guyyaa guyyaan godhan irratti akka hirmaatan jajjabeessuu (yeroo boqonnaa isaaniitti daa'imman akka taphachiisan; durdurii seenessuufii, bashannanaa akka hubatan gochuufi kanneen kana fakkaatan....)
- Maatiin guyyaa guyyaan ijoollee isaanii wajjiin wal-qunnamtii yeroo qabanitti waan baratan irratti akka mari'atan gochuu,
- Jijjiirammaafi fooyya'iinsa daa'imman guyyaa guyyaan agarsiisan xiyyeeffannoon akka ilaalan gochuu







Daa'imman manneen barnootaa idileen duraa keessatti sagantaalee garagaraa irratti akka gooda fudhatan qajeelchuun akka hirmaatan gochuu; barsiistota manneen barnootaa idileen duraa keessa jiranis ta'u kanneen gubbatti ibsame gaheen maatii olaanaa ta'uu isaati. Kanaafuu, kan gubbatti ibsametti dabalataan daa'ima/ti waa'ee oolmaa guyyaa akka odeessan; manatti yeroo galan waan isaan wajjiin hojjatan/waan itti odeessan/ hojii

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

kennuufiif akka barbaachisaa isaatti waa'ee daa'ima/ttii waliin dubbachuun yeroo mijeessuun maatii wajjiin hojjechuufi haala guddina daa'immanii kallattii sirrii ta'een haala sosoohii isaanii mijeessuu barbaachisa.

1.6. Haala Itti Fayyadama Kitaabaa

Kitaabni deeggarsaa barnootaa kana keessatti bu'aan eegamu, gahumsi, kaayyoon, gochaaleen, eeruun meeshaalee deeggarsaa barnootaafi eeruun malleen hojiirra ittiin ooluu kanneen jedhaman xiyyeeffannoo akka argataniif gurraacha'ee barreeffamee jira. Hiikni gaaleewwan kanneenii itti fayyadamtoota barsiistotaa manneen barnootaa idileen duraa barsiisan biratti beekamuutu irraa eegama.

Mallattoolee	Gaaleewwan Fayyadamtoonni Beekuu Qaban
	Bu'aawwan eegaman: Daa'imman sadarkaalee ga'umsaa tarreeffamanirra yommuu ga'an jijjiiramoota amalaa isaanirratti mul'achuu qabaniidha.
	Ga'umsa: Daa'imman gochootagaragaraa raawwachuun sadarkaalee ga'umsaa irra ga'uu qaban agarsiisa.
	Gocha: Gochoota wayitii (lesson plan) tokko keessatti raawwatamuuf karoofaman ciroo/ gaalee akka matadureetti taa'udha. Gochoonni kunniinis wayitii tokko keessatti kan raawwatamaniifi walitti fufiinsa kan qaban yammuu ta'u akka barbaachisummaa isaaniitti irra deddeebi'amuun wayitii hedduu keessatti raawwatamuu danda'u.
	Kaayyoo: Kaayyoo jechuun gochoonni erga raawwatamanii booda yookiin wayitiin tokko erga xumurameen booda wantoota daa'imman argatan yookiin irra ga'uu danda'an kan ilaaluudha. Karoorri barannoo akka kaayyootti tajaajiluu nidanda'a.
	Meeshaalee Deeggarsa Barnoota: Daa'imman ga'umsa barbaadamurra akka ga'an gochuufi gochoota raawwataman deeggaruuf meeshaalee hojiirra oolan kan ilaallatudha. Meeshaaleen kunniinis akaakuu gocha raawwatamuu, umrii daa'immanii, haala qabatama naannoorratti hundaa'uun addadda ta'uu nidanda'u. Dabalataanis, kan barsiistonni beekuu qaban meeshaalee kitaaba kana keessatti maqaa dhahaman qofa osoo hintaane meeshaalee biroo matadureen walqabatan fayyadamuun nidanda'ama.
	Malleen Raawwii : yaadonna (gochoonni) mataduree kana jala taa'an akka ka'umsaatti kan fayyadan malee hojiitti jijjiirruuf barsiisonni karoora qopheeffachuun, miira daa'immanii hubachuufi karaa barumsa wayitii sanaa ittiin dabarsaniifi dhumarratti mala guduunfaa itti dabaluun itti fayyadamuu qabu.


Yaada bu'uuraa barnoota idileen duraa

Mallattoolee	Gaaleewwan Fayyadamtoonni Beekuu Qaban
<input checked="" type="checkbox"/>	<p>Madaallii (Assessment): Daa'imman adeemsa gochoota tokkoo tokkoo ga'umsa jala jiran raawwachuufi raawwii booda sadarkaa irra ga'an madaalaaf kan gargaaruudha.</p>
	<p>UnkaDaawwannaa Ittiin Gaggeessan: Kitaaba deeggarsaa kana keessatti dhuma kallattiiwwan guddinaa yookiin dhuma matadureewwaniirratti unki daawwannaa ittiin gaggeessan taa'ee jira. Unki kun waggaa keessatti yeroo sadii (jalqaba waggaa, walakkaa waggaafi dhuma waggaarratti) guutamuu qaba. Ta'us daa'imman sagantaa barnoota idileen duraarratti argaman kan madaalaman madaallii walitti fufaan ta'ee madaallichis guyyaa guyyaan, torban torbaniifi dhuma ji'aarratti gaggeeffamuu qaba. Madaalliin walitti fufan mana barnootaa idileen duraa keessatti gaggeeffamu jijjiiramoota guddina qaamaa, sammuu, hawaasummaafi currisaa yeroo yeroon daa'immanirratti mul'atu hordofuun madaalaadha malee madaallii qorumsa waraqaan akka hintaane maatiinis ta'e barsiisonni hubachuun baay'ee barbaachisaadha.</p> <p>Kitaaba deeggarsaa kana keessatti unki madaalli dhuma tokko tokko matadureerratti taa'ee kan guduunfaa ta'uu isaa barsiisonni hubachuudhaan jijjiirama guddinaa daa'immanii yeroo yeroon hordofuufi madaalaa kan qaban yommuu ta'u, dabalataanis saamuda madaallii dabaleerra taa'eefi eeruwwan madaallii silabasi barnootarra taa'ee fayyadamuun nidanda'ama.</p>
	<p>Faaruuwwaniifi Sheekkoowwan: tokkoo tokkoo gochaa jalatti faaruwwaniifi sheekkoowwan eeraman dhuma kitaabaa kanarratti dabalee ta'ee dhiyaatee jira.</p>

1.7. Karoora Barnootaafi Guddisa Daa'immanii

Mana barnoota idileen duraa keessatti hojii karoora barnootaafi guddisa daa'immanii akaakuu sadiitu karoorfama. Isaanis, karoora guyyaa, kan ji'aafi kan waggaati. Karoorri barannoos (lesson plan) karoora guyyaa wajjiin dabalata ta'ee qophaa'a.

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif



Gucni karoora guyyaa bo'olee afur kan qabu yommuu ta'u, kan jalqabaa sa'aatii/yeroo, lammaffaan qabiyyee hojii guyyaa, sadaffaan adeemsa raawwii, afraffaan kanneen sirrachuu qaban jechuunis adeemsa raawwii keessatti rakkoo muudateefi wantoota sirrachuu qaban kan keessatti tarreeffamaniidha. Karoorri guyyaa guyyaan maaltu raawwatamuu akka qabu, wanti karoorfame akkamitti akka raawwatameefi daa'immanirratti jijjiirama akkamii akka dhufe, rakkoon yeroon hinhiikamiin yoo jiraate gara fuulduraatti haala itti sirrachuu danda'urratti eeruu kan kennu waan ta'eef jijjiirama daa'imanirratti mul'atu guyyaa guyyaan hordofuufi rakkoo jiru hir'isuuf waan fayyaduuf baay'ee barbaachisaadha.

Qophii Raawwii Wayitii Barnootaa-Karoorri akkasii kun karoora barannoo jedhamee kan beekamu yommuu ta'u sagantaalee guyyaa guyyaan raawwatamaniif kan qophaa'udha. Karoorichis guddinaafi dagaagina daa'immaniirratti kan xiyyeeffatuufi qabxiwwan ijoo ta'an kan eeru ta'uu qaba.

Qophiin Wayitii Barnootaa/ karoorri barannoo guca armaan gadii kanakanhordofudha:

Guyyaa	
Garee	
Sagantaa	
Yaada Bu'uuraa	

Yaada bu'uuraa barnoota idileen duraa

Gahumsa	
Mataduree	
Kaayyoo- Daa'imman barumsa/tapha kana booda:	
1. _____ 2. _____ 3. _____	
Meeshaalee Deeggarsa Barnootaa	
Malleen baruu barsiisuu	
Adeemsa sagantichaa	

Gocha barsiisaa	Yeroo	Gocha daa'ima

Guyyaa, Garee, Qabxiifi Mataduree: Kan fudhatamu karoora guyyaaf qophaa'e keessaa yommuu ta'u karoorri wayitii barnootaa (karoorri barannoo) daa'ima umrii kamirra akka jiru akka beekamuufidha.

Gahumsa: Kan fudhatamu karoora waggaarraa yommuu ta'u sadarkaa jijjiiramaa daa'imman irra gahuu qabankan agarsiisudha.

Kaayyoo: Wayitii barnootaatti daa'imman hirmaachisuun erga raawwatamee booda jijjiirama daa'imman agarsiisan yommuu ta'u kaayyoon yommuu wixineeffamu wayitii barnootaa tokko keessatti akka raawwatamuu danda'anitti yaadamee qophaa'uu qaba. Mataduree wajjiin kan walsiman ta'uufi ta'uu dhiisuu isaanii xiyyeeffannaan kan itti kennamuufi humna da'immaniin raawwatamuu kan danda'an, haala qabatamaa naannoo wajjiin walsimee hojjatamuu kan danda'u, madaalamuu kan danda'uufi sirrummaafi ifa ta'uun isaanii mirkanaa'uun qophaa'uu qabu. Karoorri lakkoofsaan adda bahanii yoo taa'an raawwiif mijatoo ta'u.

Meeshaalee Deeggarsaa: Meeshaaleen deeggarsaa mataduricha sadarkaa guddina daa'immaniin haala salphaa ta'een hirmaachisuu, bashannansiisuufi gammachiisuu danda'aniin raawwachuu akka danda'amu kan filannu yommuu ta'u wantoota naannootti

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

argamanirraa haala salphaa ta'een argamuu danda'anirraa kan qophaa'an yoo ta'e filatamaadha.

Malleen Baruu-barsiisuu: Kaayyoowwan keenya raawwachuuf tooftaalee itti fayyadamnu yommuu ta'u sadarkaafi umrii daa'immanii, kaayyoofi mataduree wayitii barnootaa ilaalcha keessa galchuun kan filatamu ta'uu qaba. Malleen karoora wayitii barnootaa (karoora barannoo) yommuu filataman haala ifa ta'een akkamitti akka itti fayyadamnu bifa eeruun yoo ta'e nama barnooticha dhiyeessuuf gaarii ta'a.

Adeemsa Raawwii Sagantichaa: Sagantichi akkamitti akka eegalu, kaayyoowwan akkamitti akka raawwataman, sagantichi akkamitti akka guduunfamuufi gochi barsiistotaafi gochi daa'immanii yeroo hammamii akka fudhatu kana keessa kan taa'u ta'a.

Daa'imman barattoota osoo hintaane barattoota ta'uuf kan qophaa'an ta'uun nibeekama. Kanaafuu, sagantaan kamiyyuu gocha daa'imman waabeekuuf taasisan jajjabeessu, odeeffannoo kan qabsiisuufi dandeettii kan shaakalsiisu ta'uu qaba. Kana milkeessuun kan danda'amu karoora qopheessuun waan ta'eef hojicha raawwachuuf karooraaf iddoo guddaa kennuu qabna.

Kutaa 2: Kallattiiwwan Dagaaginaafi Eeruu Malleen Raawwii

2.1. Guddina Sirriifi Jabina Qaamaatiif Kunuunsa Barbaachisu Gochuu

2.1.1. Ibsa

Guddinniifi dagaaginni daa'immanii kaneevalu yeroo garaa haadhaa keessatti kalaqamanii jalqabee yoo ta'u kunuunsi yeroo kanarraa jalqabee xiyyeeffannoo argachuu qaba. Qaamaan guddachuufi dagaaguun hanga qaamaa dabaluu, jabinni, qindoominni sochii kan agarsiisu guddinni maashaalee mul'ataniif hinmul'anne guddisuuf iddoo olaanaa kan kennamuufiidha.

Daa'imman nyaata madaalawaa nyaachisuufi fayyaa isaanii eeguun guddinaafi dagaagina qaamaaf bu'uuradha. Daa'imman kichuun sosochiiwwan bu'uuraa yeroo barbaadamu keessatti raawwachuun barbaachisaadha. Sochiin qaamaa karooraafi sagantaan kan deeggarame ta'ee kunuunsa sosochii qaamaaf barbaachisu godhaman bilchina sammuu daa'immaniitiif bu'aanibuusa. Fakkeenyaaf, daa'imman qaamni isaanii jabaate, naannoowwan isaanii sakatta'uu, beekuufi hubachuuf fedhiin isaanii nidabala. Hawaasummaan isaanis dabaluu bu'aan inni buusu olaanaadha. Itti fufuunis, kanneen biroo wajjiin waliigalanii taphachuu, ofeeganiifi waliigalanii sosocho'uu, ofitti amantummaa, cimina qaamaafi fayyummaa fa'aadha. Kanaafuu, guddinni sirriifi jabinni qaamaa akka mirkanaa'uuf giddu galli kunuunsa sirrii ta'e gochuu qaba. Kunis, manneen barnootaa idileen duraa qofa osoo hintaane mana keessatti xiyyeeffannoon akka itti kennamu maatii wajjiin hojjechuun barbaachisaadha.

2.1.2. Kaayyoowwan Waliigalaa

1. Of beekuu, kutaalee nafaafigochaalee isaanii adda baafachuu, kanneen biroo wajjiin waliigalaniifi wal-deeggaranii taphachuu akka danda'an gahumsa isaanii cimsuu,
2. Qaamolee miiraa akka adda baafataniifi qaama isaanii akka eeggatan/kunuunsa fedhiifidandeettii akka qabaatan gochuu,
3. Maashaalee mul'ataniifi hinmul'anne cimsuufi gochaalee garagaraa raawwachuuf bilisaan kalaqa isaanii ibsachuuf gahumsa akka qabaatan gochuuf,

2.1.3. Bu'aalefi Gahumsawwan Eegaman

1. Ofhubachuu, ofitti amanuufi miira of kabajuu qabaachuu;
 - 1.1. Maqaa, umriifi koornaayaa isaanii himuu nidanda'u.
 - 1.2. Hiriyyaa haaraa horachuufi wal-jaalachuu nidanda'u.
2. Kutaalee nafaa adda baafachuufi himuu,
 - 2.1. Kutaalee nafaa waamuu nidanda'u.
 - 2.2. Kutaalee nafa namaa wantootaisaan raawwataniin dubbachuu danda'u.
3. Ija isaanii kunuunsuu
 - 3.1. Ija isaanii kunuunfachuu nidanda'u
4. Gurra kunuunsuu
 - 4.1. Gurra isaanii kunuunfachuu nidanda'u
5. Qaama miiraa ittiin fuunfatan(funyaan)itti fayyadamuufi kunuunsuu;
 - 5.1. Fuunfachuun foolii wantootaa addaan baafachuu nidanda'u
6. Qaama miiraa ittiin dhandhaman itti fayyadamuufi kunuunsuu
 - 6.1. Sooratagaragaraa dhandhamuun adda baasuun himuu nidanda'u
 - 6.2. Afaan isaanii of eegannoon kunuunsuu nidanda'u
7. Qaqqabuudhaanwantootaafi haalota ibsuu
 - 7.1. Ho'a adda baasuufi tuttuquudhaan miira itti dhaga'ame ibsuu nidanda'u
8. Fayyaa ofii eeggachuufi seera nyaataa shaakaluu
 - 8.1. Seera nyaataa nishaakalu
9. Nafa seeraan qabachuufi kunuunsuu
 - 9.1. Nafa isaanii seeraan qabachuufi kunuunsanii qabachuu nishaakalu
10. Maashaalee mul'atoofi dhokattoo (guguddaafi sasalphaa) fayyadamuu
 - 10.1. Kutaalee nafaa isaanii dalagaa adda addaaf fayyadamuu nidanda'u.
11. Naannoo of danda'anii ibsuu
 - 11.1. Nafa isaanii fayyadamuun yaada isaanii ni ibsu.

2.1.4 Bu'aalee Eegaman, Gahumsaawwan, Eeruu Meeshaalee Deeggarsaatiifi Malleen

Hojiirra Ittiin Oolu

Bu'aalee eegaman	Gahumsa
1. Miira of-hubachuu, ofitti amanuufi of-kabajuu qabaachuu;	1.1. Maqaa, umriifi koornaayaa isaanii himuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Of-beeksisuu



Kaayyoo: Daa'imman maqaa, umriifi koornaayaa isaanii dubbachuun dandeetti of beeksisuunicimsatu



Meeshaalee Deeggarsaa: Suuraalee daa'immanii, kollaa ittiin maxxansan, waraqaa



furdaafi bal'aa, intalashee fi kanneen biroo,

Mala Raawwii:

- Barsiisaan bakka mul'atu dhaabbachuun daa'immanitti of beeksisuu
- Itti aansuun, intalashee kan dubbattu fakkeessuun of akka beeksiftu gochuu;
- Daa'imman dabaree dabareen olka'uun hiriyoota isaanii fuuldura dhaabbachuun suuraa isaanii waraqaa guddaarratti maxxanfamee jiru agarsiisaa maqaa isaanii, umriifi koornaayaa isaanii akka dubbatan gochuu
- Daa'imman dubbachuu rakkatan maqaa isaanii yaadachiisuun akka dubbatan kakasuufi gargaaruu
- Faaruu "*Ani mucaa xiqqaadha*" jedhu intalasheef akka faarfatan kakaasuu;

Madaallii: Maqaa, umriifi koornaayaa isaanii himachuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Lama: Koornaayaan wal-ramaduun taphachuu



Kaayyoo: Koornayaan adda qoodamanii nitaphatu.




Mala Raawwii:

- Daa'imman kutaan ala gara dirreetti baasuun koornaayaan adda qooduun harka walqabatanii akka dhaabbatan gochuu;
 - Daa'imman of danda'anii koornaayaan walramadanii dhaabbachuu isaanii ilaaluun kanneen deeggarsa barbaadan deeggaruu



Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Tapha sochii qaamaa ‘...gommaa xiqqaan/ gommaa guddaan ninaanna’e’ jechaa warrii dhiirotaa yookiin shammarranii gommaa xiqqaa yookiin guddaa ta’anii akka taphatan gochuu



Madaallii: Ofii isaanii koornayaan walqoodanii taphachuu isaanii hordofuun madaalaa.

Bu'aalee eegamu	Gahumsa
1. Ofhubachuu, ofitti amanuufi miira of kabajuu qabaachuu;	1.2. Hiriyyaa haaraa horachuufi walfiroomfachuu nidanda'u.

Gocha tokko: Hiriyyaa haara baafachuu



Kaayyoo: Hiriyyaa haaraan wal-baruufi walitti michoomuu jalqabu.



Mala Raawwii:

- Tapha, “*Harka walqabannee naannofna*” jedhamu gochaalee garagaraatiin daa'imman walitti dhiyaatan harka walqabataniif akka taphatan gochuu,
- Daa'imman biroo waliin akka walbaran gochuun hiriyyaa biroo akka baafatan gochuu

- Iddoo wal-jijjiiruun kanneen biroo wajjiin walqabataniif faarfachaa akka taphatan gochuu,



Madaallii: Hiriyyaa haaraan walbaruufi walfiroomfachuu jalqabuu isaanii ilaaluun madaalaa.

Gocha Lama: Hiriyyaa adda baafachuu



Kaayyoo: Hiriyyoota isaanii maqaafi bifaan adda nibaafatu



Mala Raawwii:

- Taphoota sosochiilee garagaraa qaban (shaashii gurraattii, magariisa, ...) taphachiisuu,
- Hiriyyoota kutaa isaanii keessatti wajjiin taphatan eenyu eenyu akka ta'an maqaa isaanii akka dubbataniifi quba itti qabanii agarsiisuu akka danda'an gochuu,

Fkn: Maqaa waamuu, yoo hindandeenye kanneen qubaan mul'ifaman maqaa isaanii akka himataniifi harka walfuudhan jajjabeessuu,



Madaallii: Hiriyyoota isaanii maqaafi bifaan adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.

Gocha Sadii: Fakkii hiriyyaa isaanii halluu dibuu



Kaayyoo: Fakkii hiriyyaa isaanii halluu dibuun waa'ee hiriyyaa isaanii waan beekan himuu niyaalu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkii daa'ima waraqaarratti kaafame, qubeessaa abbaa halluu



Mala Raawwii:

- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif waraqaa fakkii daa'ima qabu kennuudhaan halluu akka diban gochuu;

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Erga dibanii xumuranii boodas fakkichi kan hiriyyaa isaanii kan eenyuu akka ta'e gaafachuun mariisisuu;
- Waa'ee hiriyyoota isaanii gaaffii addaddaa gaafachuun akka dubbatan jajjabeessuu
- Dhumarrattis maqaa daa'imichaa barreessuun bakka mul'atutti maxxansuu

Yaadannoo: Osoo fakkii daa'ima itti hinkenniin dura hiriyyaan isaanii dhiira yookiin dubara ta'uu gaafachuun dubara yoo taate fakkii dubaraa, dhiira yoo ta'e fakkii dhiiraa itti kennuun barbaachisaadha.



Madaallii: Fakkii hiriyyaa isaanii halluu dibuu isaaniifi waa'ee hiriyyaa isaanii waan beekan dubbachuuf yaaluu isaanii yommuu halluu diban ilaaluufi yommuu dubbatan dhaggeeffachuun madaalaa.

Bu'aa eegamu	Gahumsa
2. Kutaalee nafaa adda baasuufi dalagaa isaanii himuu	2.1 Kutaalee nafaa waamuu nidanda'u

Gocha Tokko: Kutaalee nafaa adda baasuu;



Kaayyoo: Maqaa kutaalee nafaa isaanii warra ijoo ta'an niwaamu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Intalasheefi fakkii daa'ima qaama guutuu agarsiisu



Mala Raawwii:

- Kutaalee nafaa beeksisuufi intalashee dubbataa fakkeessanii maqaa, umriifi koornayaa ishee dubbataa akka wal-baran gochuu;
- Kutaalee nafaajoo ta'an dabaree dabareen mul'isaa maqaa ittiin beekaman akka waamtu gochuu;
- Kutaa nafaa tokko mul'isuun maqaa yeroo waamtu, isaanis kan ofii isaanii mul'isuun maqaa akka waaman taasisuu;
- Daa'imman dabaree dabareen kutaalee nafaajoo ta'an mul'isuun akka waaman gochuu;

- Fakkii keenyan manaarratti fannifame fayyadamuun kutaalee nafaa akka adda baasan gochuu;

Yaadannoo: Daa'imman hunduu kutaalee nafaa mul'isuun waamuu akka danda'an jajjabeessuu,



Madaallii: Kutaalee nafaa waamaman mul'isuufi maqaa waamuu isaanii ilaaluufi yeroo himan xiyyeeffannoo itti kennanii dhaggeeffachuun madaa.

Gocha Lama: Kutaalee nafaa waamuu;



Kaayyoo: Kutaalee nafaajoo ta'an maqaa niwaamu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Suuraa daa'immanii guddaa halluu mul'atuun kutaalee nafaa mul'isuun dhiyaate,



Mala Raawwii:

- Fakkii kutaalee nafaa mul'isu fayyadamuun fakkii akka ilaalanii kutaalee qaamaajoo ta'an akka waaman gochuu;
- Fuuldura dhaabbachuun kutaalee nafaa keenyaa mul'isuun maal akka ta'an maqaa isaa akka dubbatan gochuu;
- Daa'imman dabaree dabareen ka'anii hiriyoota isaanii fuuldura dhaabbachuun kutaalee nafaa garagaraa tuquun kutaalee qaamaa waamuu akka danda'an shaakalchiisuu;



Madaallii: Daa'imman kutaalee nafaa gaafataman maqaa sirrii ta'een dubbachuuf yeroo dubbatan dhaggeeffachuun madaalaa.

Gocha Sadii: Pazilii kutaalee nafaa walqabsiisuu



Kaayyoo: Pazilii kutaalee nafaa walqabsiisu.



Meeshaalee deeggarsaa: Paziliiboca namaa qabu kan walitti galu



Mala Raawwii:

- Pazilii boca namaa qabu walqabsiisuun hojjatamu qopheessuu
- Kan walqabatee jiru fuuldura daa'immaniitti addaan babaasuufi walqabsiisuun daa'immanitti agarsiisuu
- Kan addaan baba'e daa'imman akka walqabsiisan gochuu
- Daa'imman dhuunfaan yookiin gareen kutaalee nafaa addaddaaidoo isaatti akka galchan gochuu
- Yoo isaan rakkatan fuulcha kennuun deeggaruu

Fakkeenyaaf: Harki yookiin miilli bakka kam jira jedhanii gaafachuu

Yaadannoo: Kutaalee nafaa akka walqabsiisaniif daa'immaniif kan kennamu sadii yookiin afur kan hincaalleefi kutaalee nafaa ijoo ta'an kan qabatan ta'uu qabu.



Madaallii: Yommuu isaan walqabsiisan hordofuun bakka kutaaleen nafaa itti argaman adda baasuun walqabsiisuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhuf madaalaa.

Gocha Afur: Boca kutaalee nafaa namaa adda baafachuufi



Kaayyoo: Boca kutaalee nafaa namaa addaan baasuun bakka sirrii ta'etti nimaxxansu.



Meeshaalee Deeggarsaa: boca kutaalee nafa namaa, koollaa, waraqaa suuraa fuula namaaqabu



Mala Raawwii:

- Boca kutaalee nafaa namaa garagaraa qaban waraqaa halluu qaburratti kutanii baasuun tokkoo tokkoo daa'immaniif kennuu;
- Fakkii fuula waraqaa adii irratti ka'ee jiru irratti akka maxxansan gochuu;
- Wantoonni maxxanfaman maal akka ta'an gaafachuun sirrii ta'uufi ta'uu dhabuu isaanii hiriyyoota isaanii gaafachuu;

- Kan daa'imman maxxansan cinatti fakkii qaama nafaa guutuu qabu kutaa keessatti bakka mul'atutti maxxansuu;



Madaallii: Boca kutaalee nafa namaa adda baafachuu danda'uu isaaniifi bakka sirrii ta'etti maxxansuu isaanii ilaaluun mirkaneeffadhaa.

Gocha Shan: Kutaalee nafaa tarreessuufi taphaan adda baafachuu



Kaayyoo: Kutaalee nafaa isaaniifaarfachaafi taphachaa addaan nibaafatu.



Mala Raawwii:

- Faaruu "Harki keenya kami?" jedhu faarfachuu ,
- Dabareen kutaalee nafa adda baafachuuun faaruudhaan akka adda baafatan gochuu; **Fakkeenyaaf:** Barsiisaan harki keenya kami? yeroo jedhan " kana harki keenya" jechuun harka isaanii agarsiisaa yeedaloon akka dubbatan gochuu, Gurri keenya isa kami? Gurri keenya kana, fi Kanneen kana fakkaatankutaalee nafaagaragaraa tuqaman dubbadhaa jechaa tapha taphachiisuu;
- Tapha " Magariisa, magariisa' jedhamuun tapha taphatamu hordofuun barsiisaan kutaalee qaamaa inni waamu tuquun akka taphatan qajeelchuu, **Fakkeenyaaf;** faaruu "Magariisa magariisa" jedhuun jecha qajeelfachuufi barsiisaan funyaan jennaan iddoo jiranitti dhaabbachuun funyaan tuquu, haala kanaan ijoolleen kutaalee nafaa ijoo ta'an tuquun akka adda baafatanitti taphachiisuu.



Madaallii: Adeemsa faaruufi taphaa kana keessatti kutaalee qaamaa adda baafachuu isaanii ilaaluun madaalaa,

Bu'aa eegamu	Gahumsa
2. Kutaalee nafaa adda baasuufi gochaalee isaanii himuu	2.2 . Kutaalee nafa namaa wantoota isaan raawwataniin dubbachuu danda'u

Gocha Tokko: Gochaalee kutaalee nafa namaa adda baasuu



Kaayyoo:Gochaalee kutaalee nafa namaa adda nibaafatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Intalashee



Mala Raawwii:

- Intalashee dubbataa fakkeessanii kutaalee nafa ishee dabareen mul'isaa kutaalee nafaa garagaraa gochaalee isaan raawwatan akka itti himtu taasisuu;
- Intalashee kutaa nafaa tokko mul'isuun maqaa waamuun gaheen hojii isaanii maal akka ta'e akka gaafattu gochuu;
- Isaanis kan ofii mul'isuun kutaalee nafaagochaalee maal akka raawwatan dubbachuu akka danda'an gochuu;Fakkeenyaaf,Daa'imman kutaalee nafaa isaanii fayyadamuun dalagaalee addaddaa ittiin raawwatan akka dubbatan gochuun barbaachisaadha.



Madaallii: Kutaalee qaama nafaagaragaraagochaalee maal akka raawwatan beekuun himuu akka danda'an xiyyeeffannoon dhaggeeffachuun mirkaneeffadhu.

Gocha Lama:Gochaalee kutaalee nafa namaa himuu



Kaayyoo:Gochaalee kutaalee qaama namaa nihimu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkii abba halluu kutaalee nafaaddaddaaihsu, kaasseettii faaruu,



Mala Raawwii:

- Faaruu "*Maaliin maal goona?*" jedhu fayyadamuun kutaalee qaama isaanii agarsiisaa akka faarfatan gochuu;
- Fakkii kutaalee nafa namaa itti agarsiisuun 'ija keenyaan maal goona? Funyaan keenyaan maal goona? Miila keenyaan maal goona?' fi Kanneen kana fakkaatan

jedhu fayyadamaa kutaalee qaama namaa adda baafachuufi waamuu akka danda'an shaakalchiisuu.

- Faaruu keessatti dalagaalee kutaalee nafaa waaman ilaalchisee gaaffii addaddaagaafachuun mariisisuu



Madaallii: Kutaaleen nafa namaa wantoota raawwatan adda baafachuufi himuu danda'uun, gaaffii gaafataman faaruun deebii yoo kennan xiyyeeffannoo itti kennundhaggeeffachaa madaalaa.

Gocha Sadii: Boca kutaalee nafaa namaa hojjachuufi gochaalee isaanii himuu



Kaayyoo: Wantoota garagaraa boca qaamolee nafa namaa fakkeessanii hojjachuun gochaalee isaanii addaan nibaafatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Dhoqqee, waraqaa bukeeffame, cirrachaafi Kanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

- Daa'immaniif kutaalee nafaa dhoqqeerraa yookiin waraqaa bukeeffamerraa hojjatame itti agarsiisuun maal akka ta'eefi dalagaa maaliif akka itti fayyadaman gaafachuun dadammaqsuu
- Minjaala isaanii laastikiin akka haguugan gochuufi harka shurraabii isaanii akka ol dachaafatan gochuu
- Tokkoo tokko isaaniif dhoqqee yookiin waraqaa bukeeffame kennuun kutaalee nafaa addaddaaakka hojjatan gochuu, yoo hindandeenye deeggarsa gochuufii;
- Yommuu xumuranis kutaalee nafaa hojjatan hiriyoota isaaniitti akka agarsiisaniifi dalagaa isaanii akka dubbatan gochuu;
- Hojjiwwan daa'immanii dinqisiifachuufi yeroo murtaa'eef akka mul'atuuf fuuldura kaa'uu;
- Dhumarrattis, naannawa isaanii akka qulqulleessaniifi harka isaanii saamunaafi bishaaniin akka dhiqatan gochuu;

Yaadannoo: Gocha kana boolla cirrachaa dareen ala jiru fayyadamuun raawwachuun

nidanda'ama.



Madaallii: Bocaawwan nafaa hojjachuun gochaalee isaanii dubbachuu danda'uu isaaniimirkaneeffadhaa.

Bu'aa eegamu	Gahumsaa
3. Ija isaanii kunuunsuu	3.1 Ija isaanii kunuunsuu nidanda'u

Gocha Tokko: Faayidaa ijaa himuu,



Kaayyoo: Faayidaa ijaa nihimu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkii ijaa, Intalashee/Ashaangullitii ijji ishee gurguddaa ta'ee mul'atu kan qabdu.



Mala Raawwii:

- Intalashee gara daa'immanii dhiheessuun akka isaan ilaalaa jirtu itti himuu;
- Intalashee maaliin akka isaan ilaalaa jirtuufi isaanis maaliin akka ilaalaa jiran gaafachuu;
- Daa'immanis kan danda'aniin ijaan akka ta'e akka hubatan gochuu;
- Ija isaanii akka cufatan gochuufi yeroo cufatan wantoota naannoo isaanii arguufi arguu dhiisuu isaanii gaafachuun mariisisuu;
- Deebii isaanii bu'uura godhachuun ijji ilaaluuf akka nufayyadaniifi ija isaanii yoo dhoksan yookiin cufatan arguu akka hindandeenye hubachiisuu;
- Irra deebiin gochaan harka isaanii ijarra kaa'uufi cufachuun akka mirkaneeffatan gochuu;



Madaallii: Gaaffilee garagaraa gaafachuun faayidaa ijaa hubachuu isaanii yeroo himan dhaggeeffachuun mirkaneeffadhaa.

Gocha Lama: Boca ijaa adda baafachuufi halluu dibuu



Kaayyoo: Boca ijaa addaan ni baafatu; haala sirrii ta'een halluu nidibu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Waraqa boca garagaraan mummurame (piraamiidii, geengoo, rogsadee, rogafree), fakkiiwwan ijaa waraqaarratti kaafame, qubeessaa abbaa halluu



Mala Raawwii:

- Fakkiiwwan addaddaaminjaala isaaniirratti raabsuudhaan fakkii isa kamtu fakkii ijaa sirrii akka adda baasan gaafachuu;
- Fakkii adda baasan akka agarsiisan gochuufi gareen dogoggore yoo jiraate deeggaruu;
- Fakkiin ijaa piraamiidiifi keessi isaa adii, walakkaan gurraacha akka ta'e ibsuufii;
- Barsiisaanis fakkii ijaa guddifamee kaafame itti agarsiisuun 'kun maali?' yommuu jedhu isaanis wal faana 'kun boca ijaati' jechuun akka dubbatan gochuu;
- Tokkoo tokkoo isaaniif fakkii ijaa sirriitti hojjatame kennuudhaan kutaa isa gidduu jiru qofa halluu gurraacha akka diban gochuu;
- Yommuu isaan xumuranis kutaa keessatti maxxansuu;



Madaallii: Hundi isaanii boca ijaa addaan baafachuufi haala sirrii ta'een halluu dibuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.

Gocha Sadii: Wantootaa ija miidhan irraa eeguu.



Kaayyoo: Wantootaa ija miidhuu danda'an irraa eeggachuu shaakalu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkii ijaa, fakkii wantootaa ija miidhanii



Mala Raawwii:

- "Ijoollee! Isin keessaa kan ijji dhukkubee beeku jiraa?" jechuun gaafachuu;

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Deebii isaanii bu'uura godhachuun wantoota ija keenya miidhuu yookiin dhukkubsuu danda'an akka itti aanutti hubachiisuu;
 - Harka isaanii osoo hindhiqanne ija isaanii tuquu yookiin riguu akka irra hinjirre,
 - Ifa cimaa yookiin wanta balaqqeessa'u ilaaluu akka hinqabne,
 - Dhukkeen daaraa yeroo ka'u ija isaanii harka isaaniitiin golguu,
 - Ifni cimaan yoo jiraate ija isaanii cufachuu(dunuunfachuu);
 - Titisni ija isaanii irra akka hinteenye dhowwuu;
 - TV yeroo dheeraaf itti dhiyaatanii ilaaluu akka hinqabneefi kanneen kana fakkaatan... hubachiisuu.
- Moggaasa “Dhukkeen” jedhuun sochiin ‘magariisa’ kan jedhamu tapha sosochii akka itti aanutti taphachiisuu:
 - ✓ ‘Dhukkeen deeme, dhukkeen deeme’ yeroo jedhamu sosocho’uu(ol, ol utaaluu) jechuu;
 - ✓ ‘Dhukkeen dhufe ‘yeroo jedhamu dhaabbatanii harkaan ijarraa dhoowwuu;
 - ✓ ‘Tittisni fuula keenyarra taa’e’ yoo jedhan harkaan “ishii” jechuun ari’uu,
- Bifa kanaan tapha wantoota ija miidhanirraa eeggachuu shaakalchiisuu.



Madaallii: Wantoota ija miidhuu danda'an beekuu danda'uufi hindandeenye gaaffilee gaafachuufi yeroo taphatan ilaaluun madaalaa.

Gocha Afur: Ija kunuunsuu



Kaayyoo: Fuula isaanii dhiqachuun ija isaanii kunuunsuu nidanda'u.



Meeshaalee Deeggarsaa: kubbaayyaa bishaanii, saanii itti dhiqatan, bishaan, foomaa qulqulluu.



Mala Raawwii:

- Ganama yeroo hirribaa ka'an fuula isaanii eenyu akka isaanii dhiquufi maaliif akka dhiqatan gaafachuun mari'achiisuu;
- Barsiisaan dura harka isaanii lamaan bishaaniifi saamunaan dhiqachuu, itti aansuun bishaan qofaan fuula dhiqachuun agarsiisuu,

- Daa'imman haaluma arganiin dabaree dabareen dursa bishaaniifi saamunaan harka isaanii lamaan dhiqachuu, itti aansuun fuula isaanii bishaaniin akka dhiqatan gochuu,



Madaallii: Fuula isaanii dhiqachuun ija isaanii kunuunfachuu danda'uu isaanii hordofaa.

Bu'aa eegamu	Gahumsa
4. Gurra isaanii kunuunfachuu	4.1. Gurra isaanii kunuunfachuu nidanda'u

Gocha Tokko: Fakkii gurraa halluu dibuu



Kaayyoo: Fakkii gurraa fakkii nidibu; akkasumas maalummaa fakkii dibanii nihimu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkii/suuraa gurraa gugurdatee kaafamee jiru;



Mala Raawwii:

- Daa'imman fakkii/suuraa gurraa sirritti arguu danda'an itti agarsiisuun maal akka ta'e gaafachuu;
- Fakkii gubbatti ibsame daa'imman hunduu dhiyeenyatti akka argan taasisuu;
- Fakkii irratti argan kan fakkaatu qaama nafaa irraa qabduu yookiin hinqabdani? jechuun gaafachuu;
- Deebii isaanii bu'uura godhachuun gurra lamaan harka isaaniitiin lamaan tuquun 'Isaan kun gurra kooti' jechuun akka himan jajjabeessuu;
- Hiriyyoota isaanii isaan cinaa taa'an ilaaluudhaan gurra walii waliisaanii akka tuttuqan gochuu;
- Fakkii gurraa itti kennuun halluu isaanitti tolu akka diban gochuu;
- Yommuu isaan xumuran maal akka ta'e gaafachuun guduunfuu;



Madaallii: Fakkii gurraa halluu dibuu isaanii ilaaluufi maalummaa fakkichaa

dubbachuu danda'uu isaanii dhaggeeffachuun madaalaa.

Gocha Lama: Kallattii sagalee adda baasuufi fakkeessanii taphachuu



Kaayyoo: Sagaleewwan addaddaa nibbafatu; fakkeessuuf niyaalu.



Meeshaalee Deeggarsaa: fakkii saree, aduurreefi kanneen kana fakkaatan.



Mala Raawwii:

- Tapha “*Eenyu akkasitti iyya?*.” jedhu karaa itti aanu kanaan taphachiisuu;
Fakkeenyaaf: barsiisaan fakkii saree itti agarsiisuun ‘Kun eenyu? Akkamitti iyya?’ jechuun yeroo gaafatu daa'immanis akka sareetti dutuun deebii akka kennan gochuufi kanneen kana fakkaatu raawwachuun akka shaakalan gochuu;
- Daa'imman naannoo isaanitti maal maal dhaga'anii akka beekan gaafachuun sagalee dhaga'an fakkeessanii akka baasan hiriyoota isaaniif akka dhageessisan gochuu;
- Yoo itti cime fuulcha kennuun , fakkeenyaaf, konkolaataan yeroo deemu, balballi yommuu rukutamu, daa'imni yeroo boossu...gaafachuun mariisisuu;
- Sagaleewwan kanneen qaama isaanii kamiin akka dhaga'an gaafachuun faayidaa gurraa akka hubatan gochuu;



Madaallii: Kallattii sagaleen irraa dhufe adda baafachuu isaanii; fakkeessanii taphachuuf yaaluu isaanii adeemsa tapha isaanii hordofuun mirkaneeffadhaa.

Gocha Sadii: Faayidaa gurraafi kunuunsa godhamuufii qabu



Kaayyoo: Faayidaa gurraafi kunuunsa godhamuufii qabu nidubbatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkii gurraa guddifamee kaafame, kaasetta faaruu, kitaaba sheekkoo



Mala Raawwii:

- Daa'imman callisani sagaleewwan naannoo isaaniitti dhaga'aa jiran xiyyeeffannoon akka dhaggeeffatan gochuu;

- Sagaleewwan maalfaa akka dhaga’an akka dubbatan gochuu; itti aansuunis quba elemtuudhaan karaa diidaan gurra isaanii sekoondii muraasaaf akka dhaggeeffatan gochuu;
- Sagaleen maaliif akka isaanitti hindhaga’amne gaafachuun faayidaa gurraa akka hubatan gochuu;
- Gurri wantoota addaddaadhaga’uuf akka gargaaru bifa gaaffiifi deebiin erga irratti mariyatani booda gurraaf kunuunsa gochuun akka barbaachisu ibsuufii;
 - Gurri akka hinxuroofne diida isaa dhiquufi qulqulleessuu akka qaban hubachiisuu,
 - Gurra keessa bishaan akka hinseenne of eegumsan gurra isaanii kan dhiquuf maatii isaanii ta’uu itti himuu,
 - Daa’imman gurra isaanii keessa waan tokkollee buusuu akka hinqabneefi akka tasaallee wanti tokko gurra isaanii keessa bu’e nama guddaa, maatiif, barsiisota yookiin guddistootaisaan bira jiranitti himuu akka qaban hubachiisuu,
 - Kunuunsa gurraaf godhamuu qabu bifa gaaffiifi deebiin mariisuu
- Faaruu, ‘*Miira qaamaa shanan*’ jedhu fakkii gurraa agarsiisaa akka faarfatan qajeelchuu;



Madaallii: Gaaffii addaddaagaafachuun faayidaa gurraafi akkamitti kunuunsuu akka qaban hubachuu isaanii madaalaa.

Bu’aa eegamu	Gahumsa
5. Qaama miiraa fuunfachu fayyadamuufi funyaan kunuunsuu	5.1 Fuunfachuun foolii wantootaa garagaraa adda baafachuu nidanda’u.

Gocha Tokko: Faayidaa funyaanii himuu



Kaayyoo: Faayidaa funyaanii nihimu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkii/Suura funyaanii guddatee ka’ee jiru,



Mala Raawwii:

- Fakkii/Suura funyaanii agarsiisuun maal akka ta’e gaafachuu;

- Fakkii/Suuraa irratti mul'atu kan fakkaatu kutaa nafaa keessanirraa qabduu yookiin hinqabdani jechuun gaafachuu;
- Deebii isaanii bu'uura godhachuun funyaan isaanii harkaan tuquun "Inni kun funyaan kooti" akka jedhan jajjabeessuu;
- Funyaan maaliif akka isaan fayyaduufi funyaan isaaniin wantoota foolii gaarii yookiin foolii badaa qaban fuunfatani yookiin fooliin itti dhufe akka beekan, fooliin addaddaanaannoo isaaniitti yoo itti dhufe miirri akkamii akka itti dhaga'amu gaafachuun mariisisuu;
- Qilleensa gara keessaatti galfachaafi gara alaatti baafachaa akka afuura baafatan gochuun funyaan afuura ittiin baafachuufi ittiin fuunfachuuf/foolii adda baasuuf akka gargaaru sadarkaa isaaniitti akka hubatan gochuu;
- Deebii isaanii bu'uura godhachuun waa'ee faayidaa funyaaniifi waa'ee foolii gaariifi foolii badaa naannoo isaaniitti argamuu akka hubatan gochuu;



Madaallii: Waa'ee faayidaa funyaanii, foolii addaddaadda baafachuuf yaaluu isaanii gaafachuun mirkaneeffachaa.

Gocha Lama: Wantoota funyaan miidhan adda baafachuun ofeeggachuu



Kaayyoo: Wantoota funyaan miidhan addaan baafatanii nihubatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkii/Suuraa funyaanii guddatee ka'ee mul'atu, dooqaawwan, qubeessaa, qalama, fuduraalee;



Mala Raawwii:

- Hiriyyoonni isaan bira jiran funyaan meeqaafi qaawwa funyaanii meeqa akka qaban ilaaluun akka dubbatan gochuu;
- Funyaan isaanii maaliif akka isaan fayyadu gaafachuu;
- Wantoota keessa funyaanii miidhuu danda'an seensisuu akka hinqabne hubachiisuu; Fkn: Dooqaawwan, qubeessaa, qalama, fuduraaleefi kanneen kana fakkaatan ... funyaan keessa seensisuun miidhuu akka danda'an qayyabachiisuu; Akkasumas, funyaan quba harkaatiin tuttuquun/qotuun/ miidhaa akka ta'e hubachiisuu;

- Akka tasaa funyaan isaanii keessa wanti tokko yoo seene dafanii nama isaan bira jiru(warra, barsiisota, guddistoota...) tti himuu akka qabaniifi ofii isaanii baasuuf yaaluu akka hinqabne jala muranii itti himuu;

Yaadannoo: daa'imman jireenya isaanii guyyuu keessatti wantoota funyaan miidhan hubatanii irraa of eeguu danda'uu isaanii hordoffii taasisuun barbaachisaadha.

- Madaallii:** Wantoota funyaan keenya miidhan adda baasuu jalqabuu isaanii gaafachuun Mirkaneeffadhaa.

Gocha Sadii: Foolii adda baafachuu



Kaayyoo: Wantoota foolii isaaniitiin adda baafachuu ni jalqabu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Ixaana(urgooftuu), sandala, shittoo, xaasaa/qaruuraa/ foolii ittii adda baafnu, wantoota foolii addaddaaqaban kanneen akka Loomii, muuzii, qullubbii adiifi kanneen kana fakkaatan...;



Mala Raawwii:

- Yeroo sanatti kanneen argamuu danda'an fuduraaleefi kuduraalee (muuzii, burtukaana, loomii, qullubbii adiifi kanneen kana fakkaatan...) murtaa'aa tokko dhiheessuun maalummaa isaa gaafachuu;
- Fuduraaleefi kuduraalee olitti ibsaman akka fuunfatan gochuun fooliin miira akkamii isaanitti akka uume gaafachuu;
- Ixaana, sandala yookiin shittoo/urgooftuu/ fayyadamuun daa'imman maaltu akka isaanitti fooliin dhagahame gaafachuu;
- Deebii isaanii bu'uura godhachuun foolii gaariifi badaa ta'e akka adda baafatan hubachiisuu;
- Xaasaa/qaruuraa/ foolii addaan ittiin baafatan wantoota foolii qaban itti buusuu;
- Wantoota itti naqame/buufame/ foolii waan qabaa osoo hin argin akka qadaaadan, qaawwa xiqqoon akka fuunfatan gochuu;

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif


- Fooliin maalii akka isaanitti dhufe akka dubbatan gochuun foolii adda baafachuu akka danda'anitti shaakalchiisuu;


Yaadannoo: Gochoota kanneen wantoota foolii qaban meeshaa ittiin addaan baafatan kana wantoota foolii qaban itti naqanii/buusani/ xiqqoo tursiisani keessaa baasuun qodaa duwwaa maaltu keessa ture jechuun gaafachuun nidanda'ama.

- Madaallii:** Wantoota foolii isaaniitiin adda baafachuuf yaalii gochuu isaanii mirkaneeffadhaa

Bu'aa eegamu	Gahumsa
6. Qaama miiraa dhandhamannaafayyadamuufi arraba/afaan kunuunfachuu	6.1. Soorata dhandhama addaddaaqaban adda baasuufi himuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Fakkii arrabaa halluu dibuufi adda baasuu

-  **Kaayyoo:** Arrabni eessatti akka argamu nihimu; fakkii arrabaa halluu sirrii nidibu.

 **Meeshaalee Deeggarsaa:** Fakkii/Suuraa arrabaa guddatee akka mul'atutti ka'ee jiru, qubeessaa abbaa halluu



Mala Raawwii:

- Fakkii arrabaafi afaanii waraqaa guddaa irratti ka'ee jiru itti mul'isuun maal akka ta'eefi eessatti akka argamu gaafachuu;
- Deebii isaanii bu'uura godhachuun fakkii irratti kutaa qaamaa ilaalaa turtan qabduu yookiin hinqabdani? jechuun gaafachuu;
- Kanaan booda, arraba isaanii quba isaaniin akka agarsiisan jajjabeessuu;
- Fakkii afaanii itti kennuun arraba qofa halluu diimaa akka diban gochuu;
- Erga xumuraniis fakkii diban jalatti maqaa isaanii barreessuun kutaa keessatti maxxansuu;

- Madaallii:** Arrabni eessatti akka argamu fi fakkii arrabaa halluu sirrii dibuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.

Gocha Lama: Dhandhamuudhaan dhandhama adda baasuufi dubbachuu



Kaayyoo: Dhandhamuudhaan dhandhama adda baasuun nidubbatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkii/Suuraa arrabaa guddatee akka mul'atutti ka'ee jiru, soorata dhandhama addaddaaqaban/kan nyaachuu danda'an/, fakkii nyaata gosa adda addaa, huccuu qulqulluu ija ittiin haguuggataniifi kanneen kana fakkaatan...



Mala Raawwii:

- Tapha “*Dhandhamii beeki*” jedhu haala itti aanu kanaan taphachiisuu;
 - Wantoota dhandhama garagaraaqabaniifi nyaachuu danda'an qopheessuu (Fkn: sukkaara, soogidda, muuzii, loomii, buskuuta, daabboofi kanneen kana fakkaatan;)
 - Daa'imman lama daa'imman hafan fuuldura akka dhaabbatan gochuun ija isaanii huccuun salphisani akka hinarginetti hidhuu;
 - Daa'immaniif arraba isaanii irra sukkaara xiqqoo akka dhandhaman gochuun dhandhama isaa akka himan gochuu;
 - Itti fufuun, soogidda xiqqoo arraba isaanii tuqsiisuun kan duraa dhandhaman wajjiin tokko ta'uufi dhiisuu isaa akka himan gaafachuu;
 - Kan dhandhaman dhama maalii akka ta'e gaafachuu;
 - Maal isaaniitiin akka beekan/mi'aa'uufi dhiisuu/ akka himan gochuun faayidaa arrabaa akka hubatan gochuu;
 - Arraba isaanii irratti nyaata xiqqoo irra kaa'uun akka dhandhamaniifi osoo hin ilaalle maal akka ta'e akka himan gochuu;
- Dhandhamni ni mi'aawa, soogidda soogidda jedha, nidhangaggaa'a, nihadhaa'a jechuun akka adda baafatan jajjabeessuu;



Madaallii: Dhandhamuudhaan soorata adda baasuufi dhandhama isaanii himuu danda'uu dhamdhamsiisuufi gaafachuun mirkaneessuu

Gocha Sadii: Wantoota arraba miidhan irraa eeguu



Kaayyoo: Wantoota arraba isaanii miidhan irraa dhorkuufi arraba kunuunfachuu nishaakalu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkii dhugaatii ho'aa, fakkii meeshaalee qara qabani;



Mala Raawwii:

- Arraba isaanii dhukkubee akka beekuufi maal ta'ee akka isaan dhukkube gaafachuun mariisiuu;
- Arraba keenya wantoonni akka dhugaatii ho'aa gubuu akka danda'uufi wantoonni qara qaban muruufi miidhuu akka danda'an haala itti aanu kanaan hubachiisuu;
 - ◆ Yeroo ciree yookiin yeroo turtee shaayii yookiin aannan yeroo dhugan qabbaneessuu akka qaban;
 - ◆ Arraba isaanii wantoota qara qabaniin tuttuquu yookiin irra harkisuun akka irra hinjiraanne;
 - ◆ Arraba isaanii gadi baasanii fiiguu yookiin taphachuu akka hinqabne;



Madaallii: Wantoota arraba miidhuu danda'an irraa eegu shaakaluu isaanii hordofaa.

Bu'aa eegamu	Gahumsa
6.Qaama miiraa dhandhamannaa fayyadamuufi arraba/afaan kunuunfachuu	6.2. Afaan isaanii of eegumsan kunuunfachuu nishaakalu.

Gocha Tokko: Faayidaa ilkaanii himuu



Kaayyoo: Faayidaa ilkaanii nihimuu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkii ilkaanii;



Mala Raawwii:

- Fakkii afaaniifi ilkaanii waraqaa guddaa irratti ka'ee jiru daa'immanitti mul'isuun maal akka ta'eefi eessatti akka argamu gaafachuu;
- Deebii isaanii bu'uura godhachuun fakkii irratti wanta ilaalan kutaa nafaa irraa qabduu yookiin hinqabdani? jechuun gaafachuu;
- Ilkaan isaanii mul'isaa "*Kun ilkaan kiyya*" akka jedhan jajjabeessuu;

- Daa'imman hunduu walii walii isaaniitiin daa'ima walcinaa taa'aa jiraniin ilkaan isaanii akka walitti mul'isaniifi kan argan akka dubbatan gaaffiidhaan mari'achiisuu;
- Ilkaan isaanii maaliif akka isaan fayyadu gaafachuun deebii isaanii erga dhaggeeffatanii booda faayidaa ilkaanii ibsuu;



Madaallii: Ilkaaniin walbaruu isaaniifi faayidaa ilkaanii dubbachuu isaanii gaafachuun mirkaneeffadhaa.

Gocha Lama: Wantoota ilkaan miidhan addaan baafachuu



Kaayyoo: Wantoota ilkaan miidhuu danda'an addaan nibaafatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: buskuutii, sukkaara, karameellaa,



Mala Raawwii:

- Daa'immaniif buskuuta, karameellaa, itti mul'isuun maal akka ta'e gaafachuu;
- Daa'imman irra deddeebiin nyaata mi'aawaa kana nisooratu yoo ta'e ilkaan isaanii miidhamuu akka danda'u itti himuufi mari'achiisuu;
- Daa'imman ilkaan isaanii akka hinmiidhamneef yeroo hunda soorataan booda afaan isaanii lulluuqachuu akka qaban hubachiisuu;
- Yoo hinlulluuqanne afaan isaanii foolii akkasumas, ilkaan isaanis tortoruu akka danda'u itti himuu'

Yaadannoo: Yeroo hunda barnoota idileen duraa keessatti daa'imman nyaataan booda akka afaan dhiqatan yaadachiisuun hordoffiifi deeggarsa gochuun muuxannoo akka cimsatan dandeessisuu.



Madaallii: Wantoota ilkaan miidhuu danda'an adda baafachuu isaanii gaafachuun

mirkaneessuu.

Gocha Sadii: Waa'ee kunuunsa ilkaanii hubachuu



Kaayyoo: Ilkaan isaanii akkamitti akka qulqulleefachuu danda'an nihubatu.



Mala Raawwii:

- Faaruu “*Ilkaan rigachuun akkana*” jedhu faarfachuu;
- Sochii qaamaatiin gubbaa irraa gara gadiitti fi gadirraa gara gubbaatti harka sosochoosuun agarsiisuu;
- Daa'immanis faaruu akka waliin faarfataniifi harka isaanii gubbaa irraa gara gadiitti fi gadi irraa gara gubbaatti sosochoosuun akka shaakalan gochuu;
- Burushii ilkaaniifi rigaa ilkaanii (kan mukaa) daa'immanitti agarsiisuun maal akka ta'eefi maaliif akka tajaajiluufi itti fayyadamanii beekuu isaanii gaafachuun mariisisuu;
- Yeroo tokkotti saamunaa ilkaanii hamma ija ataraa geessu qofa fayyadamuun gahaa akka ta'e itti himuu;
- Saamunaa ilkaanii liqimsuu akka hinqabne itti himuu;
- Akaakuu mukaa rigaa ilkaaniif ta'u eeruufii;
- Rigaa mukaatiin ilkaan akkamitti qulqulleeffachuun akka danda'amu itti agarsiisuu;
- Daa'imman waan hinjabanneef burushiifi rigaadhaan ilkaan isaanii kan qulqulleessuuf maatii isaanii akka ta'an itti himuu;
- Daa'imman galgalaafi ganama nyaata booda afaan isaanii bishaaniin lulluuqqachuu akka qabaniifi burushiifi rigaa mukaa namni biroon itti fayyadame isaanis fayyadamuu akka hinqabne hubachiisuun barbaachisaadha.

Yaadannoo: Maatii/guddiftoota isaaniitiif jecha itti himuun yookiin yaadannoo erguun mana keessatti hordoffiifi deeggarsa gochuun; daa'imman erga nyaata sooratani booda afaan isaanii dhiqachuun muuxannoo akka gabbifatan deeggarsa akka godhaniif gochuun barbaachisaadha.




Madaallii: Ilkaan isaanii akkamitti qulqulleeffachuu akka danda'an hubachuu isaanii mirkaneeffadhaa.

Bu'aa eegamu	Gahumsa
7. Qaqqabuudhaanwantootaafi haalota ibsuu	7.1 Ho'a adda baasuufi tuttuquun miira isaanitti dhagahame ibsuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Ho'aafi diilallaa'aa adda baasuu.

 **Kaayyoo:** Ho'aafidiilallaa'aa addaan nibaafatu.

 **Meeshaalee Deeggarsaa:** Qodaa bishaanii, bishaan xiqqoo hoo'e, bishaan qorraa,


 **Mala Raawwii:**


- Qodaabishaan ittiin qabatan lama, tokkotti bishaan xiqqoo hoo'e, lammaffaatti immoo bishaan qabbanaa'aa itti buusuu;
- Daa'imman dabareen harka isaanii bishaan lamaan isaa qodaakeessatti cuuphuun miira itti dhagahame gaafachuu;"Inni kun ni hoo'a, inni kun immoo niqabbanaa'a" jedhanii akka dubbatan/himan jajjabeessuu;
- Kutaa qaamaa isa kamiin akka beekaniifi akkamitti beekuu akka danda'an gaafachuun faayidaa harkaa akka hubatan gochuu;

Yaadannoo: Gocha kanaaf bishaan hoo'aa fayyadamnu madaalawaa akka ta'uufi ijoolleen mana keessattis haala kamiinuu bishaan hoo'e keessa harka isaaniitiin tuquun akka irra hinjirre hubachiisuun barbaachisaadha.

Madaallii: Wantoota hoo'aafi qabbana'aa/diilallaa'aa/ adda baafachuu jalqabuu isaanii gochicha yeroo raawwatan ilaaluufi gaafachuun mirkaneeffadhu;

Gocha Lama: Tuttuquun wantoota adda baafachuu.

 **Kaayyoo:** Tuttuquun maalummaa wantootaa adda nibaafatu.

 **Meeshaalee Deeggarsaa:** meeshaalee addaddaaxixiqqoo naannotti argaman, uffata xiqqoo ijaan dhokfatan



Mala Raawwii:

- Meeshaalee jireenya isaanii keessatti guyyaa guyyaan itti fayyadaman minjaala fuuldura daa'immanii jiru irra kaa'uu;
- Tokkoo tokkoon kaasuun maal akka ta'eefi gocha maaliif akka gargaaru gaafachuun mariisisuu;
- Tapha “*Qalqalloo ajaa'ibsiisaa*” jedhu akka itti aanutti taphachiisaanii:
 - Meeshaalee beekan kaasaa itti mul'isuun maal akka ta'e akka himangochuu;
 - Meeshaalee qalqalloo keessa galchuu;
 - Fedhiidhaan kaasuun ija isaanii salphisani huccuu xiqqoon hidhuu;
 - Harka isaanii qalqalloo keessa naquun meeshaa tokko tokko akka baasan gochuu;
 - Tuttuquun meeshaalee baasan maal akka ta'e akka himan gochuu;
 - Kanaan booda uffata ija irraa hiikuun sirriifi sirrii ta'uu dhabuu ofii isaanii akka mirkaneeffatan gochuun taphachiisuu;



Madaallii: Tuttuquun maalummaa meeshaalee adda baafachuu isaanii yeroo taphatan ilaaluun mirkaneeffadhaa

Gocha Sadii: Wantoota lallafoofi jajjaboo adda baasuu



Kaayyoo: Wantoota lallafoofi jajjaboo adda nibaasu.



Meeshaalee Deeggarsaa: waraqaa burcuqqoo, huccuu lallaafaa yookiin wantoota lallafoofi jajjaboo naannootti argaman



Mala Raawwii:

- Wantoota lallafoofi jajjaboo minjaala isaaniirra naquu;
- Harkaan akka qaqqaban gochuu;
- Kamtu lallaafaa, kamtu immoo jajjaboo akka ta'e gaafachuu;
- Yeroo tuttuqan miira itti dhaga'ame akka himan gochuu;

Yaadannoo: Wantoota qaqqabuudhaan adda baasuun danda'amu, wantoota naannoo isaaniitti argaman tuttuquudhaan akka adda baasan jajjabeessuu



Madaallii: Qaqqabuudhaan wantoota lallafoofi jajjabooadda baasuu isaanii mirkaneessaa

Bu'aa eegamu	Gahumsa
8. Fayyaa ofii eeggachuufi seera nyaataa shaakaluu.	8.1 Seera nyaataa nishaakalu.

Gocha Tokko: Seera nyaataa sirrii ta'een walbaruu;



Kaayyoo: Seera nyaataa sirrii ta'een walbaru.



Meeshaalee Deeggarsaa: Kubbaayyaa bishaanii, saanoota itti nyaatan,



Mala Raawwii:

- Daa'imman yeroo nyaata nyaatan beekuufi shaakaluu kan qaban seera nyaataa akka itti aanu kanatti hubaachiisuu;
 - Nyaata hamma alanfachuu danda'an qofa afaan kaa'achuu;
 - Nyaanni osoo afaan keessa jiru akka hinhaasofne;
 - Yeroo alanfatan sagalee akka hindhageessisne;
 - Nyaanni afaan keessa osoo jiruu kan biroo akka hinfudhanne;
 - Yeroo nyaata nyaannu qodaa bishaanii harka nyaataa jirruun osoo hintuqin qabachuu;
 - Nyaanni osoo nyaatanii lafa yoo bu'e lafaa kaasani nyaachuu akka hinqabneefi kanneen kana fakkaatan hubachiisuufi gochan agarsiisuu;
- Kanneen yeroo nyaatan akka shaakalan gochuu;

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

Yaadannoo: Dandeettiin kunniin yeroo tokko qofa kan raawwatan osoo hintaane guyyaa guyyaan jireenya isaanii keessatti shaakaluufi gochuun kan isaan irraa eegamu waan ta'eef yeroo hundaa gochawwan isaanii hordofuu.



Madaallii: Seera nyaataatiin walbaruu isaanii gaafachuun mirkaneeffadhaa.

Gocha Lama: Itti fayyadama fal'aanaa



Kaayyoo: Qabannaafi itti fayyadama fal'aanaa nishaakalu.



Meeshaalee Deeggarsaa: fal'aana, dooqaa, firiiwwan mukaa, kuduraaleefi kanneen kana fakkaatan.



Mala Raawwii:

- Daa'imman nyaata yeroo hedduu irra deddeebiin nyaatan maqaa waamuun maaliin akka nyaachuu danda'an gaafachuu;
- Saa'innii adda addaa, fal'aana, kuduraalee, dooqaawwaniifi kanneen kana fakkaatanitti kennuu;
- Fal'aanaawwan fayyadamuun kuduraalee caabii/gabatee tokko irraa gara caabii/gabatee birootti akka ceesisan/buusan/ gochuu;

Yaadannoo: Gocha kana yeroo isaan ciree yookiin laaqana nyaatan raawwachuun nidanda'ama.



Madaallii: Qabannaafi itti fayyadama fal'aanaa ilaaluun madaalaa.

Gocha Sadii: Harka Dhiqachuu



Kaayyoo: Harka isaanii sirritti dhiqachuu nishaakalu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Kaassettii faaruu, kubbaayyaa bishaanii, bishaan, foomaa, saamunaafi kanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

- Faaruu “*Harka dhiqannaan akkana*” jedhu daa’imman fuuldura dhaabbachuun faarsuu;
- Yeroo harka keenya dhiqannu; keessaafi ala isaa, akkasumas qubbeen gidduu sukkuumuun/riguun dhiqachuu akka qaban agarsiisuu;
- Haala arganiin faaruu sosochii qaamaa wajjiin walitti qindeessuun akka faarfatan gochuu;
- Meeshaalee harka dhiqannaaf barbaachisan dhiheessuun harka isaanii akkamitti akka dhiqataniifi gonfatan itti himaa agarsiisuu;
- Hunduu akka shaakalan carraa kennuufii;

Yaadannoo: Yeroo hundaa nyaataan duraafi booda harka isaanii dhiqachuufi afaan lulluuqachuu dagachuu akka hinqabne hubachiisuun hordoffii gochuu, gocha kana iddoo harka dhiqanna mana barnootaatti fayyadamuun raawwachuu nidanda’u.



Madaallii: Harka haala barbaachisuun dhiqachuu eegaluu isaanii mirkaneeffadhaa.

Bu’aa eegamu	Gahumsa
9. Qaama ofeegumsan qabachuufi kunuunsuu	9.1 Qaama isaanii eeguufi kunuunsanii qabachuu nishaakalu.

Gocha Tokko: Wantoota Qaama Isaaniirra Miidhaa Geessisan irraa of Eeguu



Kaayyoo: Wantoota qaama isaaniirra miidhaa geessisan irraa of eeguu nidanda’u.



Meeshaalee Deeggarsaa: Kitaabilee durdurii, qarabaa, lilmoo, qaruuraawwan caccabeefi kanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

- Barsiisaan mudannoo addaddaaitti himuun wantoota hamaafi miidhaa geessisan irraa akka of eeggatan barsiisaa;

Fakkeenyaaf, mudannoo armaan gadii itti himaa

‘Har’a ganama wayitan gara keessan dhufaa ture daa’ima xiqqoo karaarra taa’ee boo’u tokko argeen ‘maal taatee boossa’ jedheen gaafadhe? Innis, “Qarabaa xiqqoo tokko karaarraa argee

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

utuun baala ittiin muraa jiruu quba koo of mure,” jechuun quba isaa isa murame natti agarsiise. Anis gochichatti baay'ee gaddeen gara buufata fayyaa dhiyoo jiru tokkoon geesse. Achittis ogeettiin mana yaalaa sun dhiigni akka quba ishee hintuqne of eeggachaa harkasheetti guwaantii godhattee yaalte. ‘Lammatas qarabaa lafaa yoo argite hinkaasiin’ jedhee gorseen gara keessan dhufe.’

- Isaan iddoo daa'imaana sanaa osoo ta'anii akka isaa gochuufi gochuu dhiisuu isaanii gaafachuun mariisisuu; Fkn: Meeshaalee akka lilmoo, haadduu, qaruuraawwan caccabaa, mizmaara dandaa'e , shiboo elektirikaafi kanneen kana fakkaatan ... kana daa'imman tuquu akka hinqabne itti himuun miidhaa isaa akka hubatan gochuu;
- Barsiisaa fakkeenya muudannoo kanneen daa'immanitti himi. “Ganama har'aa gara keessan osoo dhufajiruu daa'imni xiqqaan tokko karaa irra taa'ee osoo boo'uu argee maal taatee boo'aa jirta? jedhee gaafadhe. Innis haadduu lafaa argadhee marga osoo ittiin muruuf jedhuu quba koo namure; jedhee harka murame natti mul'ise. Anis haalichatti aaree mucaa qabadhee gara mana buufata fayyaa dhihoo jirutti geesse. Iddoo kanattis ogeettiin fayyaa dhiigni daa'imaana akka ishee hintuqnetti ‘guwaantii’ harkatti godhattee yaalte. Ammaanboda haadduu lafatti kufee jiru akka hinkaafne jedhee gorseen gara keessan dhufe.”
- Lilmoo, qarabaa, qaruuraa caccabaa, mizmaara dandaa'e, shiboofi kanneen kana fakkaatan daa'imman tuquu akka hinqabne itti himuudhaan miidhaa isaan geessisan akka hubatan gochuu;



Madaallii: Gaaffilee garagaraa gaafachuun qaamafi fayyaa isaanii irratti miidhaa wantoota geessuu danda'an adda baafachuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.

Gocha Lama: Faayidaa uffataafi kophee hubachuu



Kaayyoo: Faayidaa uffataafi kophee nihubatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Uffata seeraa kan ijoollee, uffataafi kophee

intalashee/Ashaangulliitii/, uffata fireemii mukaatiin qophaa'eefi kanneen kana fakkaatan...



Mala Raawwii:

- Waa’ee nama gowwaa tokkoo haala armaan gadiitiin himuu
‘Bara durii gurbaa gowwaa tokkotu ture.Gurbaan kunis ganama hirribarraa ka’ee,’
harme harka kootti qorree kaalsiin godhadha‘jedhee itti godhate. Ammas mataa kootti
akka hinqorrine jedhee kofoo isaa mataa isarra godhate jechaa gurbaan kun maaliif
akka gowwaa jedhame daa’imman akka hubataniifi kaalsiin eessarratti akka
godhatamu gaafachuun mariisisuu
- Qaama isaaniitti akka hinqorrine uffata uffachuu akka qaban hubachiisuu;
- Gufuun qubaafi qeensa isaanii akka hinmiine kophee akka godhatan hubachiisuu;
- Hidhannaa kophee yeroo hundaa sirriitti akka hidhatan hubachiisuu;



Madaallii: Faayidaa uffataafi kophee hubachuun nafa isaanii eeggachuufi
kunuunsanii qabachuu hubachuufi hubachuu dhabuu isaanii gaaffilee garagaraa
gaafachuun mirkaneeffadhaa.

Gocha Sadii:Barbaachisummaa nafa ofii qulqullinaan qabachuu;



Kaayyoo:Sadarkaa isaanitti barbaachisummaa qaama ofii qulqullinaan qabachuu
nihimu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Intalashee, uffata ashaangulliitii/intalashee/fi kopheewwan
addaddaa daa’immanii fi kanneen kana fakkaatan.



Mala Raawwii:

- Intalashee fi uffata addaddaa kan intalashee qopheessuu;
- Uffata intalashee isa kamtu qaama kamirratti akka uwwifamu itti mul’isuu;
- Uffata intalashee itti mul’isuun ijoolleen fedhii qaban dabareen kaasuun akka
shaakalan gochuu;
- Uffata seeraa kan isaanii “shurraabii” baafatanii sirritti garagalchani deebisanii
uffachuu akka danda’an; shamizii isaanii qawwisaa banuufi cufuu shaakalchiisuu;

Yaadannoo: Yeroo kophee hidhataniifi shamizii isaanii cufuu shaakalan osoo ofeegumsatti
dabalamee kutaalee qaamaa xixiqqaa ta’an akka cimsatan isaan gargaara.



Madaallii: Daa'imman sirritti uffata isaanii garagalchaniif fuuldurriifi duubni osoo iddoo gadi hindhiifne uffachuu isaanii, qawwisaa shamizii isaanii banuufi cufuu danda'uu; kophee isaanii ofdanda'anii godhachuu isaanii ilaaluun hordofaa.

Gocha Afur:Harkaafi fuula dhiqachuu



Kaayyoo:harkaafi fuula isaanii dhiqachuu nishaakalu.



Meeshaalee Deeggarsaa:qabee bishaanii, ujummoo bishaanii, mana barnootaa idilee duraakeessatti argamu, saamunaa addaddaa (Ayijaaksii, kan fuulaa/nafaa/, kan uffataa); huccuu, qulqulluu harkaafi fuula ittiin goffachuuf; fooxaafi kanneen kana fakkaatan...



Mala Raawwii:

- Barsiisaan bakka daa'immanitti mul'atu dhaabachuun harka keessan saamunaafi bishaaniin dhiqadhaa, fuula keessan bishaan qofaan dhiqadhaatii huccuun gogfadhaa agarsiisaa;
- Haala walfakkaatuun ijoolleen dabareen wanta isin raawwattan akka raawwatan taasisaa;
- Daa'imman fuula isaanii bishaan qofaan dhiqachuun huccuu qulqulluun akka qoorfatan gochuu
- Haaluma ilaalaniin daa'imman dabaree dabareen harka shurraabiifi shamizii isaanii oldachaafachuun harka isaanii saamunaafi bishaaniin, fuula isaanii immoo bishaan qofaan akka dhiqatan gochuu
- Garaagarummaafi faayidaa saamunaawwanii daa'immanitti himuu;


Fkn: Ayijaaksii, kan uffataa, kan nafaa maaliif akka tajaajilu adda baasuun beeksisuufi saamunaa arganiin akka hindhiqanne itti himuu;



Madaallii: Qulqullina dhuunfaa isaanii eeggachuu shaakala jalqabuu isaanii mirkaneeffadhaa.

Bu'aa eeggamu	Gahumsa
10. Maashaalee mul'atuufi hinmul'anne (xixiqqaafi gurguddaa)tti fayyadamu	10.1 Kutaalee nafaa gochaalee garagaraatiif itti fayyadamuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Madaallii qaamaa eeganii deemuu;

 **Kaayyoo:** Madaallii qaamaa eeganii nideemu.

 **Mala Raawwii:**


- Iddoo bal'aa irratti/kutaa barnootaa yookiin mooraa keessatti/ fageenya harka hiixatanii/diriirsanii/ fagaatanii dalgee akka dhaabbatan gochuu;
- Ija cufatanii akkamitti deemuu akka danda'an gochaan itti mul'isuu;
- Tokkoon tokkoo isaanii dabareen ija isaanii cufachuun hanga ijjannaa/tarkaanfii/shanii akka deeman gochuu;
- Ija banatanii naanna'anii iddoo irraa ka'anitti akka deebi'an gochuu;

Yaadannoo: Naannoosana wantoonni daa'immanirra miidhaa hingeessisne jiraachuu mirkaneeffadhun barbaachisaadha.

Madaallii: Madaala nafa isaanii eeggatanii deemuu danda'uu isaanii gochaan madaalaa;

Gocha Lama: Madaallii nafaa eeganii sarara irra deemuu

 **Kaayyoo:** Madaallii qaamaa eeganii osoo sarara keessaa hinbahiin nideemu.

 **Meeshaalee Deeggarsaa:** boronqii, sibaagoo/haada qal'oo/

 **Mala Raawwii:**

- Mudhii isaanii qabatanii qajeelanii akka dhaabbatan gochuu;

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Iddoo gahumsaafi ka'umsaa boronqiidhaan mallattoo itti godhuun akka argan taasisuu;
- Iddoo ka'umsaa hanga gahumsaa haada qal'aa lafa irra dheersuu/diriirsuu;
- Mudhii isaanii qabatani madaallii eeganii akka deeman gochuu;



Madaallii: Kutaalee nafaa fayyadamanii madaallii eeganii deemuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Sadii: Madaallii eeganii sarara keessaa osoo hinbahiin fiiguu,



Kaayyoo: Madaallii nafaa eeganii sarara keessaa osoo hinbahiin nifiigu.



Mala Raawwii:

- Dareen alatti barattoota dhiiraafi shamarran toora lamaan hiriirsuu
- Fuuldura isaanii fageenya 50-60cm sarara addaddaa lama sararuun hiriiraan harka isaanii diriirsanii sarara keessaa osoo hinbahiin akka fiigan shaakalchiisuu;



Madaallii: Kutaalee qaamaa fayyadamanii madaallii eeganii sarara keessaa osoo hinbahiin akka fiiguu danda'uu isaanii haa madaalaman.

Gocha Afur: Madaallii isaanii eeganii utaaluu,



Kaayyoo: Madaallii isaanii eeganii miila lamaan ni'utaalu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Haada/wadaro/ Kanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

- Ijoollee dareen alatti gadi baasuun dhiiraafi dhalaan toora lamaan akka hiriiran gochuu
- Haada lamaan fageenyi gidduu isaanii garaagarummaan gidduu isaanii seentimeetira 20-30 ta'e walmaddee lafa irra diriirsuu;

- Luka lamaan osoo haada hintuqin akkamitti utaaluu akka danda’an itti agarsiisi;
- Dabareen akka utalan gochuu;

Yaadannoo: Mudhii qabataniif fiiguun harka diriirsanii fiiguu irra waan xiqqoo cimuuf barsiisaan yeroo daa’imman shaakalchiifan ofeegumsa gochuun isin irraa eegama; Akkasumas, daa’imman iddoo irra fiiganiifi irra utalan mijaa’aa ta’uu isaa dursanii mirkaneeffadhun barbaachisaadha.



Madaallii: Maashaalee gurguddaa kutaalee nafaa mul’atutti fayyadamuun madaallii isaanii eeganiif miila isaanii lamaan utaaluu danda’uun isaanii gochaan haa madaalaman.

Gocha Shan: Kubbaa darbachuun manii rukutuu shaakaluu



Kaayyoo: Kubbaa darbachuun manii rukutuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa: Kubbaa xixiqqoo, ujummoo (goommaa) keessi isaa banaa ta’e.



Mala Raawwii:

- Fageenya dhihoo irraa kubbaa darbachuun goommaa dhaabbatee jiru keessaa loosisuu(hulluuqsisuu) itti agarsiisuun
- Haaluma walfakkaatuun daa’imman hundi akka taphatan gochuu
- Daa’imman darbachuuf rakkatan adda baasuun deeggaruu;



Madaallii: Maashaalee gurguddoo mul’atu fayyadamuun kubbaa darbuu danda’uu isaanii adeemsa taphaa ilaaluun mirkaneessaa.

Gocha Jaha: Hulluuquu



Kaayyoo: Wantoota addaddaa keessa hulluuquu nishaakalu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Goommaa xixiqqaa/ujummoo



Mala Raawwii:

- Mooraa mana barnootaa keessa goomaa guddaa walakkaan isaa lafa keessa awwaalame/ ujummoo fuuldura toora lamaan akka hiriiran gochuu
- Goomaa gurguddaa walakkaan isaa lafa keessa akka mataa isaanii hinrukunneetti suuta jedhanii akka hulluuqan dursanii ibsuufii
- Dabaree dabareen akka keessa hulluuqan gochuufi miidhaan akka irra hingenye hordofuu



Madaallii: Maashaalee gurguddate mul'atutti fayyadamuun wantoota garagaraa keessa loosisuu danda'uu isaanii adeemsa taphaa ilaaluun mirkaneessaa.

Gocha Torba:Kortoo (riqaa) irra bahuufi mucucaachuu;



Kaayyoo: Kortoo (riqaa) irra bahuufi mucucaachuu nishaakalu.



Meeshaalee deeggarsaa:Kortoo (masilaal), shururree



Mala Raawwii:

- Mooraa keessa toora lamaan dhiirri fi dhalaan qofaa qofaatti akka hiriiran gochuu
- Adeemsa kortoo koranii bahuufi bu'uu keessatti kortoo sana harka lamaan qabachuu akka qaban akeekkachiisuu
- Dabaree eeggachuun kortoo(Masilaal) irra bahuufi bu'uu akka shaakalan jajjabeessuu;
- Osoo daa'imni tokko hinbu'iin kan biroon irra bahuun miidhaa inni qabu haala hubachuu danda'aniin ibsuufii

Yaadannoo:Kortoo (riqaa) irra yeroo bahaniifi bu'an bira dhaabbachuun barbaachisaas yoo ta'e, daa'ima masilaala gubbaa bahuu hinbarbaanne dirqisiisuun hinbarbaachisu.



Madaallii: Maashaalee mul'atanitti/gurguddaatti fayyadamuun kortoo (riqaa) irra bahuufi sigigaachuu/shururree/ danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.

Gocha Saddeet:Goommaa konkolaachisuu



Kaayyoo:Goommaa nikonkolaachisu (garagaggalchuu).



Meeshaalee Deeggarsaa: Goommaawwan xixiqqaa



Mala Raawwii:

- Fuuldura daa'immanitti xiqqoo irraa siqanii dhaabbachuun gommaa xiqqoo harka lamaan suutaa jechaa gangalchaa bakka daa'imman jiranitti siquun itti agarsiisuu
- Shamarran toora lamaan, dhiironnis toora lamaan akka hiriiran gochuun daa'imman fuuldura jiraniif goommaa xixiqqoo tokko tokko kennuun bakka saramee ka'uun hanga bakka ga'umsaatti gangalchuun akka taphatan gochuu
- Miidhaan akka irra hingenye walitti siqanii akka hingangalchine gochuu



Madaallii:Kortoo (riqaa) bahuufi bu'uu akkasumas shururree/mucucuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa

Gocha Sagal:Madaala ofii eeguun saffisaan socho'uu



Kaayyoo:Madaala ofii eeguun saffisaan socho'uunishaakalu.



Meeshaalee Deeggarsaa: huccuu xiqqoo/mahaarrabii/



Mala Raawwii:

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Daa'imman harka walqabatanii geengoo hojjechuun taa'anii tapha "huccuu koo agartanii" akka taphatan gochuu;
- 'Baabura saffisaa' jechaasararaafi madaallii isaanii eeggatanii kallattii tokko irraa gara kan birootti naannahaa akka taphatan gochuu;



Madaallii: Daa'imman madaallii isaanii eeggatanii sosocho'uu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.

Gocha Kudhan: sochiilee qaamaa sasalphaa ta'an hojjechuu



Kaayyoo: Maashaalee mul'ataniifi hinmul'anne fayyadamuun sosochiilee sasalphaa jabeenya qaamaa nihojjetu.



Meeshaalee deeggarsaa: Abaaboo waraqaa irraa tolfamee jiru.



Mala Raawwii:

- Daa'imman sararaa shaniin yookiin jahaan akka hiriiran gochuu
- Harka isaaniitti abaaboo waraqaa qabachiisuu;
- Abaaboo gara bitaa, gara mirgaa, gara gubbaa, gara gadii akka nanaanneessuun danda'amu itti agarsiisuun; akkaataa arganiin akka godhan jajjabeessuu;
- Daa'iman tokkoo tokkoo sochiiwwan barsiisaa hordofuun akka hojjetan gochuun jajjabeessuu



Madaallii: Sosochiilee sasalphaa jabeenya qaamaa hojjechuun maashaalee mul'ataniifi hinmul'anne cimsachuu jalqabuu isaanii mirkaneeffadhaa.

Gocha Kudha tokko: Sosochiilee qaamaa hojjachuu



Kaayyoo: maashaalee mul'atuufi hinmul'anne fayyadamuun sochiilee qaamaa sasalphoo nihojjatu.



Mala Raawwii:

- Bakuma dhaabbatanitti sosocho'uun qaama isaanii akka ho'ifatan gochuu;
- Miila isaanii xiqqoo bananii, harka isaanii mudhii irra godhachuun akka dhaabbatanii gara fuula duraatti gadi jedhanii jilba isaanii harkaan tuqanii akka deebi'an gochuu;
- Yeroo murtaa'eef irra deddeebiin akka raawwatan gochuu;
- Miila isaanii bananii harka gadi diriirsanii akka dhaabbatan gochuu;
 - Tokko yoo jedhame harka isaanii gara fuula duratti diriirsuu;
 - Lama yoo jedhame akka taa'an gochuun harka diriirsanii taa'uufi ka'uu shaakalchiisuu;
- Akkaataan dhaabbii akka olitti ibsame ta'ee:
 - Tokko yoo jedhame harka isaanii olkaasuu;
 - Lama yoo jedhame harka walitti rukutuu
- Daa'imman miila isaanii fuulduratti diriirsanii mudhii qabatanii afata irra akka taa'an gochuun:
 - Tokko yoo jedhame harka isaanii gara fuulduraatti akka diriirsan gochuu;
 - Lama yoo jedhame qubbeen miilaa akka tuqan gochuu;
 - Sadii yoo jedhame haaluma duraatti deebi'anii akka taa'an gochuun shaakalchiisuu;

Yaadannoo: Barsiisaan sosochiilee jabeenya qaamaa kan tasgabbiin akka hojjetan akeekkachiisuufi daa'imman sochiilee tokko tokko hindandeenye yoo jiraatan dirqisiisuun hinbarbaachisu.



Madaallii: Maashaalee mul'ataniifi hinmul'anne fayyadamuun sochiilee sasalphaa jabeenya qaamaa hojjechuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa

Gocha kudha lama: Fo'aa/jirbiidooqaawwan(callee) keessa galchuu,



Kaayyoo: Maashaalee hinmul'annetti fayyadamanii dooqaawwan (calleewwan) jirbii keessa nigalchu.



Meeshaalee Deeggarsaa: calleewwan halluu garagaraafi qaawwa babal'aa qaban,

jirbiifi kanneen kana fakkaatan...



Mala Raawwii:

- Calleewwa gurguddaa halluu garagaraa qaban keessa jirbii/fo'aa/ keessa galchuun akkamitti keessa galchuu akka danda'an agarsiisuu;
- Tokkoo tokkoo daa'immaniif calleewwan halluu garagaraa qaban sadiifi jirbii/fo'aa/ itti kennuun akka itti galchan gochuu;
- Minjaala isaanii irraa naanna'uun ilaalaa kanneen itti ulfaateef kallattii kennuufii;
- Kanneen hojjetan hiriyyoota isaanii fuulduratti bahanii akka agarsiisaniifi halluuwwan akka himan jajjabeessuu;
- Gocha kana hojjechuuf haala salphaa ta'een qola qalamaa/ iskiribiiitoo/ sadarkaa/hanga/ addaddaatti muruun itti fayyadamuun nidanda'ama.

Yaadannoo: Calleewwan gara afaanii, funyaanii, gurraafi kiphii/kiisii/ isaanii keessa kaa'uu akka hindandeenye akeekkachiisa itti himuufi hordofuun barbaachisaadha.



Madaallii: Maashaalee hinmul'anne/xixiqqaa/tti fayyadamuun calleewwan jirbii/fo'aa/ keessa galchuu danda'uu isaanii gochaan madaalaa.

Gocha Kudha sadii: waraqaa irratti bococonoruu/chakachakuu/



Kaayyoo: Maashaalee hinmul'anne kan quba harkaa fayyadamanii bococonoruu jalqabu.



Meeshaalee Deeggarsaa: waraqaa bal'ina addaddaa qabuufi qubeessaa



Mala Raawwii:

- Waraqaa adiifi qubeessaa daa'immaniihiruu;
- Bilisa ta'anii waraqaa irratti akka barreessan/bococonoran gochuu;
- Wanti akka fakkii itti kaasan yookiin kan boconoran sun hiika qabaachuu isaa gaafachuu;



Madaallii: Maashaalee hinmul'annetti fayyadamuun boconoruu yookiin fakkii

kaasuu jalqabuu isaanii mirkaneeffadhaa

Gocha Kudha Afur: Haala qubeessaa itti qabataniifi itti fayyadaman



Kaayyoo: Maashaalee hinmul'annetti fayyadamanii qubeessaa qabachuufi itti fayyadamuu nishaakalu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Waraqaalee bal'ina garagaraa qaban, qubeessaa, qubeessaa halluufi kanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

- Daa'imman fuuldura dhaabbachuun qubeessaa abbaa halluu guddaa fayyadamuun sararoota bu'uuraa sasalphoo ta'an hojjechuun itti agarsiisuu
- Waraqaafi qubeessaa itti kennuun akkaatuma barsiisaan agarsiiseen qubeessaa akka qabatan gochuun sararoota bu'uuraa sasalphaa ta'an waraqaa isaaniif kennamerratti akka hojjatan gochuu
- Erga xumuraniis maqaa isaanii miiljalatti barreessuun bakka mul'atutti daree keessatti maxxansuu



Madaallii: Maashaalee mul'atuufi hinmul'anne fayyadamuun haala qabannaa qubeessaafi fayyadama isaa shaakaluu jalqabuu isaanii madaalaa.

Gocha Kudha Shan: Fakkii kaasuufi halluu

...



Kaayyoo: Maashaalee hinmul'annetti fayyadamanii fakkii nikaasu; nidibu.



Meeshaalee Deeggarsaa: waraqaa hanga garagaraa qaban, qubeessaa, qubeessaa halluu qabu.



Mala Raawwii:

- Waraqaa walakkaa dadachaasuun kitaabilee xixiqqoo hojjechuu;

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Fuula jalqabaarratti maqaa daa'ima guddisanii barreessuun maqaa isaanii waamaa kitaaba isaaniif hojjetame itti kennaa dura akkaataa itti banatan itti agarsiisuufi keessaa tarsaasuun akka hindanda'amne itti himuu
- Fuula kitaabichaa muraasarratti (2/3) fakkiilee sasalphaa kaasuufi daa'imman halluu akka diban itti kennuu;
- Fakkiilee diban akka ilaalaniifi akka ibsa kennan jajjabeessuu;
- himuun guduunfuu

Yaadannoo: Wayitii tokko qofatti fuula hundarratti kaaasuun halluu dibuun waan hindanda'amneef yeroo addaddaatti raawwachuun nidanda'ama.



Madaallii: Sarara irraa osoo hinbaane halluu dibuufi yaaliin isaan godhaniifi fakkii hojjetan maal akka ta'e ibsuufi yaaluu isaanii gochan ilaaluun haa madaalaman.

Gocha Kudha ja'a: Bobboca addaddaa hojjachuu;



Kaayyoo: Maashaalee hinmul'anne fayyadamuun bobboca sasalphaa nihojjatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Dhoqqee yookiin waraqaa bukaa'e, minjaala, laastikii itti golgame.



Mala Raawwii:

- Daa'imman boca "n" akka taa'an gochuu;
- Daa'imman fuuldura dhaabbachuun dhoqqee yookiin wanta boca biroo baasuu danda'u fayyadamuun haala salphaa ta'een hojjechuu kan danda'an kan akka kubbaa, sinii, kanneen kana fakkaatan... hojjechuun agarsiisuun; minjaalli hinxuroofne laastikii aftaniifi dhoqqee bukaa'e yookiin wanta biroo boca baasuu danda'an itti kennuu;
- Daa'imman harka shurraabiifi shamizii isaanii akka oldachaafatan gochuu
- Itti aansuun, minjaalli isaanii akka hinxuroofne laastikii irra afuun dhoqqee yookiin waraqaa bukeeffame kennuufii
- Kubbaa, sinii, fal'aanafi kanneen kana fakkaatan akka hojjetan gochuu;
- Yoo xumuran maal akka hojjetaniifi akkamitti akka hojjetan gaafachuu

- Dhumarrattis boca hojjatan sana waraqaa maqaan isaanii irratti barreeffamerra kaa'uun iddoo itti goggoguu danda'u akka kaa'an gochuu;

Yaadannoo: Haala itti hojjetamu walduraa duuba isaa suuta jedhanii itti agarsiisuun yeroo tokkotti wanta tokko qofa akka hojjatan gochuutu barbaachisa.



Madaallii: Kutaalee qaamaa hinmul'annetti fayyadamuunbocoota sasalphaa hojjechuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.

Gocha Kudha Torba: Pazilii walqabsiisuu



Kaayyoo: Maashaalee hinmul'anne fayyadamuun pazilii walqabsiisu.



Meeshaalee Deeggarsaa: paziliiwwan iddoo 3 yookiin 4 tti ciccitee jiru.



Mala Raawwii:

- Daa'imman beeylada beekan yookiin meeshaa itti mul'isuun maal akka ta'e gaafachuufi mariisuu;
- Pazilii iddoo 3-4 tti ciccitee jiru agarsiisuun akkamitti walitti qabsiisuu akka danda'uufi yoo walqabsiise fakkii akkamii akka ta'u akka ilaalan gochuu;
- Daa'imman lama hayyamamoo ta'an fuulduratti baasuu;
- Daa'imman lamaaniifuu paziloota iddoo 3 yookiin 4 ciccitee jiru qixa itti kennuun akka walqabsiisan gochuu;
- Kan walqabsiisan maal akka ta'e gaafachuun akka himan gochuu;
- Daa'imman hunduu dabareen bahanii walqunnamsiisuun akka taphatan gochuu;



Madaallii: Maashaalee hinmul'annetti fayyadamanii paziloota walqabsiisuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.

Gocha kudha saddeet: Wantoota halluu isaaniitiin ramaduu



Kaayyoo: Maashaalee hinmul'annetti fayyadamuun wantoota halluuwwan isaaniitiin niramadu.



Meeshaalee Deeggarsaa: qorkii halluu diimaa, keelloofi cuquliisa dibamee

jiru/wantoota biroo halluu diimaa, keelloofi cuquliisa dibamee jiru/



Mala Raawwii:

- Daa'immaniif minjaala isaanii irra qorkii halluuwwan bu'uuraa diimaa, cuquliisaafi keelloo dibamee jiru kaa'uu;
- Qorkiiwwaan halluuwwaniin akka ramadaniifi halluu isaanii akka himan gochuu;



Madaallii: Maashaalee hinmul'anne fayyadamuun wantoota halluun ramaduu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.

Gocha Kudha Sagal: Firii midhaanii akaakuun;



Kaayyoo: Firii midhaanii akaakuun niramadu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Baaqelaa, boqqolloofi danqalee, boloqqee fi kanneen kana

fakkaatan...



Mala Raawwii:

- Firii midhaanii walitti makamee jiru daa'immaniif minjaala isaaniirra naquu;
- Firii midhaanii gosaan akka ramadan gochuu;
- Erga xumuraniis barsiisaatti akka agarsiisan gochuu
- Sirrii ta'uufi ta'uu dhiisuu barattooni akka mirkaneessan gochuu



Madaallii: Maashaalee hinmul'anne fayyadaman sanyii midhaanii gosaan adda baasuu danda'uu isaanii ilaaluun mirkaneeffadhaa.

Gocha Digdama: Bocaawwan ji'oomeetirii akaakuun ramaduu



Kaayyoo: Maashaalee hinmul'anne fayyadamanii bocaawwan ji'oomeetirii akaakuun niramadu.



Meeshaalee Deeggarsaa: boca ji'oomeetirii kaartoonii furdaa irraa tolfame (Fkn:


geengoo, rogsadee, rog-afreefi kanneen kana fakkaatan)



Mala Raawwii:

- Bocawwan ji'oometirii kaartoonii furdaarraa hojjetame itti agarsiisuun maqaa isaanii gaafachuu
- Bocawwan halluu addaddaa qaban kunniin minjaala isaaniirratti akka isaaniif kennamuufi osoo keessaa hingatiin boca geengoo qofaatti, rogsadeewwan iddoo tokkoti, akkasumas rog-afreewwan bakka tokkotti akka ramadan itti himuu
- Bocaawwan ji'oomeetirii minjaala isaaniirratti itti kennuu boca isaaniitiin akka ramadan gochuu;
- Wayita ramadanii xumuranis barsiisaa isaaniitti isaan kamtu geengoo; isaan kamtu rogsadee, kanneen rog-afree ta'an akka himan jajjabeessuu;

Fkn:



Madaallii: Bocaawwan ji'oometirii ramaduu danda'uu isaanii gochaanyeroo raawwatan ilaaluun madaalaa

Gocha Digdamii Tokko: Waraqaalee tatarsaasuufi maxxansuu



Kaayyoo: Waraqaalee nitatarsaasu; nimaxxansu.



Meeshaalee Deeggarsaa: waraqaalee hangaafi halluu addaddaa qabu; koollaa ittiin maxxansan yookiin muuqii sanyii midhaanii irraa qophaa'e, waraqaa adii guddaa.



Mala Raawwii:

- Waraqaalee hangaafi halluu addaddaa qaban hamma addaddaatti tatarsaasuun daa'immanitti agarsiisuu;

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Daa'immanis dabaree isaaniitiin haala arganiin akka kukkutan gochuu;
- Koollaa ittiin maxxansan yookiin muuqii sanyii midhaanii irraa tolfameetti fayyadamuun waraqaa adii guddicha irratti dibuu;
- Waraqaa halluu kukkutame akka itti maxxansan gochuu;
- Yoo goge dhaaba manaa/keenyan irratti maxxansuu;



Madaallii: Waraqaalee tatarsaasuufi maxxansuu danda'uu isaanii yeroo raawwatan ilaaluun mirkaneeffadhu.

Gocha Digidamii Lama: Kaardii kenna hojjechuu



Kaayyoo: Maashaalee qaamaa hinmul'anne fayyadamuun kaardii kenna nihojjetu.




Meeshaalee Deeggarsaa: kilaasarii/dosee/, koollaa ittiin maxxansan, waraqaa halluu,



Mala Raawwii:

- Kaardii kenna kilaasarii guddaarraa hojjetame itti agarsiisuun hiriyyootaaf, maatiif bifa kennaan akka kennamu itti himuun daa'immanis fedhii hojiif qaban kakaasuu
- Daa'immaniifis waraqaalee abba halluu mummurame itti kennuun akka cicciran gochuu
- Akk kenna kaardiitti kilaasarii furdaa dadacha'ee jiru koollaa itti dibuun daa'immanitti kennuu
- Daa'immanis waraqaalee halluu akka barreeffamaaf harka hiikkataniifi iddoo kilaaseerii koollaan itti dibameetti akka maxxansan gochuu;
- Hiriyyoota gola isaanii yookiin maatii isaaniif bifa kennaatiin akka kennan gochuu;



Yaadannoo: Gocha kana yeroo garagaraatti hojjechiisuun gaafa ayyaana maatiitti maatiif, obboleewwaniif, hiriyyootaaf, kenna godhanii akka kennan gochuu



Madaallii: Maashaalee hinmul'anne fayyadamuun kaardii kenna qopheessuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu.

Bu'aa Eegamu	Gahumsa
11. Of danda'anii kalaqa ibsuu	11.1. Qaama isaanii fayyadamuun yaadaan ni ibsatu.

Gocha Tokko: Faaruu sochiin ibsuu,



Kaayyoo: Sochiilee qaama faaruulee addaddaa wajjiin walitti niqindeessu;



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkii daarabaafuu, kaassetii faaruu.



Mala Raawwii:

- Fakkii daarabaafuu daa'immanitti agarsiisuun maal akka taateefi arganii nibeeku yoo ta'e gaafachuun mariisisuu;
- Faaruu “*Suuta suutaan darabaafuu...ykn faaruu biroo beekan...*” sochiilee qaamaa wajjiin qindeessuun faarfachuu;
- Daarabaafuu akkamitti akka sochootu/ariitii/ qilleensi yoo dhufe akkamitti ishee akka sosochoosuufi roobni yoo roobe akkamitti akka kuftu mul'isuun agarsiisuu;
- Daa'immanis sochiilee barsiiftuu ilaaluun akka faarfatan gochuu;
- Wantoota addaddaa/beeyladoo, qodaawwan/ kanneen kana fakkaatan ... sochiilee itti himuufi agarsiisuun daa'imman wajjiin sochiilee akka agarsiisan shaakalchiisuu

Fkn: *Akka mukaa sosocho'aa*

Akka simbirroo barrisaa

Akka korophiisaa utaalaa fi kanneen kana fakkaatan...



Madaallii: Nafa isaanii fayyadamuun sosochiilee addaddaa fi faaruulee qindeessanii dhiheessuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Lama: Sochii barrisuu qaamaan agarsiisuu



Kaayyoo: Sochii barrisuu qaama isaanii fayyadamanii ni'agarsiisu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkiilee simbirroofi billaanchaa, kaassetii faaruu,



Mala Raawwii:

- Fakkii sinbirroofi billaanchaa agarsiisuun maal akka fakkaatan, eessa akka jiraataniifi akkamitti akka jiraatan gaafachuun mariisisuu;
- Faaruu “ *Simbirroon ta'aa; nan barrisa..* ” jedhu sochii qaamaa wajjiin qindeessanii daa'imman wajjiin faarfachuu;



Madaallii: Sochii barrisuu qaama isaanii fayyadamuun agarsiisuu danda'uu isaanii yeroo sochii qaamaatiin raawwatan ilaaluun mirkaneeffadhu.

Gocha Sadii: Sagalee hordofuun socho'uu



Kaayyoo: Sochiilee qaamaa sagalee addaddaa wajjiin walitti ni qindeessu.



Meeshaalee Deeggarsaa: qorqoorroo akka dibbeetti tajaajilu, yookiin xaasaa, ulee ittiin rukutuuf tajaajilu,



Mala Raawwii:

- Daa'imman mooraa isaanii keessatti dirree irratti akka hiriiran gochuu;
- Xaasaa yookiin saanii qorqoorroo akka dibbeetti fayyadamuun rukutaa hordofuun taphachaa dirree irra hiriirani akka deeman gochuu;
- Rukuttaan yeroo dhaabbatu iddoo jiranitti akka dhaabbatan gochuun shaakalchiisuu;



Madaallii: Sagalee sochii qaamaa wajjiin walitti qindeessanii raawwachuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Afur: Ajajoota kennaman sochiilee qaamaa agarsiisaa raawwachuu,



Kaayyoo: Ajajoota kennaman hubachuufisochiilee qaamaanraawwachuuf niyaalu



Mala Raawwii:

- Tapha “*Eenyutu dursee beeka*” jedhu daa’imman lama duratti baasuun barsiisaa cinaa akka dhaabbatan gochuu;
- Barsiisaan sagalee osoo hindhageessisin sochii qaamaa qofaan ajajoota addaddaa ajajuu;
- Ajaja sana hubatanii akka hojii irra oolchan shaakalchiisuu;

Fakkeenyaaf:

- Daa’imman xiqqoo barsiisaarraa siqanii akka taa’an gochuu
- Barsiisaan sochii qaamaa fayyadamuun ka’aa, fiigaa, koottaa, taa’aa, jechuun ajajuun daa’immanis ajajicha hubatanii akka raawwatan gochuu
- Daa’imman hundi taphicha keessatti akka hirmaatan gochuu



Madaallii: Sagalee osoo hindhageessisin ajajoota addaddaa agarsiisuun daa’imman ajaja hubatanii raawwachu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Shan: Fakkiin yaadota ibsachuu,



Kaayyoo: Fakkiin yaadota ibsuu nishaakalu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Qubeessaa, waraqaa,



Mala Raawwii:

- Daa’immaniif waraqaafi qubeessaa kennuun wanta itti tolu akka kaasan gochuu;
- Maal akka kaasan hiriyootaaf akka agarsiisaniifi akka himan gochuu;

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Fakkii kaasan miiljalatti maqaa isaanii barreessuun kutaa keessatti maxxansuun daa'imman akka ilaalan gochuu



Madaallii: Fakkii filatanii kaasuun dandeettii waa kalaquu gabbifachuu jalqabuu isaanii mirkaneeffadhu

Gocha jaha: Tapha fakkaatanii tapachuu,



Kaayyoo: Fakkaatanii nitaphatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Meeshaalee fakkeessanii ittiin taphatan,



Mala Raawwii:

- Meeshaalee ittiin fakkeessanii taphatuuf barbaachisan guuttachuu;
- Daa'immanis tapha fedhaniifi gahee fedhan fudhatanii akka taphatan gochuu
- Daa'immaniif yeroo kennuun akka taphatan carraa kennuufii.
- Hordoffii taasisuu



Madaallii: Fakkeessanii taphachuun dandeettii kalaqa fayyadamuu isaanii mirkaneeffadhu.

2.1.5. Guca Daawwannaan Ittiin Gaggeeffamu

Maqaa mana barnootaa idilee duraa _____

Maqaa daa'imaa _____ Umrii _____ Koornayaa _____

Maqaa Barsiisaa/tuu _____ ji'a _____ bara _____

Waa'ee daa'ima daawwatamee sadarkaalee armaan gaditti kennaman keessaa sadarkaa daa'imichi irra jiru kan ibsu lakkoofsa isaa qofa roga *daawwannaa* jedhu jalatti barreessi.

Sadarkaalee:

1. Fooyya'uu barbaachisu

2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.

3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

Yaadachiisa: Gabateen guca hordoffii kun jalqaba, walakkaafi dhuma waggaa irratti guutamuu qaba.

Bu'aa eeggamuufi Gahumsa	Daawwii		
	Jalqaba waggaa	Walakkaa waggaa	Dhuma waggaa
1. ofhubachuu, ofitti amanuufi miira of kabajuu qabaachuu;			
1.1. Maqaa, umriifi koornayaa isaanii himuu nidanda'u.			
1.2. Hiriyaa haaraa horachuufi waljaalachuu nidanda'u.			
2. Kutaalee qaama namaa adda baafachuufi himuu,			
2.1. Kutaalee qaama namaa waamuu nidanda'u.			
2.2. Kutaalee nafa namaa addaddaa wantoota raawwataniin dubbachuu danda'u.			
3. Ija kunuunsuu;			
3.1 Ija isaanii kunuunsuu nidanda'u.			
4. Gurra kunuunsuu			
4.1 Gurra isaanii kunuunsuu nidanda'u.			
5. Miira fuunfachuun fayyadamuufi funyaan kunuunsuu			
5.1 Fuunfachuun foolii wantoota addaan nibaafatu.			
6. Miira ittiin dhandhamachuu arraba keenya kunuunsuu			
6.1 Mi'aa nyaata addaddaa dhandhamuun adda baafachuun himuu nidanda'u.			
7. Tuttuquun haalaawwan wantoota adda baafachuun			
7.1 Hoo'a adda baafachuufi tuttuquun miira			

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

itti dhagahame ibsuu nidanda'u.			
8. Fayyaa eeggachuufi seerota ittiin eeggatan shaakaluu			
8.1 Seera sirna nyaataa nishaakalu.			
9. Qaama ofeegumsan qabachuufi kunuunsuu			
9.1 Qaama kunuunsuufi ofeegumsan qabachuu nidanda'u.			
10. Maashaalee mul'atuufi hinmul'annetti/gurguddaafi xixiqqa/ fayyadamuu			
10.1 Kutaalee qaamaa wantoota addaddaatiif itti fayyadamuu nidanda'u.			
11. Bilisummaan kalaqa ofii ibsachuu			
11.1 Qaama isaaniitti fayyadamuun kalaqa isaanii ni ibsu.			

2.2. Haala Fudhatama Qabuun Namoota Biroo Waliin Walitti-dhufeenya Uumuu

2.2.1. Ibsa /Seensa

Haala fudhatama qabuun namoota biroo waliin walitti dhufeenya uumuu kan jedhu walitti dhufeenya daa'imman namoota biroo waliin qabaachuu qabaniifi hawaasummaa uumanirratti kan xiyyeeffatudha. Daa'imni tokko hordoffii warriifi barsiisonni isaa taasisaniifi walitti dhufeenya hiriyoota isaa waliin godhuun haalaan guddachaa miira hawaasummaas gabbifachaa deema. Yeroo daa'imummaatti, daa'imman yoo walitti dhufeenya hawaasummaa gaarii uumaniifi miira tasgabba'aa qabaatan jireenyaa isaanii gara fuulduraatti milkaa'ina argatu; mana barnootaattis hirmaannaa gaarii taasisuu. Jireenyi tasgabbaa'aan kan uumamu yoo kunuunsi yeroo daa'imummaatti godhameefi walitti dhufeenya hawaasummaa gaarii ta'e keessatti yoo guddataniidha. Daa'imman carraa kana osoo hinargatiin guddatan ofjibbuuf, aariif, sodaaf, ilaalcha gadaantummaafi kan kana fakkaataniif kan saaxilamaniidha.

Kanaafuu, muuxannoowwan fudhatama qabaniifi seera jireenyaa gaarii ta'e shaakaluu, miira ofii karaa sirrii ta'een ibsachuu, namoota biroo waliin walitti dhufeenya gaarii uumuu walumaa galatti jireenya hawaasummaa bu'a qabeessa ta'e gabbifachuuf daa'imummaarraa xiyyeeffannaan kennamuufii qaba. Barsiisonnis ta'an maatiin daa'immanitti waan sodaachisaa ta'e himuu dhiisuu, jechootaafi haasaa isaan sodaachisu itti dubbachuu dhiisuu, sodaa ofii daa'immanitti agarsiisuu dhiisuufi kanneen kana fakkaatan. . . raawwachuutu irraa eegama. Barsiisonni amala daa'ima maatii waliin mariyachuun waa'ee amala dhuunfaafi rakkoo hawaasummaa qaban gargaaruuf ogeeyyii waliin mariyachuu yookiin maatiin rakkoo sana hubachuun ogeessa akka mariisisan gochuun rakkoowwan jiran yeroon furaa deemuun murteessaadha.

2.2.2 Kaayyoo Waliigalaa

1. Daa'imman namoota naannoo isaanii jiran amala akka walbeekan, waliigalan, walgargaaran, kanneen kana fakkaatan akka qabaatan gochuuf:
2. Hiriyyootaafi naannoo oolanitti of eegannoo namoota taasisaniif adda baasanii beekuu fi namoota wajjiin walqunnamtii qaban amala hawaasa biratti fudhatama qabu shaakaluu fi agarsiisuun fedhii qabaatanii seera bu'uurajjoo ijoo ta'an akka baran gochuuf

3. Namoota biroo fi hiriyyoota isaanii wajjiin taphachuu, waliin hojjechuu wanta qaban walii qooduu, gochaalee garee keessatti karaa seera qabeessaan hirmaachuuf fedhii akka gabbifatan gochuuf,

2.2.3 Bu'aalee Eegamaniifi Gahumsawwan

1. Namoota naannoo isaanii jiran ilaaluun beekuuf fedhii agarsiisuu fi addaan baafachuu
 - 1.1. Hiriyyoota/Namoota naannoo isaaniitti argaman wajjiin taphatan, maatiifi namoota isaanii kunuunsan maqaa waamuu nidanda'u.
 - 1.2. Amala fudhatama qabu agarsiisuun wajjiin taphachuu nidanda'u.
 - 1.3. Waa'ee hiriyyootaa fi namoota wajjiin oolan ibsuu ni danda'u.

2. Ofeegumsa fi kunuunsa namoota taasisaniif adda baafachuufi akkamitti akka kunuunsan beekuu

- 2.1 Waa'ee namoota of eegumsa fi kunuunsa taasisaniif himuu nidanda'a.

3. Kanneen biroo kunuunsuufi wanta qabnu qooddachuu

- 3.1. Hojii garee keessatti hirmaachuun nishaakalu

2.2.4 Bu'aalee Eegaman, Gahumsoota, Meeshaalee Deeggarsaafi Malleen Raawwii

Bu'aa eegamu	Gahumsa
1. Namoota naannoo isaanii jiran ilaalu, beekuuf fedhii agarsiisuufi addaan baafachuu	1.1. Namootawaliin taphatan kan naannawaa isaanitti argamanmaqaa waamuufi bifaan addaan baasuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Daa'imman waliin taphatan bifaafi maqaan adda baasuu



Kaayyoo: Daa'imman waliin taphatan bifaafi maqaan adda nibaasu; namootas nibeeku.



Meeshaalee Deeggarsaa: kaassettii faaruu, huccuu xiqqoo (mahaarabbii)



Mala Raawwii

- Gamtaan tapha sochii qaamaa gaafatu akka taphatan gochuu
Fkn: ‘Simbirroo bareedduu...’
- Taphaan booda hiriyyoonni isaan waliin taphataan maqaan isaanii eenyu akka ta’e qubaan agarsiisaa akka himan gochuu
- Maqaa isaanii waamuu yoo dadhabanillee warri eeraman maqaa isaanii akka himaniifi akka harka rukutaniif gochuu



Madaallii: Daa’imman waliin taphatan bifaafi maqaan adda baasuu isaanii yeroo isaan dubbatan dhaggeeffachuudhaan akkasumas yeroo isaan agarsiisan ilaaluudhaan mirkaneessuu

Gocha Lama: Maqaafi koornayaa maatii isaanii himuu



Kaayyoo: Maqaafi koornayaa maatii isaanii nihimu



Mala Raawwii

- Barsiisaan maqaafi koornayaa maatii ofii daa’immanitti himuu
- Daa’immanis dabareen ka’uun maqaan haadhaafi abbaa isaanii eenyu akka ta’e, koornayaa waliin akka himan gochuu
- Koornayaa isaanii himuun yoo itti ulfaate itti yaadanii akka himan deeggaruu
- Daa’immanis maqaa maatii isaanii yoo wallaalan rakkisuu dhiisuufi yeroo itti aanutti gaafatanii akka dhufan gochuu



Madaallii: Maqaafi koornayaa maatii isaanii adda baafachuu danda’uu isaanii madaali.

Gocha Sadii: Hiriyyoota daree sagalee isaanii adda baafachuu



Kaayyoo: Hiriyyoota daree isaanii sagalee fi bifaan adda nibaafatu.



Mala Raawwii

- Daa'ima fedhii qabu tokko kaasuun fuuldura daa'immanii dhaabbachuun daa'imman waliin taphatu keessaa daa'imman sadii maqaa waamuun isaanis yommuu maqaan isaanii waamamu bahanii isa bira akka dhaabbatan gochuu
- Maqaa isaanii adda baasee hinbeeku taanaan bira dhaquun tuquun akka ka'anii bira dhaabbatan gochuu
- Itti aansuun daa'imman sagalee ol kaasuun maqaa isaanii akka himan gochuun jajjabeesuufi haala armaan gadiin tapha“Kan siwaame beeki!“ jedhuu ijoollee taphachiisuu:
 - Jalqaba daa'ima fedhiin bahe fuula isaa gara dhaaba manaatti garagalchee akka dhaabbatu gochuu
 - Hiriyyoota isaa sadan keessaa kan barsiisaan osoo maqaa hinwaamiin gara dhaaba manaatti naanna'ee akka dhaabbatu godhe maqaa akka waamu gochuu
 - Daa'imichi fuula isaa gara daa'immanitti naannessuun eenyu akka isa waame akka himu yookiin yoo maqaa wallaale akka qubaan agarsiisu gochuu
 - Daa'imichis hiriyyaa isaa sagaleen adda baasee beekuufi beekuu dhiisuu hiriyoonna akka mirkaneessan gochuu



Madaallii: Hiriyyoota daree isaanii sagaleefi suuraan adda baafachuu danda'uu isaanii hordofuun madaalaa,

Gocha Afur: Ogeeyyii mana barnootaa isaanii keessa jiraniin wal-baruu



Kaayyoo: Ogeeyyii mana barnootaaisaanii keessa jiran maqaan adda nibaasu.



Mala Raawwii:

- Barsiisaan/tuun fuuldura daa'immanii dhaabbachuun 'Ani eenyu?' jedhee gaafachuun maqaa barsiisaa/tuu isaanii akka himan gochuu

- Barsiisaa/tuufi guddistoota daa'imman fuuldura dhaabuun maqaa isaanii akka himan gaafachuu
- Itti aansuun, balbala barnoota idileen duraa keessatti baratan eenyutu eega? jedhanii gaafachuu;kutaa keenya kan qulqulleessu eenyu? jechuun gaafachuun hojjetoota mana barnootaa isaanii maqaan akka beekan gochuu
- Gochaalee taphaafi wantoota addaddaa barsiiftuun/saan gargaartuuf/aaf ergaa salphaa ta'e akka geessan gochuu;

Yaadannoo: Guddiftuufi gargaartuu barsiiftuun gargaartuuf ergaa salphaa ta'e akka geessan gochuu;guddiftuu fi gargaartuu barsiiftuu maqaa bira darbanii bifaan adda baasanii akka baran shaakalsiisuun barbaachisaadha.



Madaallii: Ogeeyyii mana barnootaaisaanii keessa jiran maqaan walbaruu isaanii yeroo hundaa hordoofuunmadaalaa.

Gocha Shan: Fakkii nama Jaallatanii kaasuu



Kaayyoo: Nama fedhan fakkii nikaasu; waa'ee nama fakkii kaasaniis nihimu.



Meeshaalee Deeggarsaa: waraqaa, qubeessaa abbaa halluu



Mala Raawwii

- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif waraqaafii qubeessaa abbaa halluu kennuun nama fedhan fakkii akka kaasan gochuu
- Yommuu xumuranis hiriyyoota dareef agarsiisuun eenyuun akka kaasan akka himan jajjabeessuu
- Dhumarrattis maqaa namicha daa'imni kaaseefi maqaa daa'imichaa miiljalatti barreessuun bakka mul'atu kutaa keessatti maxxansuu



Madaallii: waan isaanitti toleefi nama kaasuu barbaadan kaasuufi eenyu akka ta'e himuu isaanii madaalaa.

Bu'aa eegamu	Gahumsa
1. Namoota naannawa isaanii jiran ilaaluu, beekuuf fedhii qabaachuufi addaan baafachuu	1.2. Amala fudhatama qabu agarsiisuufi wajjiin taphachuun nidanda'u.

Gocha Tokko: Naamusa dubbannaa fudhatama qabu hordofuu



Kaayyoo: Naamusa dubbannaa fudhatama qabu hordofuu nishaakalu.



Mala Raawwii:

- Mooraa mana barnootaakeessa haala daawwannatiin akka naanna'an gochuu,
- Itti aansuun gaaffilee addaddaa gaafachuu;
Fkn "Kutaa keessaa baanee daawwannaa kan deemne eessa ture?Maal fa'ii argine?"
- Gaaffii yeroo gaafataman seera eeganii akka dubbatan shaakalchiisuu;
- Yeroo dubbatan harka ofii akka hinsukkuumne, quba afaan keessa akka hingoone hubachiisuu;

Madaallii: Yaada isaaniiyeroo ibsatan seera haasa'aa eeganii dhiheessuu hordofuu fi amala fudhatamu mul'isuuf yaaluu isaanii mirkaneeffadhu,

Gocha Lama: Seerota bu'uuraa yeroo taphaa hubachuu



Kaayyoo: Seerota bu'uuraa yeroo taphaa nihubatu.



Mala Raawwii:

- Yeroo taphaa seerotabu'uuraa taphaa beekuu isaanii gaafachuu;
- Kanaan booda waa'ee seerota taphoota garagaraa ibsuufii;
- Seera taphaa eeganii akkamitti akka taphachuu qaban itti himuu; Yeroo taphaa hiriyyoota arrabsuu, dhahuu kanneen kana fakkaatan akka hin barbaachifne xiyyeeffannoo itti kennuun daa'imman akka hubatan gochuu
- Akkuma isaan taphachuu fedhan hiriyyoonni isaaniis taphachuu akka fedhan akka hubatan gochuu

Yaadannoo: Sochii guyyuun taasisan keessatti seerota taphaa hordofuun taphachuuf yaaluu isaanii adda baafachuun barbaachisaadha.



Madaallii: Gaaffilee garagaraa gaafachuun yeroo taphaa seerota bu'uuraa yeroo taphaa hubachuu isaanii madaalaa.

Gocha Sadii: Amaloota fudhatama qaban adda baafachuu;



Kaayyoo: Amaloota fudhatama qaban addaan nibaafatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Kitaabilee durdurii



Mala Raawwii:

Amaloonni fudhatama qaban dhiifamagaafachuu, sobuu dhiisuu, dhugummaa, galata galchuufi kanneen kana fakkaatan durdurii gabaabaa barsiisuu danda'u seenessuu;

- Seenessuu durduriitiin booda durdurii keessatti qooddataa kamiin akka jaallatan, gaafachuu;
- Seenicha keessatti waa'ee qooddataa amala gaarii qaaburratti marii taasisuun amala gaarii akka adda baasan gochuu

Yaadannoo: Amalli fudhatama qabu maal akka ta'e wayitii tokko qofa keessatti barsiisanii

xumursiisuun waan hindanda'amneef yeroo addaddaatti barsiisuun nidanda'ama.



Madaallii: Amaloota fudhatama qaban adda baafachuu isaanii gaafachuun mirkaneeffadhaa.

Gocha Afur: Amaloota fudhatama hinqabne adda baasuu



Kaayyoo: Amaloota fudhatama hinqabne adda nibaasu; ittisuufis niyaalu.



Mala Raawwii:

- Amaloonni gaarii hintaaneefi fudhatama hinqabne maalfaa akka ta'an muudannoo addaddaa itti himuun akka hubatan gochuu
- Yeroo haasaa amaloonni sirrii hintaane maalfaa akka ta'an gaafachuun mariisisuu
- Yeroo haasa'aa sochiilee qaamaa barbaachisaa hintaane;

Fkn: harka walitti riguu, quba hodhuu, qeensa ciniinaa haasa'uu, kolleetaa shamizii ciniinaa haasa'uufi kanneen kana fakkaatan gochuu akka hin qabne barsiisuu;

- Yeroo haasaa taasisan amaloota sirrii hintaane maal maal akka ta'e gaafachuu;
- Yeroo taphaatti amaloota sirrii hintaane maal maal akka ta'an daa'imman mariisisuu;

Fkn: Hiriyyoota arrabsuu, dhahuu, darbuu, meeshaa taphaa harkaa butuu fi kanneen kana fakkaatan



Madaallii: Amaloota fudhatama qaban adda baafachuu isaanii fi yeroo haasaa fayyadamuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.

Bu'aa eegamu	Gahumsa
1. Namoota naannoo isaanii jiran ilaaluu, beekuuf fedhii qabaachuu fi adda baafachuu	1.3. Waa'ee hiriyyootaa fi namoota wajjiin oolan ibsuu nidanda'u.

GochaTokko: Miseensota maatii adda baafachuufi ibsuu



Kaayyoo: Miseensota maatii adda ni baafatu; ni'ibsu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkii miseensotamaatii agarsiisuu



Mala Raawwii:

- Fakkii addaddaa miseensota maatii qabu agarsiisuun waan suuraarra jiru ilaalaa miseensota maatii kan jedhaman eenyufaa akka ta'an akka himan gochuu;
- Maatii mana isaanii keessa jiran tarreessuun akka himan jajjabeessuu;

Fakkeenyaaf: Mana keessan keessatti isin wajjiin, walwajjiin kanneen jiraatan miseensi maatii eenyu eenyu fa'i? Mana keessatti hojii maal hojjetu? Kanhojjetan yoo ta'e hojii akkamii hojjetu? fikanneen kana fakkaatan

- Deebii isaanii erga dhaggeeffattanii booda miseensonni maatii namoota mana tokko keessa waliin jiraatan, hojii garagaraa hojjechuun walgargaaraa waliin jiraatan ta'uu hubachiisuu.



Madaallii: Miseensota maatii adda baafachuu fi ibsuu danda'uu yeroo yeroon gaafachuun madaalaa.

Gocha Lama: Namoota koornayaafi umriin adda baafachuu



Kaayyoo: Namoota koornayaafi umriin adda nibaafatu.




Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkii namootaa fi fakkii uffata gosa addaddaa qabatee jiru.



Mala Raawwii:

- Fakkii/Suura namootaafi fakkii uffata gosoota addaddaa qabatee jiru itti kennuu;
- Itti aansuun akaakuuwwan uffataa kam namoonni kam uffachuu akka danda'an fakkii gadii kana bifa taphaatiin walitti akka firoomsan gargaaruu;



- Namoonni addaddaa akkuma kana uffata addaddaa fi fakkiwwan kophee itti agarsiisuu;
- “Kopheen kun eenyuuf ta’a? Shamiziin kun guddaa moo xiqqaadha?Eenyutti ta’a? “ fi kanneen kana fakkaatan adda baafachuun gaaffilee dhiheessaafii;
- Waa’ee uffata Ashaangulliitii /intalashee/guddaafi xiqqaa fayyadamuun barsiisuu;



Madaallii: Uffataa fi kopheewwan umrii namootaa wajjiin walitti firoomsuun namoota ibsuu danda’uu isaanii mirkaneeffadhaa

Gocha Sadii: Namoota isaan waliin hojiirratti hirmaatan adda baafachuu



Kaayyoo: Wajjiin hojjechuun waa’ee namoota walbaranii ni ibsu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Gimboolaa/guuboo/balfa itti gatan;



Mala Raawwii:

- Mooraa mana barnootaa idilee duraa fi kutaa isaanii keessa, baala ,waraqaawwan, gareen ta’uun akka sassaaban gochuu;
- Balfa sassaaban meeshaa balfa itti gatuuf qophaa’e keessa akka kaa’an agarsiisuu;
- Yoo xumuran harka isaanii bishaanii fi saamunaan sirritti akka dhiqatan gochuu;
- Dhumarratti barsiisaan namoota balfa isaan wajjiin sassaabaa turan maqaa miseensota garee isaanii akka himan gochuu;



Madaallii: Kanneen biroo wajjiin hojjechuun namoota isaan wajjiin jiran ibsuu jalqabuu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Afur: Wajjiin hojjechuun amala gaarii gabbifachuu



Kaayyoo: Wajjiin hojjechuun amala hawaasaan fudhatama qabu nigabbifatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: waraqaa, qubeessaa, qalama halluu qabu.



Mala Raawwii:

- Barsiisaan/tuun waraqaa guddaa irratti fakkii abaaboo bareedaa ka'ee jiru irratti tasgabbiin qalama bareedaa mul'atu dibuu
- Adeemsa ittiin diban daa'immanitti agarsiisuu
- Minjaala isaanii irratti qubeessaa abbaa halluu wajjiin akka fayyadaman kennuufii;
- Tokkoo tokkoo isaaniiffakkii waraqaa xiqqoo irratti kaafamteefi minjaala gamtaan itti fayyadamanirratti qubeessaa abbaa halluu kennuufii
- Qubeessaa halluu walirraa ergifachuun yeroo diban hiriyyoota isaaniinqubeessaa abbaa halluu diimaa naaf kenni?" Qubeessaa abbaa halluumagariisa qabu naaf kenni?jedhanii gaafachuun shaakalchiisuu;
- Abaaboo qalama diban hiriyyootaaf yookiin mucaaasaan bira taa'ee jiruuf akka kennan gochuu;
- Kennaa kan fudhatu galateeffatee akka fudhatu/ttu barsiisuu;
- Kennuufi fudhachuu akkasumas kabaja akka shaakalan barsiisuu;



Madaallii: Wajjiin hojjachuun hawaasa biratti amala fudhatama qabu gabbifachuu jalqabuu isaanii hordofuu;

Gocha Shan: Waa'ee namoota fi wantoota jaalataniif faarfachuu



Kaayyoo: Waa'ee namoota fi wantoota jaallataniif faarfachuun amala fudhatama qabu nihubatu;



Meeshaalee Deeggarsaa: Kaasettii faaruu



Mala Raawwii:

- Faaruu kanaan dura waa'ee namootaafi wantoota jaalatan itti faarsan barsiisaa waliin akka faarsan gochuu
- Erga faarsanii xumuranii boodas qabiyyee faarfannichaarratti gaaffiiwwan tokko tokko gaafachuun akka hubatan gochuufi ijoo dubbii faaruu hubachiisuu



Madaallii: Waa'ee namootaafi wantoota jaalataniif faarfachuun waa'ee amala fudhatama qabuu hubachuu isaanii gaafachuun mirkaneeffadhu;

Gocha Jaha: Faayidaa gorsaafi ajaja dhaggeeffachuun qabu



Kaayyoo: Gorsaafi ajaja manguddootaa dhaggeeffachuun faayidaa akka qabu hubachuuf yaalu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Kitaabilee durdurii



Mala Raawwii:

- Waa'ee “Hantuutaafi adurree” adeemsa seenessuu hordofuun daa'immanitti himuu

Fkn: Ilmoo Hantuutaafi Adurree



Gaaf tokko ilmoon adurreefi hantuutaa wajjiin taphachaa oolan. Galgala ilmoon hantuutaa waan irra oolte haadha isheetti himte. “Kan har’a wajjiin taphachaa oole dabbasaan ishee nama marara; ijji fi eegeen ishee namatti tola” jette. Haati hantuutaa ilmoo adurree ta’uu bartee, “Sanyii keenya kan fixe isaan; lammata wajjiin hin taphatin,” jetteen.

Ilmoon adurrees kan wajjiin taphachaa oolte haadha isheetti himte. “Eegeen ishee qal’aa dheeraadha; miilli ishee gabaabaadha; garaadhaan waan deemu fakkaatti. Fuulliifi ijji ishee nama marara,” jetteen. Haati adurrees, ilmoo hantuutaa ta’uu hubatee, “Sanyiin ishee soorata keenya; boru qabii nyaadhu,” jetteen. Ganama ilmoon adurree ilmoo hantuutaatiin, “Koottu ni taphannaa” jetteen. Ilmoon hantuutaas, “Kan haati kee sitti himte haati koos natti himtee jirti,” jettee didde jedhama.

- Bifa gaaffiifi deebiin qabiyyee seenichaa erga hubatanii booda ergaas akka hubatan gochuu Fakkeenyaaf, gorsaafi ajaja warraa hojiirra oolchuu dhiisuun balaaf nama saaxiluu akka danda’u akka hubatan, yoo balleessan immoo dhiifama gaafachuu....



Madaallii: Faayidaa gorsaafi ajaja warraa hojiirra oolchuun qabu hubachuu isaanii mirkaneessuu

Bu’aa eegamu	Gahumsa.
2. Namoota kunuunsaafi eegumsa taasisaniif adda baafachuufi akkamitti akka isaan kunuunsan beekuu	2.1. Namoota of eegumsaafi kunuunsa taasisaniif himuu nidanda’u.

GochaTokko: Namoota of eegumsafi kunuunsa taasisaniif hubachuu



Kaayyoo: Namoota of eegumsafi kunuunsa taasisaniif nihubatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: kitaabilee durdurii /sheekko, fakkiileefikanneen kana

fakkaatan



Mala Raawwii:

- Bifa Durduriitiin yookiin muudannoo namootaa nama biroof yaadaniifi of eegumsaagarsiisu dhiheessuu;
- Namoonni ofii ofii isaaniitii akka walitti hin aarre /wal hinmiine/akkamitti of eegumsa akka taasisaa turan kan hubatan irratti akka mari'atan taasisuu;
- Miira namoota biroo hubachuu fi kanneen biroo akka hindallanne/hin mufanne gochuun gaarii akka ta'e akka hubatan gochuu;



Madaallii: Namoota of eegumsaafi kunuunsa taasisaniif hubachuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Lama: kunuunsamaatiin taasisaniif hubachuu



Kaayyoo: Daa'imman kunuunsa maatiin taasisaniif nihubatu



Meeshaalee deeggarsaa: kaassettii faaruu, meeshaalee fakkeessanii taphachuuf

barbaachisanifi kanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

- Faaruu“Harmee /Abbaa koon jaaladha”jedhu akka faarfatan gochuu
- Waan haadhaafi abbaan kunuunsaafieegumsa godhaniif akka himan gaaffilee garagaraa gaafachuu;
- Mana keessattiifi manaan alatti kunuunsa warri daa'immaniif godhan ibsuufii

- Fakkeessanii taphachuun caalatti taphaan maatii keessatti akka hirmaatan jajjabessuu;

Yaadannoo: Taphni daa'imman hundaa hirmaachisuu dhabuu danda'a waan ta'eef daa'imman hintaphanne haala itti taphachuu danda'an yeroo hundaahaala mijeessuufiin barbaachisaadha. Kanneen biroo tapha fakkeessanii taphachuu irratti hirmaannaa hinqabne, barumsaa ijaarsaa fi kanneen kana fakkaatan taphoota biroo akka taphatan haala mijeessaa



Madaallii: Maatiinakkamitti akka isaan kunuunsaniifi of eegumsa taasisaniif hubachuu isaanii gaafachuun mirkaneeffadhu.

Gocha Sadii: Fakkii namoota kunuunsa isaaniif godhanii halluu dibuu



Kaayyoo: Fakkii namoota kunuunsa isaaniif godhanii halluu nidibu; akkamitti akka kunuunsanis nihimu.



Meeshaalee deeggarsaa: Fakkiilee abbaa, haadhaa, guddiftootaa, barsiisotaa, Qubeessaa, abbaa halluufi kanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

- Fakkiilee abbaa, haadhaa, guddiftuu, barsiisotaa halluu akka diban itti kennuu;
- Erga halluu dibanii xumuraniis fakkii eenyuu halluu akka diban, warri, barsiisonniifi hakiimonni akkamitti akka kunuunsan gaaffii gaafachuun akka himan gochuu
- Deebii isaanii erga dhaggeeffattanii booda warri, barsiisonniifi hakiimonni akka isaan jaallatan, kunuunsaniifi balaarraa akka isaan eegan itti himuun guduunfuu



Madaallii: Maatiin/Guddiftoonni akkamitti akka isaan kunuunsaniifi of eegumsa taasisaniif hubachuu isaanii gaafachuun mirkaneeffadhu.

Gocha Afur: Guyyaa boqonnaa waan warri isaanii godhaniif himuu



Kaayyoo: Guyyaa boqonnaa waan warri isaanii godhaniif himuuf niyaalu.



Mala Raawwii:

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Guyyaa Sambataafi Dilbataa yommuu mana oolan waan warri godhuuf akka himan gaaffii addaddaa gaafachuun akka himaan gochuu
- Maatiin qaama isaanii akka dhiquuf, mana firaafi bashannana akka qabataniif wajjiin deeman itti himuun waan baay'ee akka isaaniif godhan hubachiisuu
- Isaanis mana keessatti hanga humna isaaniitti maatii isaanii gargaaruu akka qaban waan maatiin itti himan dhaga'uu akka qaban hubachiisuu



Madaallii: Guyyoota boqonnaa isaanii waan warri isaanii isaaniif godhan yaadataniif himuuf yaaluu isaanii dhaggeeffachuun madaalaa;

Bu'aa eegamu	Gahumsa
3. Kanneen biroo kunuunsuufi wanta qabnu waliif qooduu	3.1. Hojii garee keessatti hirmaachuu nishaakalu.

Gocha Tokko: Kanneen biroo wajjiin hojjechuu



Kaayyoo: Kanneen biroo wajjiin hojjechuu nishaakalu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkii abaaboo/kan hindibamne/qubeessaa,

Qubeessaawwan halluu /qalamaa/fi kanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

Namoota jaalataniif kennaa akka qopheessan itti himuun fakkii abaaboo ka'eegaruu kan hindibamne itti kennuu;

- Halluu gareen waliif kennaa, fudhachaa akka diban gochuu fi fakkii diban eenyuuf akka kennan gaafachuun mariisisuu;
- Fakkii nama fedhaniif akka kennan jajjabeessuu;



Madaallii: Kanneen biroo wajjiin; walwajjiin walii galanii hojjechuu danda'uu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Lama: Kanneen biroo wajjiin taphachuu



Kaayyoo: Kanneen biroo wajjiin waliigalteen taphachuu nishaakalu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Meeshaalee taphaagola keessatti argaman



Mala Raawwii:

- Dareen alatti tapha fedhan akka taphatan gochuu
- Waliigalteen taphachaa jiraachuu dhiyeenyaan hordofuu
- Taphaan boodas eenyu waliin akka taphatan, maal akka taphatan gaafachuun haala gaariin kanneen taphatan dinqisiifachuufi jajjabeessuun beekamtii kennuu, amaloonni hinbarbaachifne yeroo itti aanutti fooyya'uu akka qaban hubachiisuu;
- Kanneen biroo wajjiin walii galanii taphachuu isaanii akka shaakalan haalota mijeessuufi yeroo taphatan hordofuu;



Madaallii: Kanneen biroo wajjiin walii galanii bilisaan taphachuu isaanii hordofuunmadaalau.

Gocha Sadii: Ajaja fudhachuun hojiirra oolchuu



Kaayyoo: Ajaja fudhachuun hojiirra ni'oolchu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Meeshaalee daree keessatti argaman



Mala Raawwii:

- Kutaa isaanii keessatti meeshaalee argaman akka sirreessan yeroo addaddaatti ajaja kennuu;
- Hojiilee sasalphaa gargaarsa malee hojjechuu akka shaakalan gochuu;**Fakkeenyaaf,** Meeshaalee ittiin taphattan walitti qabaatii korojoo/kaartoonii/keessa galchaa jechuun ajajuu fi kan ajajaman yeroo raawwatan hordofuu fi yeroo xumuran onnachiisuu;



Madaallii: Ergaa fudhachuun hojiirra oolchuu isaanii hordofuu

GochaAfur: Meeshaalee itti tajaajilamaniifi kutaa isaanii sirriitti qabachuu



Kaayyoo: Meeshaalee itti tajaajilaman, meeshaalee taphaafi kutaa isaanii sirriitti qabachuu nishaakalu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Meeshaalee taphaa, meeshaa kosii itti gatan, meeshaa laaqanaa/nyaata isaanii/



Mala Raawwii:

- Meeshaalee ittiin taphataniifi meeshaalee kutaa isaanii keessaa seeraafi haala bareedaa ta'een kutaa keessa taa'an roga isaa itti agarsiisuu;
- Itti aansuun haala sirriin roga hinsirroofne itti agarsiisuu;
- Yeroo argan miira itti dhagahame akka himan, nama gammachiisaa? Maal inni kan namatti tolu? jechuun gaafachuufi mariisisuu;
- Wanti isaan gammachiiseef wanti hunduu seeraan taa'ee waan arganiif, seeraan kan taa'eef immoo daa'imman yeroo ittiin taphatani xumuran meeshaalee taphaa hundaan iddoo isaatti waan deebisaniif akka ta'e hubachiisuu;
- Faallaa kanaatiin meeshaalee taphaa faffaca'anii jiran roga inni jiru yoo argan waan itti dhagahame gaafachuu fi mari'achiisuu.
- Maaliif akka walkeessa makame akka hubatan gochuun guduunfuu



Madaallii: Meeshaalee ittiin tajaajilamaniifi meeshaalee taphaa karaa sirriin itti fayyadamuufi iddoo sirrii kaa'uu isaanii hordofuun.

2.2.5.Unka Daawwannaa Ittiin Gaggeessan

Maqaa mana barnootaa idileen duraa _____

Maqaa daa’imaa _____ umrii _____ koornayaa _____

Maqaa Barsiisaa/tuu _____ ji’a _____ bara _____

Waa’ee daa’ima daawwatamee sadarkaalee armaan gaditti kennaman keessaa sadarkaa daa’imichi irra jiru kan ibsu lakkoofsa isaa qofa roga *daawwannaa* jedhu jalatti barreessi.

Sadarkaalee:

1. Fooyya’uu barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangaahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

Yaadachiisa: Gabateen hordoffii kun jalqaba,walakkaafi dhuma waggaa irratti guutamu irra jiraata.

Gahumsa/galma	Daawwii		
	Jalqaba waggaa	Walakkaa waggaa	Dhuma waggaa
1. Namoota ollaa isaanii jiran ilaaluun walbaruuf fedhii agarsiisuu fi adda baafachuu			
1.1.Hiriyoota/Namoota wajjiin taphataniifi naannawa isaaniitti argaman, maatii fi namoota isaan kunuunsan maqaa yaamuu ni danda’u			
1.2. Waa’ee hiriyoota isaanii fi namoota wajjiin oolaniibsuu ni danda’u.			
1.3. Amala fudhatama qabu agarsiisuun namoota wajjiin taphachuu danda’u.			
2. Namoota of eegumsa fi kunuunsa taasisanii fi adda baafachuu fi akkamitti akka isaan kunuunfatan beekuu			
2.1.Namoota isaaniif kunuunsaafi ofeegumsa taasisaniif himuu danda’uu			
3. Kanneen biroo kunuunsuu fi wanta qabnu waliif qooduu			
3.1.Hojii garee keessatti ni hirmaatu			

2.3. Afaanitti Sirnaan Fayyadamuu

2.3.1. Ibsa waliigalaa

Afaan bifa sirna qabeessa ta'een walii galuuf, yaadaan, miiraan, fedhiifi kanneen kana fakkaatankan biroof ibsuuf meeshaa dandeessisuudha. Afaan baay'ee faayida qabeessa kan ta'e argannoo daa'imummaa jalqabaa yoo ta'u daa'imman namoonnii naannawa isaanii jiran kan dubbatan akka hubataniifi isaanis yaada, fedhiifi miira isaanii akka ittiin ibsatan deeggaruun dabalatee odeeffannoo naannawa jiraatanii akka argataniifi naannoo isaanii caalatti akkabeekaniifi hawwii isaanii ittiin dhugoomsachuufkan gargaarudha. Daa'imman waggaa jalqabaa jechoota jalqabaa baasuu jalqabu. Jechoonni kunneen soorata, meeshaalee taphaa, wantoota dhiyeenyatti argataniifi argan namootaa fi meeshaalee wajjiin kanneen walqabatu ta'a.

Umrii waggaa lamaa irratti daa'imman jechoota walitti ijaaranii gaaleefi jechoota sochii qaamaa waliin walitti gurmeessuun fedhiwwaniifi yaadotaisaanii ibsachuun jalqabu. Naannoo umrii waggaa sadii yoo ta'an daa'imman umrii isaaniitiin walgitanii fi gaheessota wajjiin walqunnamtii uumaniin naannoo isaanii beekuuf carraaqqii taasisaniin/gaaffilee gaafachuun /guyyaa gara guyyaatti kuufama jechootaa dabalataa deemuu bira darbee jechoota walitti hidhanii seerluga isaa eeguu yaaluufi yaada isaanii ibsachuuf carraaqqii ni taasisu.

Inni kun gabaabinaan kanneen eeraman afaan daa'immanii umriifinaannoo isaanii wajjiin walitti hidhatiinsa qabuufi deeggarsa argatan irraa ka'anii sadarkaa sadarkaan fooyyessaa dhufu. Kana ta'u irraa ka'ee daa'imman jecha baasuuf carraa dhaggeeffachuu argachuu kan qaban ta'ee, haasaa akka shaakalan kan dhaggeeffatan jechaan baasuu fi miira isaaniin ibsuufi dadammaqinaan dubbachuuf carraa argachuu qabu. Afaan gabbisuu, yaada gabbisuu, jireenya hawaasummaa wajjiin walqunnamuu fi naannoo irratti deeggarsa taasifamu waliin kan walqabate ta'uu hubachuun daa'imman umrii fi sadarkaa dandeettii afaanii itti gabbifatan kana irraa jalqabee deeggarsi barbaachisu godhamuufii qaba. Deeggarsi kunis gahumsa /sadarkaa irra jiran/wajjiin kan walmadaalee fi kan irra gahuu qaban xiyyeeffannoo keessa kan galchee ta'uu irra jiraata.

2.3.2. Kaayyoo Waliigalaa

1. Dandeettiixiyyeeffannoon dhaggeeffachuufi yaadadubbiin ibsachuufi akka gabbifatan gochuuf;
2. Beekumsa/hubannoo fayyadama jechootaa akka dabalann gochuuf;

3. Ajaja qajeelfamoota sasalphaafi dhaggeeffatanii muuxannoo deebii kennuu/deebisuu akka gabbifatan gochuuf;
4. Sadarkaa isaaniitti dubbisuu fi barreessuuf qophii akka qabaatan gochuuf,

2.3.3. Bu'aalee Eegamuu fi Gahumsa

1. Odeeffannoo qixa sirrii ta'een dhaggeeffachuufi haalawwan addaddaatti deebii qajeelaa kennu;
 - 1.1. Sagaleewwanii fi ajajoota addaddaatiif deebii kennuu nidanda'u.
 - 1.2. Sagaleewwanaddaddaa dhaggeeffachuun adda baafachuufi kallattiiwwan mul'isuunidanda'u.
 - 1.3. Faaruwwan gaggabaaboo dhaggeeffachuun deebisanii faarfachuu nidanda'u.
2. Haalota addaa addaatti ofitti amantaa karaa sirrii ta'eefi hiika kennuu danda'uun haasaafi mallattoolee afaaniitiin walii galuu
 - 2.1. Ajajootafi qajeelfamoota hordofuu nidanda'u.
3. Dubbisani gammaduu, beekumsa argachuufi hubachuu
 - 3.1. Fakkiiwwaniifi bocaawwan ilaaluun adda baafachuun nidanda'u.
4. Qindoomina ijaafi sochii harkaa gabbifachuu fi barreessuuf qophaa'uu;
 - 4.1. Sochii harkaafi ijaa walitti qindeessuu nishaakalu.

2.3.4. Bu'aalee Eegaman, Gahumsaawwan, Meeshaalee Deeggarsaafi Malleen Raawwii

Bu'aa eegamu	Gahumsa
1. Odeeffannoo qixa sirrii ta'een dhaggeeffachuufi haalotaaddaddaatiif deebii sirrii kennuu	1.1. Sagaleewwaniifi ajajoota addaddaatiif deebii kennuu nidanda'u

Gocha Tokko: Sagalee dhaggeeffatanii fakkeessuu;

Kaayyoo: Sagalee dhaggeeffatan fakkeessanii nidhageessisu.

Mala Raawwii:

- Daa'ima haala geengoo walakkaatti yookiin boca''C'' akka taa'an gochuu;

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Fuuldura daa'immanii dhaabbachuun sagaleewwan addaddaa daa'immaniif dhaggeessisuu;
- Sagaleewwan dhaggeeffatan hundi isaanii yeroo tokko akka dhaggeessisan jajjabeessuu;
- Haala sagalee itti dhageessisan ilaaluun sagalee sirrii daa'imman hindhageessifne yoo jiraatan deebisaanii akka dhageessisan jajjabeessuu;
Fkn:aa,haa,haa, bum,bum,bum,laa,laa,diriin,diriin,diriin fi kanneen kana fakkaatan
- Daa'imni taphachiisuu fedhu yoo jiraate; gaafachuun innis akka barsiisaa ta'ee akka taphachiisu carraa kennuu fi yeroo taphachiisu jajjabeessuu;

Yaadachiisa: Daa'imman sagalee humnaa olii dhageessisanii qoonqoo fi gurra akka hin miine sagalee murtaa'aa akka dhageessisan godhaa.



Madaallii: Sagalee dhagahan fakkeessanii dhageessisuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.

Gocha lama: Akaakuusagalee adda baafachuu fi fakkeessuu



Kaayyoo: Akaakuuwwan sagalee addaddaa addaan nibaafatu; akkasumas sagaleewwan fakkeessanii nidhageessisu.



Meeshaalee Deeggarasaa: Fakkiilee Bineeldotaa, ilbisootaafi Sinbirrootaa



Mala Raawwii:

- Fakkiilee beeyladoo addaddaa agarsiisuun maal akka ta'an gaafachuu;
- Maqaalee beeyladoo akka himan gochuu;
- Barsiisaan sagalee beeyladoo fakkeessanii dhageessisuun daa'imman immoo sagalee beeyladaa kamii akka ta'e akka tilmaaman gochuu;
- Daa'imman sagalee fakkeessanii akka baasan gaafachuun jajjabeessuu;



Madaallii: Akaakuuwwan sagalee addaddaa adda baafachuu fi sagaleewwan fakkeessanii dhaggeessisuu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Sadii: Faaruu dhaggeeffachuun deebisanii faarfachuu;



Kaayyoo: Faaruu dhaggeeffatan deebisanii nifaarfatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Kaassettii faaruu



Mala Raawwii:

- Faaruulee daa'immanii gaggabaaboo addaddaa sochiilee qaamaa murtaa'aa ta'e fayyadamuufi yeedaloo hordofuun faarsuu;
- Daa'immanis faaruu dhaggeeffatan deebisanii yeedaloo eegani akka faarfataniifi sosochii qaamas gochuu; **Fakkeenyaaf:** "Suuta suuta jettee daarabaafuun" "Simbirroon ta'aa" fi kanneen kana fakkaatan



Madaallii: Faaruu dhaggeeffatan deebisanii faarfachuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Afur: Sheekkoo dhaggeeffatanii hubachuu



Kaayyoo: Sheekkoo dhaggeeffatanii gaaffilee durdurii keessaa bahaniif deebii sirrii ta'e nikennu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Kitaaba Sheekkoo



Mala Raawwii:

- Daa'imman boca 'C' afata lafaa irra akka taa'an gochuu
- Sheekkoo umrii isaaniitiin walmadaalu seenessuufii;
- Gaaffilee sheekkoo keessaa bahan walduraa duubaan akka deebisan gochuu;
- Qabiyyee sheekkoo akka hubatan gochuu;



Madaallii: Sheekkoo dhaggeeffatanii gaaffilee sheekkoo keessaa bahan sirritti deebii deebisuu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Shan: Ajaja dhaggeeffachuun hojiirra oolchuu



Kaayyoo: Ajajoota sasalphoo fudhatanii hojiirra ni oolchu.



Meeshaalee Deeggarsaa: meeshaalee kutaa isaanii keessa jiru



Mala Raawwii:

- Ajajootaafi ergaawwan gaggabaaboo daa'immanii fi jechaan itti himuu;
- Ajajoota dhaggeeffatanii akka raawwatanii fi ergas akka dabarsan jajjabeessuu;

Fakkeenyaaf: Boorsaa koo naa fidi; Isa kana barsiisaa _____ f kenni,

Barsiiftu _____ koottu jedhii yaamifi kanneen kana fakkaatan

Madaallii: Ajajoota sasalphoo fudhatanii raawwachuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Jaha: Gochaalee dubbiin ibsuu



Kaayyoo: Gochaalee garaagaraa ilaaluun dubbiinniibsu.



Meeshaalee Deeggarsaa: fakkiilee yeroo namoonni gochaalee garaagaraa raawwatan

agarsiisu



Mala Raawwii:

- Fakkiilee namoota gochaawwan garaagaraa raawwatan agarsiisu itti mul'isu;
- Fakkiilee irratti namoonni maal akka hojjechaa/gochaa/ jiran gaafachuun akka dubbatan jajjabeessuu;
- Yoo itti ulfaata ta'e fuulchaa gabaabaa kennuufii;Fakkeenyaaf: mucaan maal isaa dhiqachaa jira? Dubartittiin maal qabatee jirti?fi kanneen kana fakkaatan



Madaallii: Gochaalee garaagaraa ilaaluun haasaan/dubbiin ibsuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.

Gocha Torba: Sagaleewwaniifi fakkii walitti firoomsuu



Kaayyoo: Sagaleewwan dhagahanfakkiin walitti nifiroomsu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkii beeyladoota, allaattiiwwaniifi ilbiisotaa



Mala Raawwii:

- Fakkiilee beeylada addaddaa mul'isuu daa'immaniif hiruu;
- Barsiisaan/tuun sagalee beeylada yoo dhageessisu fakkiibeeyladaa sagalee dhagahanii daa'imman qabatanii jiran olkaa'uun hiriyoota golaatti akka agarsiisan gochuu;
- Daa'imman fedhii qabanis bakka barsiisaa dhaabbachuun sagalee beeyladaa akka dhageessisan gochuun taphachiisuu



Madaallii: Sagaleewwaniifi fakkii walitti firoomsuu isaanii mirkaneeffadhu

Gocha Saddeet: Tapha halluu adda baasuu taphachuu



Kaayyoo: Ajaja fudhatanii nitaphatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: rivaanii/huccuu/ halluu diimaa, cuquliisaa fi keelloo qabu.



Mala Raawwii:

- Daa'imman geengoon teessisuu;
- Harka isaaniirratti huccuu diimaa, cuquliisaa fi keelloo itti hidhuu;
- Adeemsa taphichaa dursanii itti himuu
- Warroonni halluu keelloo hidhattanii jirtan ka'aatii harka walitti rukutaa, kanneen diimaa hidhattan utaalaa fi kanneen cuquliisa hidhattani immoo mudhii keessan qabadhaa jechuun taphachiisuu;

Yaadannoo: Daa'imman tasgabbaayanii dhaggeeffachuu kan danda'an namni isaan dhaggeeffatu yoo argataniifi namoonni biroos xiyyeeffannoo itti kennanii yoo

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

dhaggeeffataniin waan ta'eef barsiisaan/tuun yeroo kamittuu daa'imman yeroo dubbatan xiyyeeffannoo itti kennee/itee dhaggeeffachuun yeroo dubbatan ija ija keessa ilaaluun akka dhaggeeffataa jirru fuulaa fi sochiilee qaamaatiin ibsuufii, hojiilee hojjetan dhaabsisanii dhaggeeffachuu fi haasaa daa'immanii addaan osoo hin kutin moodeela gaarii ta'uufii nurraa eegama.



Madaallii: Ajajoota fudhatanii raawwachuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu.

Bu'aa eegamu	Gahumsa
1. Odeeffannoo qixa sirrii ta'een dhaggeeffachuu fi haalaawwan addaddaatti deebii qajeelaa kennuu	1.2. Sagaleewwan addaddaa dhaggeeffachuun adda baafachuufi kallattii mul'isuu nidanda'u.

GochaTokko: Sagalee adda baafachuu



Kaayyoo: Sagaleewwan addaddaa addaan nibaafatu.



Mala Raawwii:

- Tapha "Sagaleen adda baasii beeki" jedhu haala itti aanu kanaan taphachiisi;
- Daa'imni tokko daa'imman biroo fuuldura bahee fuulaan gara dhaaba manaa/keenyan/ilaalee akka dhaabbatu gochuu;
- Maqaa isaa hiriyyoota golaa keessaa tokko akka waamu gochuu;
- Eenyu akka isa waame akka tilmaamu gochuu;
- Nama isa waame sirriitti akka beeku gochuu;
- Adeemsa keessas harka rukutuudhaan haxxiffachuun, qufaasisuun, sagalee dhaggeeffate addabaasuun akka dubbatan gochuu
- Daa'imman hunduu akka taphatan kakaasuu;



Madaallii: Bifa taphaatiin sagaleewwan adda baafachuu isaanii mirkaneeffadha.

Gocha Lama: Sagalee hordofuun wantoota argachuu



Kaayyoo: Kallattii sagalee hordofuun wantoota barbaadanii ni'argatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Intalashee huccuu ijaan dhoffatan



Mala Raawwii:

- Tapha “Intalasheebarbaadii argadhu” jedhu haala itti aanu kanaan taphachiisuu;
- Daa'imman geengoo uumanii akka taa'an gochuu;
- Isaan keessaa daa'ima tokko fedhiidhaan kaasuun taphni akka eegal taasisuu;
- Ija daa'ima salphisanii hidhuun intalashee/ashaangulliitii/ harkaan tuttuquun akka lafa irra barbaadan gochuu;
- Daa'imni gara intalasheejirtu yoo deemu; barsiisaan/tuun harka dhahuun sirrii ta'uu isaa ibsuu;
- Kanaan booda intalashee barbaadee yoo argate daa'imman hunduu akka harka rukutaniif gochuun taphataa biroo akka filu carraa kennuufii;



Madaalli: Yeroo taphaatti kallattii sagaleehordofuun wantoota argachuuf yaaluu isaanii mirkaneeffadhu.

GochaSadii: Kallattii sagalee adda baafachuu



Kaayyoo: Kallattii sagaleewwanii addaa nibaafatu.



Mala Raawwii:

- Daa'imman gara dirree qabani bahuun sagaleewwan naannoo isaanii akka dhaggeeffatan gochuu;
- Sagaleen dhaggeeffatan kan eenyuu akka ta'eefi kallattii sagaleewwanii gaafachuun kallattii sagalee adda baafachuu akka danda'an shaakalchiisuu.
- Daa'imman dirreerratti kallattii afuriin gareen akka dhaabban gochuu

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Garee tokko keessaa daa'ima tokko filuun walakkaa direetti ija isaa harkaan qabatee akka dhaabbatu gochuu
- Garee afran keessaa gareen tokko saffisaan harka rukutuun daa'imman harka rukunnaan wayita dhaabbatu gara sagaleen rukutaa irraa dhaga'ametti fiiguun gareetti akka makamu gochuu
- Haaluma kanaan, daa'imman hundi akka hirmaatan gochuu



Madaallii: Kallattii sagaleewwanii addabaafachuu danda'uuisaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Afur: Kallattii sagaleewwanii addaan baafachuun himuu



Kaayyoo: Kallattii sagaleewwanii adda nibaafatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Saanduqoota sagalee.



Mala Raawwii:

- Daa'imman boca "C"n akka taa'an gochuu;
- Daa'imman sadii filachuun sadaniifuu iddoo addaa addaa akka dhaabbatan gochuun saanduqoota sagalee walfakkaatu dhageessisan itti kennuu;
- Daa'imman tokko kaasuun daa'imman saanduqa sagalee qabatani jiran eessa akka dhaabbatani jiran akka ilaalu gochuu;
- Itti aansuun daa'imni fuula gara dhaaba manaa/keenyaan/naanna'ee akka dhaabbatu gochuu;
- Sadan keessaa tokko saanduqa sagalee sosochoosuun akka dhageessisu gochuu;
- Daa'imni fuula isaa gara dhaabaatti garagalee sun fuula isaa gara daa'immaniitti naannessuun kallattii kamirraa sagalicha akka dhaga'e quba isaan akka akeekuufi dubbaatu gochuu
- Daa'imman birootiifis dabareen akka taphatan carraa kennuufii;



Madaallii: Kallattii sagaleewwanii adda baafachuu danda'uu isaanii madaalaa.

Bu'aa eegamu	Gahumsa
1. Odeeffannoo qixa sirrii ta'eendhaggeeffachuun haalawwan addaddaatiif deebii qajeelaa kennuu	1.3. Sheekkoofi faaruwwan gaggabaaboo dhaggeeffachuun deebisanii himuufi faarfachuu nidanda'u.

GochaTokko: Sheekkoo dhaggeeffatanii hubachuu



Kaayyoo: Sheekkoo dhaggeeffatan ni hubatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Kitaabilee sheekkoo, fakkii qocaafi illeettii



Mala Raawwii:

- Fakkii qocaafi illeettii itti agarsiisuun maal akka ta'aniifi eessa akka jiraatan gaafachuun mariisisuu
- Dhaggeeffachuuf fedhii akka qaban gaafachuun fedhii itti horuu
- Sheekkoo bineensotaa tokko itti himuu
- Akka isaan gammachiseefi kan itti tole gaafachuu
- Itti aansuun, gaaffii gaafachuun qabiyyeefi ergaa isaa akka hubatan taasisuu
- Faaruu waa'ee bineensatokko ibsu filatanii akka faarfatan taasisuu



Madaallii: Dandeettii yaadachuu fi dhaggeeffachuu cimsachuu isaanii madaalaa.

GochaLama: Sheekkoo dhaggeeffatanii deebisanii seenessuu



Kaayyoo: Sheekkoo dhaggeeffatanii deebisanii ni seenessu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Kitaabilee sheekkoo



Mala Raawwii:

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Sheekkoo umrii daa'immaniitiin walgitu daa'imman fuuldura dhaabbachuunsuuta jedhanii sochii fuulaa fi qaamaatiin fayyadamanii seenessuu;
- Sheekkoo seenessitanii yoo xumurtan daa'imman sheekkootti gammaduuf eenyuun akka jaalatan gaafachuun mariisisuu;
- Itti fufuun qabiyyee sheekkoo akka hubatanii fi walduraa duubaan gaaffilee gaafachuu;
- Irradeddebiin sheekkoo dhagahan deeggarsa barsiisaatiin akka seenessan gochuun jajjabeessuu;



Madaallii: Sheekkoo dhaggeeffatanii deebisanii seenessuu shaakaluu isaanii madaalaa.

Gocha Sadii: Faaruu faarfachuu



Kaayyoo: Dandeettii waldhaggeeffachuu nicimsatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: kaasettii faaru



Mala Raawwii

- Daa'imman gareetti qooduun faaruwwan addaddaa kanaan dura beekan dabareen akka faarfatan gochuu;
- Yeroo gareen tokko faarfatu gareen hafe immoo callisanii akka dhageeffataniifi ofii isaanii waldhageeffachuu akka gabbifatan gochuu;
- Sirriitti faarfachuu isaanii warra callisanii dhaggeeffatan gaafachuun yaada akka kennan gochuu



Madaallii: Dandeettii yaadachuu fi dhaggeeffachuu cimsachuu isaanii madaalaa.

Gocha Afur: Gabaasa dhiyeessuu



Kaayyoo: Guyyaa boqonnaa isaanii waan hojjetan yaadataniis gabaasuuf niyaalu.



Mala raawwii

- Barsiisaan/tuun guyyoota Sambataafi Dilbataa maalfaa akka hojjate suuta jedhee daa’imanitti himuu
- Itti aansuunis, daa’immanis hiriyoota isaanii fuuldura dhaabbachuun guyyoota boqonnaa isaanii waan hojjata turan akka himan barsiisaan/tuun gaaffiiwwan addaddaa gaafachuu
- Yommuu daa’imni tokko dubbatee xumuru maal akka jedhe daa’imman biroo gaafachuu



Madaallii: Dandeettii yaadataniis dubbachuu gabbifachuufi yeroo namoonni biroon dubbatan dhaggeeffachuu danda’uu isaanii mirkaneessuu

Gocha Shan: Fakkiilee walitti fufanii dhiyaatanii jiran hubachuu fi ibsuu



Kaayyoo: Fakkiilee walitti fufanii dhiyaatanii jiran hubatanii ni ibsu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkiilee addaddaa walitti fufanii jiran



Mala Raawwii:

- Fakkiilee walitti fufanii jiran iddoo argaa daa’immaniitiif mijataa ta’e kaa’uu;
- Tokkoon tokkoo fakkii irratti wantoota argan akka himan jajjabeessuu; Fakkeenyaaf, dubartittiinmaal bitte?Maal goote?fikanneen kana fakkaatan
- Fakkicha walduraa duubaan kaa’uun tokkoo tokkoon tuqaa wanta fakkii irra jiruu dhiheessuufi mariisisuu;
- Fakkicha walduraaduubaan taa’an itti agarsiisuun wanta argan akka dubbatan carraa kennuun shaakalchiisuu;



Madaallii: Fakkiilee addaddaa walitti fufanii dhiyaatanii jiran hubatanii ibsuu

danda'uu isaanii mirkaneeffadhu

Gocha Jaha: Sheekkoo bifa diraamaan dhiheessuu



Kaayyoo: Sheekkoowan bifa diraamaatiin nidhiheessu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Uffata diraamaaf barbaachisuufi meeshaalee kitaabileesheekkoo, fakkii qooddattootaa sheekkoo keessatti maqaan ka'uu, meeshaa fuulatti golgatan /maskii/fi kanneen kana fakkaatan.



Mala Raawwii:

- Sheekkoo irra deddeebiin dhageeffatan bifa diraamaatiin akka dhiheessan uffata barbaachisuu fi meeshaa fuulatti golgatan /maskii/itti kennuu;
- Daa'imman nama “qooddataa” fakkaatanii akka taphatan itti kenname fakkaatanii taphachuu shaakalchiisuu;

Yaadannoo: Sheekkoo irratti qooddattoonni baay'ee yoo ta'an hir'isuun nidanda'ama. Fakkeenyaaf,diraamaa “adurreen manaa baddee” jedhu ykn sheekkoo isaan beekan tokko qooddataa2yookiin 3 qofatti fayyadamuun qopheessuun nidanda'ama.



Madaallii: Sheekkoowan bifa diraamaan dhiheessuuf shaakaluu isaanii mirkaneeffadhu.

Bu'aa eegamu	Gahumsa
2. Haalota addaddaatti ofitti amantaa karaa sirrii ta'eefi hiika kennuu danda'uun haasaa fi mallattoolee afaaniitiin walii galuu	2.1. Ajajootaa i qajeelfamoota hordofuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Faaruwwan sochii qaamaatiin walmake faarfachuu;



Kaayyoo: Faaruulee gaggabaaboo sochiilee qaamaa wajjiin walitti qindeessanii nifaarfatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Kaassettii faaruwwanii



Mala Raawwii:

- Bakka daa'immanitti mul'atu dhaabbachuun faaruu, 'Simbirroon ta'a ...'kanneen kana fakkaatan faaruu gaggabaaboo daa'immanii sochii qaamaa wajjiin qindeessanii faarfachuu;
- Yommuu barsiisaan buufata buufataan jedhu daa'immaanis duuka bu'uun jechuu
- Daa'immanis deebisanii sosochii qaamaa wajjiin qindeessanii akka faarfatan shaakalchiisuu;

Yaadannoo: Yeroo faarfatan sochiilee qaamaa jechootaa gaalee ittiin faarfatan wajjiin qixa deemuu fi deemuu dhabuu isaa xiyyeeffannoo itti kennuun barbaachisa.



Madaallii: Faaruulee gaggabaaboo sochiilee qaamaa wajjiin qindeessanii faarfachuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu.

GochaLama: Halluwwan bu'uuraa addaan baafachuu



Kaayyoo: Halluwwan bu'uuraa adda baafachuu fi himuu nidanda'u.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkiilee halluu diimaa, keelloo fi cuquliisa qaban



Mala Raawwii:

- Daa'immaniif fakkiilee halluu bu'uuraa dibamee jiru itti kennuu

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Barsiisaan diimaayoo jedhu daa'imman fakkii halluu diimaa dibamee jiru akka agarsiisan; keelloo yoo jedhu fakkii halluu keelloo dibame jiru akka agarsiisaniifikanneen kana fakkaatan gochuu;
- Daa'imman dabareen kaasuun meeshaa sagaleen dhageessisaa diimaa yoojedhu daa'imman ariitiin kutaa isaanii keessa socho'uun meeshaalee halluu diimaa qabu akka agarsiisanii fi kanneen kana fakkaatan gochuu;



Madaallii: Halluu bu'uuraa adda baafachuu fi maqaa ittiin wamaman himuu danda'uu mirkaneeffadhu

Gocha Sadii: Halluuwwan bu'uuraa fakkii wajjiin walitti firoomsuu



Kaayyoo: Halluuwwan bu'uuraa fakkii wajjiin walitti nifiroomsu.



Meeshaalee Deeggarsaa: fakkiiwwan halluu diimaa, keelloofi cuquliisa dibaman



Mala Raawwii:

- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif fakkii halluuwwan bu'uuraa dibaman kennuufii (konkolaataa keelloo, konkolaataa diimaa, konkolaataa cuquliisa...)
- Yommuu barsiisaan/tuun 'diimaa' jedhu/ttu daa'imman fakkii halluu diimaa dibame qabatan olkaasuu, keelloo yoo jedhus akkasuma...
- Daa'imman dabareen kaasuun wayita barsiisaan sagalee dhageessisaa diimaa jedhu daa'imman saffisaan daree keessa nanna'aa fakkii halluu diimaa dibame agarsiisaa akka naanna'aa taphatan gochuu



Madaallii: fakkiiwwan halluu walfakkaataa dibaman walitti firoomsuu isaanii mirkaneessuu.

Gocha Afur:Of beeksisuu



Kaayyoo: Waa'ee ofii nihimu.



Mala Raawwii:

- Daa'ima tokko fedhiidhaan kaasuu fi daa'imman fuuldura akka dhaabbatu/ttu gochuun maqaa isaa/ishee,maqaa haadhaa fi abbaa, umrii, maal akka jaallatuufi kanneen kana fakkaatan gaaffilee garaagaraa gaafachuun waa'ee ofii akka ibsan gochuu;
- Daa'imman biroos dammaqinaan akka dhaggeeffataniifi dabareen isaanii yoo gahu isaanis bahanii akka hiriyoota isaaniitti akka himan carra kennuufii;



Madaallii: Waa'ee ofii himuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Shan: Wantoota miira namaan ibsaman adda baafachuu



Kaayyoo: Wantoota miira namootaan ibsaman adda baafachuu fi himuu nidanda'u.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkiilee miira gammachuu,gadduu,aaruu/dallanuu/fi kanneen kana fakkaatanagarsiisu.



Mala Raawwii:

- Fakkiilee miira addaddaa agarsiisu dabareen agarsiisuun, kan argan irraa miira namoota akka himan jajjabeessuu;
- Daa'imman yoo maalta'an gammadu/kolfu/?Yoomaal ta'an gaddu/booyu/? Gaaffilee jedhaman gaafachuun mariisisuu;
- Faaruu "Gammachuun qabaa" jedhu sochii qaamaa fi raawwii wajjiin qindeessuun faarfachuu fi deebisanii haala arganiin akka faarfatan shaakalsiisuu;



Madaallii: Waa'ee namootni addaddaa miira ittiin ibsatan adda baafachuufi dubbachuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Jaha: Gochaalee jechaan ibsuu



Kaayyoo: Gochaalee jechaan ni ibsu.



Mala Raawwii:

- Taphawaa'ee waan hojataa jirani agarsiisu tokkohaala itti aanu kanaan taphachiisu;
 - Barsiisaa/tuu daa'imman fuuldura dhaabachuun gocha tokko itti agarsiisuun maal gochaa akka jirtan daa'imman dabareen gaafachuu;
 - Daa'immanis gantaan osoo hintane harka baasuun akka deebisan gochuufi gochicha isaanis irra deebi'anii akka yaalan gochuu
 - Daa'immanis dabareen ta'anii taphaa akka taphatan gochuu;
 - Faaruu "Harka dhiqachuun akkana" jedhu sochii qaamaa fi gocha wajjiin qindeessuun faarfachuu fi daa'immanis wajjiin akka faarfatan dadammaqsuu;

Yaadannoo: Gochoonni kun kan daa'imman jireenya isaanii guyyuu keessatti raawwataniifi kan namoonni naannoo raawwatan ta'uu qabu.



Madaallii: Gochaalee garaagaraa jechootaan ibsuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Torba: Tapha 'Obbo Waraabuu ' jedhu taphachuu



Kaayyoo: Adeemsa taphaa eeganii taphachuuf niyaalu.



Mala raawwii

- Daa'imman daree keessaa gara dirreetti baasuun harka walqabatani geengoo uumaanii akka dhaabbatan gochuun maal akka taphataniifi akkamitti akka taphatan daa'immaniif ibsa gochuu
- Barsiisaanis/tuunis daa'imman wajjiin harka wal qabachuun faaruu yeedalloo itti gochuun suuta jechaa faarfachuu



Madaallii: Adeemsa taphaa eguun taphachuu isaanii mirkaneessuu.

Gocha Saddeeti: Jechoota sochiilee qaamaawajjiin walitti qindeessuu;



Kaayyoo: Jechoota sochiilee qaamaa wajjiin walitti qindeessuu nishaakalu;



Mala Raawwii:

- Daa'imman daree keessaa gara alaatti baasuun geengoo walakkaan akkaa dhaabbatan gochuu
- Barsiisaan/tuun tapha sosochii qabu tokko taphachiisuu;
- Daa'immanis barsiisota hordofuun sochicha jechaan walitti qindeessuun akka raawwatan jajjabeessuu



Madaallii: Jechoota sosochii qaamaa wajjiin qindeessuu yaaluu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Sagal: Moggaasa meeshaalee fi beeyladooataa agaragaraahimuu



Kaayyoo: Moggaasa meeshaalee fi beeyladooataa garaagaraa nihimu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkiilee cimdii meeshaalee fi beeyladooataa



Mala Raawwii:

- Meeshaalee yookiin fakkiilee kanneen daa'immanittikennuu;
- Barsiisaan/tuun fakkii meeshaa yooagarsiisan kan isa fakkaatu daa'imni qabatee jiru fuulduratti bahee akka agarsiisuufi maal akka ta'e akka dubbataan /himan gochuu;
- Daa'imman sirrii ta'uufi ta'uu dhiisuu isaanii barsiisaan kan qabatani jiran waliin walbira qabuun isaanumti akka mirkaneessan gochuun taphachiisuu;



Madaallii: Moggaasa meeshaalee fi tajaajiloota isaanii himuuf yaaluu isaanii

Mirkaneeffadhu

Gocha Kudhan: Meeshaalee maqaan adda baafachuu



Kaayyoo: Meeshaalee addaddaa maqaan adda nibaafatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: kaartoonii, fal'aana, kubbaayyaa, kubbaa xiqqoo,

intalashree/ashaangullitiifi kanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

- Kaartoonii giddu galeessagara tokkoon banaa ta'e minjaala daa'imman fuulduratti argamu irra kaa'uun gara banaa kallattii barsiisaa, gara cufaa ta'ee qaawwaa xiqqoo qabu immoo gara daa'immaniitti garagalchuun kaa'uu;
- Akka daa'imman arganitti dugda kaartooniirra fal'aana, kubbaayyaa, kubbaa xiqqoo, intalashree /ashaangullitii /fi kanneen kana fakkaatan irra kaa'uu;
- Barsiisaan/tuun gara isaatiin qaawwa harka baafuu keessa baasee "Ijoolle! Harki koo duwwaadha kubbaayyaa barbaadaa, harka koo kubbaayyaa qabsiisaa" jechuun daa'immantokko tokkoon ka'aa meeshaalee harkaan akka isa qabsiisan gochuu;

Yaadannoo: Meeshaaleen hunduu dabaree dabareen harka barsiisaarra hanga gahuuf taphicha itti fufsiisuu barbaachisa.



Madaallii: Meeshaalee garagaraa maqaan adda baafachuu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Kudha Tokko: Moggaasa meeshaalee fi tajaajila isaanii himuu;



Kaayyoo: Moggaasa meeshaalee fi faayidaawwan isaa nihimu.



Meeshaalee deeggarsaa: Yeroo hundaa wantoota kutaa keessatti arganii fi itti

fayyadaman meeshaalee addaddaa (qubeessaa, ittibartuu, fal'aana, meeshaalee barreeffamaa fi qodaa addaddaa fi kanneen kana fakkaatan).



Mala Raawwii:

- Barsiisaan/tuun fuuldura daa'immanii dhaabbachuun meeshaa olqabuun maal akka ta'eefi maaliif akka fayyadu itti himuu

Fakkeenyaaf, fal'aana: shaayiifi sukkaara ittiin bulbuluuf, qincee ittiin nyaachuuf kanneen kana fakkaatan

- Daa'imman shan filuun tokko tokkoon isaaniif meeshaalee tokko tokko kennuun maal akka ta'e moggaasnii fi tajaajila isaa akka himan gochuu;
- Daa'imman gaaffilee gaafataniif nuffii tokko malee deebii sirrii ta'e yeroon deebisuun muuxannoo gaaffii gaafachuu akka cimsatan jajjabeessuun barbaachisaadha.
- Sirrii ta'uufi ta'uu dhiisuu daa'imman biroon akka mirkaneessan gochuu



Madaallii: Moggaasa meeshaalee fi tajaajila isaa himuu danda'uu isaani mirkaneeffadhu.

Bu'aa eegamu	Gahumsa
3. Dubbisani gammaduun beekumsa argachuu fi hubachuu	a. Fakkiiwwaniifi bocaawwan ilaaluun adda baafachuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Wantoota walfakkaatan walitti firoomsuu;



Kaayyoo: Wantoota walfakkaatan addaan ni fooyu, walitti ni firoomsu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Meeshaalee cimdiin qophaa'an fakkiilee kuduraalee fi beeyladoo garaagaraa fi walfakkaataniif beeyladoo.



Mala Raawwii:

- Meeshaalee cimdiin qophaa'anii jiran fakkiilee halluu beeyladoo fi kuduraalee addaddaatiif kanneen walfakkii qaban daa'immaniif minjaala isaanii irra kaa'uu;
- Kanneen walfakkaatan fi tokko kan ta'an barbaaduun akka walitti firoomsan gochuu;



Fakkeenyaaf:

- Tapha “walfakkaataa barbaadaa” jedhu akka itti aanutti taphachiisi;
 - Daa'immaniif dhuunfaa dhuunfaan fakkiilee itti kennuun fakkiilee itti kenname eenyutuu osoo hin agarsiisin sirriitti akka ilaalan gochuu;
 - Daa'immaniif fakkiin isin kennitaniif walfakkaataa dabareen baasuun itti agarsiisuu;
 - Daa'imni fakkii walfakkaataa qabatee jiru bahuun maqaa fakkichi ittiin waamamu akka himan gochuu;



Madaallii: Wantoota walfakkaataa adda baafachuu fi walitti firoomsuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu.


Gocha Lama: Garaagarummaa barbaaduu;



Kaayyoo: Wantoota gidduu garaagarummaa jiru nihimu;



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkiilee kuduraalee fi beeyladoota addaddaa fi walfakkaatan qabatee jiru.



Mala Raawwii:

- Fakkiilee gurguddaa fi sirritti mul'achuu danda'an sadii iddoo mul'achuu danda'an irra kaa'uu;
- Daa'imman xinxalanii fakkiilee akka ilaalaniifi maal akka ta'e akka himan gochuu;
- Itti aansuun sadan keessaa kan adda ta'e akka himan carraa kennuufii;
- Yoo itti ulfaate yaada /kallattii/garaagarummaa mul'isuu danda'u kenniif;
- Daa'immaniif fakkiilee walfakkaatan sadii sadii itti kennuun isa kamtu adda akka ta'e akka himan gochuu;



Madaallii: Wantoota gidduu garaagarummaa jiru himuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Sadii: Fakkiilee fi bocaawwan addaddaa walqabsiisuu



Kaayyoo: Paziloota walitti qabsiisuun /maxxansuun/fi bocaawwan walqabsiisuu nidand'u.



Meeshaalee Deeggarsaa: Paziloota



Mala Raawwii:

- Barsiisaan/tuun bakka daa'immanitti mul'atu dhaabachuun muka bakka sadiitti mummurame walqabsiisuun fakkii umamu bocichi maal akka ta'e daa'imman gaafachuun jajjabeessuu
- Barsiisaan/tuun daa'immaniif paziloota iddoo sadii yookiin afuritti mummuramee jiru itti kennuu;
- Daa'imman akka walitti fidanii walqabsiisan/maxxansan/ taasisuunmaal akka ta'e akka himan gochuu;



Madaallii: Paziloota walqabsiisuun fakkiilee fi bocaawwan adda baafachuu isaanii madaalaa.

Gocha Afur: Sarara ciccitaa walqabsiisuun himuu



Kaayyoo: Sarara ciccitaa walitti qunnamsiisuun fakkiilee fi bocaawwan adda baafachuu nishaakalu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Kanneen daa'imman beekan fakkiilee tuttuqaan/sarara ciccitaangurguddatee sirritti mul'atuu ka'ee jiru, qubeessaa



Mala Raawwii:

- Barsiisaa/tuu fakkii tuttuqaan/sararri gurguddatee ka'ee mul'atu iddoo arguuf mijataa ta'e irra kaa'uu;
- Suuta jechuun tuttuqaalee walqunnamsiisuun gurguddisuun daa'immanitti mul'isuu;
- Yoo xumurtan tuttuqaan fakkii isin walqunnamsiiftanii maal akka ta'e gaafachuu;
- Daa'imman haala arganiin tuttuqaalee suuta jedhanii akka walqunnamsiisan gochuu;
- Tuttuqaa hordofanii fakkiin akka walqabsiisan hiriyyoota fuuldura bahanii akka agarsiisaniif fi akka himan jajjabeessuu;

Fkn: Fakkii kana fayyadamaa.



Madaallii: Tuttuqaalee walqabsiisuun fakkiilee fi bocaawwan adda baafachuu danda'uu isaanii hordofuu.

Gocha Shan: Fakkiilee fi bocaawwan adda baafachuu



Kaayyoo: Fakkiilee garaagaraa halluu dibuun fakkiifi boca isaanii addaan baafachuu nidanda'u.



Meeshaalee Deeggarsaa: Qubeessaa halluu qalama addaddaa, fakkiilee gurguddaa.



Mala Raawwii:

- Fakkii guddatee ka'ee mul'atu iddoo arguu fi mijataa ta'etti maxxansuu/fannisuu;
- Halluun akkamitti akka dibamuu qabu itti agarsiisuu;
- Fakkiilee daa'immanitti kennuun halluu filataniin akka diban gochuu;
- Fakkichi dibame maal akka ta'e akka himan yookiin akka moggaasan jajjabeessuu;



Madaallii: Fakkiilee garagaraa halluu dibuun fakkiilee fi bocaawwan addaddaa adda baafachuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhiu.

Gocha Jaha: Fakkiilee walitti aananii jiran ilaaluun seenessuu



Kaayyoo: Fakkiilee walitti aananii jiran ilaaluun seenessuu nishaakalu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkiilee walitti aananii dhufan kan agarsiisu, sheekkoo daa'immanii fi kanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

- Kitaabilee sheekkoo daa'immanii qabu fayyadamuun fakkiilee ilaalaa seenessuu;
- Kanneen arganii fi dhagahan yaadachaa deebisanii akka seenessan carraa kennuufii;
- Haala kanaan waa'ee suuraa/fakkiilee garaagaraa ilaalaa akka seenessan jajjabeessuu;
- Irra deddeebi'anii guyyaa guyyaan gochaalee kanneen fakkaatan akka raawwatan shaakalchiisu;



Madaallii: Fakkiilee walitti aananii dhufan ilaaluun seenessuu yaaluu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Torba: Haala itti fayyadamaafi qabiinsa kitaabaa:



Kaayyoo: Kitaabilee seeraan qabachuu fi itti fayyadamuu nishaakalu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Golee kitaabaa, kitaabilee sheekkoo addaddaa, dabtaroota (corner) Gaazexaa fi kanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Daa'imman haala salphaan iddoo ilaalu fi dhaqqabuu danda'anitti golee kitaaba mijeessuu;

Bu'aa eegamu	Gahumsa
2. Qindoomina ijaafi sochii harkaa gabbisuun barreeffamaaf qophaa'uu;	a. Sochiilee harkaafi ijaa walitti qindeessuu nishaakalu.

- Daa'immanis sadarkaa umrii fi aadaa isaanii giddu galeessa godhateen caalatti haala fakkiilee halluu qabanii, kitaabilee fudhatanii garagaggalchan mijeessuu;
- Barsiisaa/tuu fakkiilee halluu gurguddaa irraa mul'atu qaban kitaabilee daa'immanii fayyadamuun mirgaa gara bitaa gara galchuu akka qabaatan suuta jedhanii ijoolletti agarsiisuu;
- Daa'immanis dabareen kitaabilee baasanii mirgaa gara bitaatti akkamitti akka gara galu shaakalchiisuu;
- Kitaabilee seeraan yoo hin qabamne manca'uu /bubuqqa'uu/ xuraawwu fi tarsa'uu /ciccituu/akka danda'u hubachiisu;

Yaadannoo:Daa'imman yeroo fedhanitti fakkicha kaasuun itti fayyadamuu akka danda'an haala mijeessuu



Madaallii:Kitaabilee seeraan qabatachuu fi itti fayyadamuu shaakaluu isaanii hordofuun.

Gocha Tokko:Waraqaalee tatarsaasuufi maxxansuu



Kaayyoo: Waraqaatatarsaasuu fi maxxasuun maashaalee qubaafi harkaa nigabbifatu /cimsatu/;



Meeshaalee Deeggarsa:Waraqaalee hangaafi halluu addaddaa qaban, koollaa ittiin maxxansan,



Mala Raawwii:

- Waraqaalee hanga addaddaatti tatarsaasuun agarsiisuu;
- Daa'immanis waraqaalee akka tatarsaasaniif carraa kennuufii;

- Waraqaa tatarsaasan koollaan waraqaa gurguddaa jiru irratti akka maxxansan gochuu;
- Yoo xumuran kutaa isaanii keessatti maxxansuun kutaa bareechifachuuf itti fayyadamuu;



Madaallii: Waraqaalee tatarsaasuufi maxxansuun maashaalee harkaa fi qubaa cimsachuu danda'uu isaanii hordofuun.

Gocha Lama: Boconcoruu



Kaayyoo: Bococoncoruufi sararoota addaddaa hojjechuun barreeffamaaf niqophaa'u.



Meeshaalee Deeggarsaa: Waraqaa, Qubeessaa, Qubeessaa halluu,



Mala Raawwii:

- Tokkoo tokkoo daa'immaniifi waraqaa fi qubeessaa itti kennuun harka sosochoosuun akka barbaadanitti akka bococoncoran gochuu;
- Yoo xumuran kan hojjetan hiriyyoota golaatiif; barsiisan/tuu isaaniitiif akka agarsiisan gochuu;
- Daa'immaniif waraqaafi Qubeessaa halluu itti kennuun wanta barbaadan akka kaasaniifi diban gochuu;
- Fakkii kaasan jalaatti maqaa isaanii barreessuun bakka mul'atutti maxxansuu



Madaallii: Bococoncoruu fi sararoota addaddaa hojjechuun barreessuuf qophaa'uu isaanii mirkaneeffadha.

Gocha Sadii: Fakkiilee halluu dibuu



Kaayyoo: Fakkiilee halluu dibuun waan diban nihimu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkii gurguddatee ka'ee jiru, waraqaa xixiqqoo fakkiin irra jiru Waraqaa, Qubeessaa, qubeessaa halluu...



Mala Raawwii:

- Fakkiilee akka mul'atutti ka'ee jiru qubeessaa halluutiin gubbaa gara gadiitti bitaa gara mirgaatti suuta jedhanii osoo sarara irraa hin baane dibuun agarsiisuu;
- Waraqaa xixiqqoon fakkii irratti ka'ee jiru daa'immaniif kennuun haala arganiin akka halluu diban gochuu;
- Dhumarratti fakkiileen dibame maal akka ta'e akka himan gochuun jajjabeessuu;



Madaallii: Fakkiilee dibuun qindoomina harkaa fi ijaa madaalaa.

Gocha Afur: Maxxansa



Kaayyoo: Qubbeen harka qalama bishaaniitiin tuquunnimaxxansu.



Mala Raawwii:

- Fiixee ispoonjiitiin qalama bishaaniitiin tuquun /cuuphuu/;
- Barsiisaa/tuu barruu harkaa bitaa keessaniin qalama dibuun harka keessan kana waraqaa adii irratti teecheesuu;
- Daa'imman hundaaf waraqaa qopheessuun halluuwwan jiran keessaa filataniin tuquun barruu harka isaanii waraqaa adiiarra akka teecheesan godhi;
- Fiixee gara miilaa waraqaa irratti maqaa fi guyyaa isaanii barreessuun yeroo waraqaan gogutti kutaa keessatti maxxansuu;



Madaallii: Qalama bishaniitti harka isaanii seensisuun waraqaa adiirratti qindoomina ijaa fi harkaan cimsachuu isaanii madaalaa.

Gocha Shan: Maashaalee qubaafi harkaa cimsachuu;



Kaayyoo: Dhoqqee yookiin waraqaa bukaa'een bocaawwan sasalphaa hojjechuun maashaalee harkaa fi qubaa nicimsatu.



Meeshaalee deeggarsaa: Dhoqqee yookiin waraqaa bukaa'e uwwisa minjaalaaf kan ta'u laastikii



Mala Raawwii:

- Dhoqqee yookiin waraqaa bukaa'e fayyadamuun bocaawwan sasalphaa hojjechuun agarsisuu; Fakkeenyaaf, waan akka kubbaa, keree/distii/ saaniifi kanneen kana fakkaatan
- Minjaalli akka hin xuroofne laastikii irra afuu;
- Daa'imman hundaafuu minjaala isaanii irra dhoqqee yookiin waraqaa bukaa'e itti kennuun haala argan bu'uureffachuun akka hojjetan gochuu;
- Yoo xumuran maal akka hojjetan gaafachuu fi akka himan jajjabeessuu;
- Bocaawwan hojjetaman iddoo itti goggoguu danda'uu kaa'uu;
- Harka isaanii saamunaafi bishaaniin akka dhiqatan gochuu



Madaallii: Dhoqqeen yookiin waraqaa bukaa'een bocaawwan sasalphoo ta'an hojjechuun maashaalee harkaa fi qubaa cimsachuu isaanii haa madaalamanii.

Gocha Jaha: Sararoota bu'uuraa hojjechuu shaakaluu:



Kaayyoo: Sararoota bu'uuraa hojjechuu nishaakalu.




Meeshaalee Deeggarsaa: waraqaa, Qubeessaa, Qubeessaa halluu



Mala Raawwii:

- Eenyu aartistii cimaa?Tapha jedhamu haala itti aanu kanaan taphachuu;
- Barsiisaa/tuu daa'imman fuuldura dhaabbachuun quba agarsiistuun sarara gubbaa gadii qilleensarratti barreessaa agarsiisuun isaanis haala arganiin sararoota bu'uuraa qilleensa irratti akka kaasan jajjabeessuu;
- Sararoota bu'uuraa addaddaa waraqaa irratti hojjetan itti kennuun akka irra deebisanii guguddisan gochuu;
- Sararoota bu'uuraa tuttuqaa hojjetanii itti kennuun tuttuqaa akka walqabsiisan sararoota akka hojjetan gochuu;



Madaallii: Sararoota bu'uuraa hojjechuun barreeffamaaf qophaa'uu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Torba: Cirrahaan boca garagaraa hojjechuu;



Kaayyoo: Cirrahaan boca addaddaa hojjechuun maashaalee qubaafi harkaa nicimsatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: saanduqa cirrachaa fi cirrachaa



Mala Raawwii:

- Saanduqa cirrachaa akkamiin akka fayyadaman dura daa'immaniif ibsa gochuu
- Dura harka shamizii isaanii ol dachaafachuu, cirracha wantoota kaanirra bittinneessuun akka hindanda'amne, cirracha saanduqaan alatti dhangalaasuun akka hindanda'amne fi kanneen kana fakkaatan...
- Saanduqa cirrachaa fayyadamuun daa'imman quba isaanii sosochoosaa bocawwan addaddaa akka hojjetan jajjabeessuu
- Wayita hojjetanii xumuran barsiisaatti akka agarsiisaniifi maal akka hojjetan akka himan gochuu
- Waan isaan hojjetan ilaaluun jajjabeessuu



Madaallii: Cirrahaan bocaawwan addaddaa hojjechuun maashaalee qubaa fi harkaa cimsachuu isaanii hordofuun.

Gocha Saddeet: Wantoota halluu isaaniin ramaduu



Kaayyoo: Wantoota halluu isaaniin ramaduun nitaphatu.



Meeshaalee deeggarsaa: muka ciccitaa halluu addaddaa qaban yookiin kaartoonii



Mala Raawwii:

- Muka ciccitaa halluu addaddaa qaban daa'immaniif minjaala isaaniirratti kennuufii
- Halluu isaaniin akka adda baasan gochuun mukkeen ciccitaa adda baasaniin wantoota garagraa akka hojjetaniifi taphatan gochuu
- Maal maal akka hojjetan gaafachuu



Madaallii: Halluuwwan adda baafachuu danda'uufi qindaa'insa harkaa fi ijaa madaalaa.

Gocha Sagal: Wantoota bocaafi dheerina adda baafachuu:



Kaayyoo: Wantoota addaddaa dheerinaa fi boca isaa addaan nibaafatu.




Meeshaalee Deeggarsaa: Mukkeen boca ji'oomeetirii addaddaa qaban, uleewwan dheerina addaddaa qaban; qubeessaafi kanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

- Wantoota dheerina addaddaa qaban dheerina isaaniitiin akka ramadan gochuu;
- Boca isaaniitiin wantoota addaddaa itti kennuun akaakuu isaaniitiin akka ramadan gochuu;

Fkn:





Madaallii: Wantoota addaddaa dheerinaa fi bocaawwan isaaniitiin ramaduu adeemsa ijaa fi harkaa walitti qindeessuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Kudhan: Bocaawwan addaddaa hojjechuu:



Kaayyoo: Bocaalee garagaraa hojjechuu nishaakalu.




Meeshaalee Deeggarsaa: muka kiribiitii, ulee mukaa, qubeessaafi kanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

- Meeshaalee deeggarsaa fayyadamuun barsiisaan/tuun bocaawwan sassalphaa ta'e hojjechuun itti agarsiisaa;
- Meeshaalee deeggarsa barnootaa minjaala irra daa'immaniif kaa'uun boca addaddaa akka raawwatan /hojjetan jajjabeessuu;
Fakkeenyaaf



Madaallii: Bocaawwan addaddaa hojjechuu isaanii mirkaneeffadhaa.

Gocha Kudha Tokko: Fo'aa/Kirrii qaawwaa keessa galchuu shaakaluu.



Kaayyoo: Adeemsa jirbii/kirrii/ qaawwaa keessa galchuufi qindoomina ijaafi harkaa nigabbifatu.




Meeshaalee deeggarsaa: Jirbii/kirrii/ qadaadalaastikkii bishaanii qaawwaa babal'aa qabu, kaartoonii fufurdaa mummuramee qaawwaa babal'aa qabu.



Mala Raawwii:


- Fo'aa/kirrii/fi qadaadduu fayyadamuun qaawwa keessa fo'aa galchuun akkamitti akka danda'amu itti agarsiisuu;
- Fo'aa/Kirriifi qadaadduu minjaalaa isaanii irratti kennuufiifi qaawwa keessa fo'aa/kirrii akka seensisuu shaakalan godhuu;

Fakkeenyaaf



- Fo'aa fi kaartoonii minjaala isaani irra kaa'uu;
- Boca geengoo , rogsadeefi iskuweerii kophaa kophaatti akka adda baafatan gochuu;
- Itti aansuun fo'aa/kirrii/qaawwaa keessa galchaa akka taphatan gochuu;

Fakkeenyaaf



Madaallii: Adeemsa fo'aa/kirrii qaawwa keessa ittiin galchan keessatti qindoomina ijaafi harkaa gabbifachuu isaanii mirkaneeffadhaa.

Gocha Kudha Lama: Kophee hidhachufi hiikuu shaakaluu



Kaayyoo: Kophee isaanii hidhachuun qindoomina harkaa fi ijaa nicimsatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Hidhannaa kophee addaddaa qabu kophee qulqulluu

fireemii qaawwaa kophee;



Mala Raawwii:

- Kopheewwan yookiin fireemii fayyadamuun kophee hidhachuu akkamitti akka danda'amu tasgabbiin agarsiisuu;
- Daa'imman hunduu jalqaba deeggarsa barsiisaa itti fufuun ofii isaaniifii akka shaakalan carraa kennuufii;



Madaallii: Carraaqii kopheewwan hidhachuuf godhaniifi qindoomina ijaa fi harkaa cimsachuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Kudha Sadii: Qawwisaa /qulfii /shamizii cufuu fi banuu



Kaayyoo: Adeemsa qawwisaa/qulfii/ shamizii cufuufi banuu qindoomina ijaafi harkaa nicimsatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: shamizii, fireemii, qawwisaa/qulfii/



Mala Raawwii:

- Fireemii fayyadamuun qawwisaa uffataa akkamitti cufuu fi banuu akka danda'amu itti agarsiisuu;
- Daa'immanis dabareen bahaa fireemii fayyadamuun cufuu fi banuu akka shaakalan gochuu;
- Daa'immangaree lamatti qoodanii walmaddii akka dhaabbatan gochuu;
- Garee tokkoof rivaanii/huccuu/ halluu keelloo garee biroofis halluu diimaa harka isaanii irratti hidhuu;
- Gareen rivaanii/huccuu keelloo hidhatee jiru dursa garee rivaanii /huccuu diimaan hidhamee jiruuf qawwisaa shamizii suuta jedhanii banuufi deebisanii cufuu akka danda'an gochuu;
- Itti fufuuf akkuma gubbaa gareen rivaanii /huccuu/kanneen hidhatu garee rivaanii /huccuu/ hidhatee jiru irraa qawwisaa shamizii bananii deebisanii akka cufan gochuun shaakalchiisuu;
- Daa'imman intalashaa/ashaangulliitii/ shamizii fi shurraabii qawwisaa banuun akka mulqatanii fi deebisanii uffachuun qawwisaa cufuun akka taphatan carraa kennuufiin barbaachisa;



Madaallii: Qawwisaa uffataa tattaaffii cufuufi banuu fi qindoomina ijaa fi harkaa cimsachuu isaanii mirkaneeffadhaa

Gocha Kudha Afur: Sararoota bu'uuraa hojjachuu:



Kaayyoo: Sararoota bu'uuraa hojjechuun barreeffamaaf niqophaa'u.



Meeshaalee Deeggarsaa: waraqaa, qubeessaa



Mala Raawwii:

- Waraqaa adii guddicha irratti sararoota bu'uuraa addaddaa dabareen hojjechaa daa'immanitti agarsiisuu;
- Tokkoo tokkoon isaanii sararoota akka hojjetan jajjabeessuu;

Yaadannoo: Sararoota bu'uuraa kan wayitii barnootaa tokkotti akka hojjetan osoo hintaane wayitii addaddaa keessatti akka shaakalan gochuun ta'ee maashaaleen harka daa'immanii hanga cimuuif gocha kana irraa deddeebiin shaakalchiisuu barbaachisa.



Madaallii: Sararoota bu'uuraa hojjechuun barreeffamaaf qophaa'uu isaanii mirkaneeffadhu.

2.1.5. Unka Daawwannaa Ittiin Gaggeessan

Maqaa Mana Barnootaa Idileen Duraa -----

Maqaa daa'ima _____ Umrii _____ Kornayaa _____

Maqaa Barsiisaa/tuu _____ ji'a _____ bara _____

Waa'ee daa'ima daawwatamee sadarkaalee armaan gaditti kennaman keessaa sadarkaa daa'imichi irra jiru kan ibsu lakkoofsa isaa qofa roga *daawwannaa* jedhu jalatti barreessi.

Sadarkaalee:

1. Fooyya'uu barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

Hubachiisa: Unki hordoffii kun jalqaba waggaa, walakkaa waggaa fi dhuma waggarratti guutamuu qaba.

Gahumsa /galma	Daawwii		
	Jalqaba waggaa	Walakkaa waggaa	Dhuma waggaa
1. Odeeffannoo seeraan dhaggeeffachuun haalota addaddaatiif deebii sirrii kennuu			
1.1. Sagaleewwaniifi ajajoota addaddaa tiif deebii kennuu nidanda'u			
1.2. Sagaleewwan addaaddaa dhaggeeffachuun adda baafachuufi kallattiwwan eeruu ni danda'u			
1.3. Sheekkoowwan gaggabaaboofi faaruwwan dhaggeeffachuun deebisaniid dubbachuu fi faarfachuu ni danda'u			
2. Haala addaddaa keessatti ofitti amantaa haasa iddoo fi hiika kennuu danda'aniifi mallattoo afaaniitiin waliigaluu			
2.1. Ajajootaa fi qajeelfamoota sasalphaa hordofuu ni danda'u			
3. Dubbisaniid gammaduu fi beekumsa argachuun hubachuu			
3.1. Fakkiilee fi bocaawwan ilaaluun adda baafachuu ni danda'u			
3.2. Fakkiilee qindoomina ijaa fi harkaa cimsachuun barreeffameef of qopheessuu			
4. Sochiilee qindoomina ijaafi harkaa cimsachuun barreeffamaaf of qopheessuu			
4.1 Sochiilee Ijaa fi harka walitti qindeessuun Nishaakalu			

2.4. Sochiilee Guyyaa Guyyaa Keessatti Yaadrimeefi Qooyyaboota Herregaa Fayyadamuu

2.4.1. Seensa

Herreegni jireenya sadarkaa hundaa keessatti kan argamu yoo ta'u daa'imman kichuu kanneeniifi sochiifi muudannoon guyyaa guyyaa herreega wajjiin kan walqabateedha.

Herreegni baay'inaan hojii sammuu irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef daa'imman yaadrimee herreegaa akka hubataniifi meeshaalee garagaraatiin gabbisuun meeshaalee naannoo isaaniitti argaman fayyadamaa gahumsa ofiitiin sosocha'aa naannoo isaanii akka sakatta'anii fi akka baratan haalota mijeessuufiin barbaachisaadha. Inni kun yoo raawwate daa'imman ofii isaanii of danda'anii yaaduu kan danda'an, rakkoo furuuf hubannoo qabaatu; barumsa herreegaa bashannanaa fi gammadaa bifa taphaatiin yaadaan kan baratan ta'uu danda'a.

Yaadrimeen herreegaa jechuun, kan bakkaa, yeroo, meeshaalee fi hanga halluun bocaan, adda baafachuu, meeshaalee lakka'uufisadarkaaleen suuta suuta gabbisaa/cimsaa kan deemuu fi kanneen biroo muuxannoo sosochilee guyyaa guyyaa wajjiin kan walqabateedha. Kanaafuu, barumsi herreegaa daa'immaniif sammuu kan ittiin cimsinu gammachuun kan hirmaatan akka ta'e sochiileen gochaa guyyaa guyyaan sagantaalee barnootaa biroo wajjiin walqabatee waldeeggaraa kan kennamu ta'uutu irraa eegama.

Gubbaatti akkuma ibsametti daa'imman meeshaaleengahaan iddoojiruttibarachuu qabu. Isa kana akka ta'u wanti dirqisiisan daa'imman yaaduu kan danda'an gochaan raawwachuu wajjiin kan walqabate ta'uu qaba. Inni kun daa'imman umriin waggaa 3-4 jiran hirmaannaa barnoota idileen duraa yeroo itti jalqaban waan ta'eef sadarkaa itti aanuuf bu'uura kaa'uu akka ta'e xiyyeeffannoo guddaan itti kennamee itti hojjachuun nurraa eegama.

2.4.2. Kaayyoowwan Waliigalaa

1. Wantoota akaakuun, tokkummaa fi garaagarummaa, walduraa duubaan haala eegeen kaa'uu akka danda'an gochuuf;
2. Walqunnamtii tokkoon tokkoon agarsiisuu; meeshaalee haala salphaa ta'een lakkaa'uu, baayi'isuu, dabaluufi hirisuu akka danda'an gochuu fi saantimaafi qarshii/noottii akkaadda baafataniif;
3. Meeshaa lama gidduu hammaan garaagarummaa jiru himuu akka danda'an gochuu

4. Yeroo keessatti gochaalee raawwataman adda baafachuu namootaafi wantoota bu'uura godhachuun iddoofi fageenya adda baasanii akka ibsuu danda'an gochuu

2.4.3. Bu'aalee Eegamuufi Gahumsa

1. Amala meeshaalee sakatta'uu fi addaa baafachuu
 - 1.1. Wantoota akaakuufi walduraa duubaan kaa'uu ni danda'u.
2. Wantoota amala isaaniitiin walmadaalchisuu
 - 2.1. Wantoota gidduu firoomina jiran walduraa duubaa haala eegeen agarsiisuu nidanda'u.
3. Lakkoofsotaan walbarsiisuu; ibsuu, firummaa isaanii hubachuu fi qoyyaboota sasalphaa hojjachuu;
 - 3.1. Walqunnamtii tokko tokkoof agarsiisuu nidanda'u.
 - 3.2. Meeshaalee lakka'uu nidanda'u.
 - 3.3. Baayisuu, ida'uu fi hirisuu nidanda'u.
4. Haala addaddaa keessatti meeshaalee safartuuwwan madaalaa fayyadamuu
 - 4.1. Meeshaalee lamaan gidduu garaagarummaa hangaan mul'atan himuu ni danda'u.
5. Yaadrimee yeroo hubachuu fi ibsituuwanitti fayyadamuu
 - 5.1. Wantootni yeroo keessatti raawwatan adda baafachuu fi hordofuu ni eegalu.
6. Yaadrimee iddoo hubachuu fi ibsituuwanitti fayyadamuu
 - 6.1. Namootaa fi wantoota bu'uura godhachuun iddoo fi fageenya ibsuu nidanda'u.
7. Qarshiiin walbaruu, addaan baafachuu, ibsuu fi itti fayyadamuu.
 - 7.1. Saantimaafi qarshii/noottii addaan nibaafatu .

2.4.4. Bu'aalee Eegaman, Gahumsa, Meeshaalee Deeggarsaafi Malleen Raawwii

Bu'aa eegamu	Gahumsa
1. Amala meeshaalee sakatta'uu, hubachuu fi adda baafachuu	1.1. Wantoota akaakuu fi walduraa duubaan kaa'uu nidanda'u.

GochaTokko: Bocaawwan ji'oo meetirii maqaan adda baafachuu.



Kaayyoo: Bocaawwan ji'oo meetirii addaddaa maqaan adda baafachuu nidanda'u.



Meeshaalee deeggarsaa: waraqaa Halluu, koollaa,qaxxaamurtuu/maqasii/



Mala Raawwii:

- Boca ro-gsadee, kaaree/rog-arfee/geengoo waraqaa halluu irraa muranii baasuu;
- Tokkoon tokkoo daa'imaaf kennuu;
- Waraqaa adii irratti akka maxxansan gochuu;
- Boca akkamii akka maxxansanii fi himan gochuu;



Madaallii: Bocaawwan ji'oomeetirii addaddaa maqaa ittiin waamamu beekuu isaanii mirkaneeffadhu

Gocha Lama: Bocaalee walfakkaatan walitti firoomsuu



Kaayyoo: Bocaalee kanneen walfakkaatan bocaalee ji'oomeetirii walitti nifiroomsu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Bocaalee hedduu halluu bu'uuraan dibamanii jiran kanneen addaddaa (fakkeenyaaf: kaaree, geengoo, rogsadee)



Mala Raawwii:

- Bocaalee walfakkaataa halluu addaddaa dibamanii jiran,kaaree,geengoo, rog-sadee walitti makanii kennuufii;
- Barsiisaa boca tokko olfuudhee agarsiisuun daa'imman halluu boca isa fakkaatu olfuudhanii akka agarsiisan gochuu;
- Sirrii ta'uufi ta'uu dhiisuu isaanii daa'imman biroon akka mirkaneessan gochuu



Madaallii: Bocaan wantoota walfakkaataa ta'an bocaalee ji'oomeetirii walitti firoomsuu danda'uu isaani,i mirkaneeffadhu

Gocha Sadii: Bocaalee gargar ba'an iddootti deebisuu/seensisuu



Kaayyoo: Bocaalee ji'oomeetirii addaddaa haala boca isaaniitiin godhanii iddootti nideebisu.



Meeshaalee Deeggarsaa: bocaawwan ji'oomeetirii irraa adda adda ba'ee qophaa'e



Mala Raawwii:

- Bakka daa'immanitti mul'atu dhaabbachuun bocaawwan ji'oomeetirii hamma garaa garaa qaban muranii keessaa baasuun iddoo sirriitti deebisanii kaa'uu akka danda'amu itti agarsiisuu
- Teessuma tokko irratti lama ta'anii dabareen itti galchuu akka shaakalan jajjabeessuu;
- Sirriitti bakkatti deebisuu isaanii daa'imman biroon akka mirkaneessan gochuu



Madaallii: Bocaawwan ji'oomeetiriiin gosa addaddaa kukkutanii baasuun iddoo sanatti deebisanii galchuu danda'uu isaanii hordofuu.

Gocha Afur: Bocaawwan maqaa ittiin waamamaniin adda baafachuu



Kaayyoo: Bocaawwan maqaan adda nibaafatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: kubbaa, boronqii



Mala Raawwii:

- Tapha "kubbaa bocakeessa galchuu" jedhu tapha sosochii akka armaan gadiitti akka taphatan godhi;
 - Mooraa yookiin kutaa keessatti lafa irratti yookiin afaa lafaarratti boronqii bocaawwan gurguddaa hojjechuu;
 - Boca hojjetame naanna'anii/marsanii/akka dhaabbatan gochuu fi kubbaa ittiin taphatan itti kennuu;

- Maqaa boca yaa waaman meeshaa taphaa itti kenname boca waame keessa akka kaa’u gaafachuu;



Madaallii:Maqaa bocaawwaniifi bocaan adda baafachuu isaanii madaalaa.

Gocha Shan: Wantoota wal-fakkaatan adda baafachuu



Kaayyoo: Halluuwwaniifi bocaawwan walfakkaatan adda nibaasu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Bocaawwan addaddaa baay’ee ta’anii halluu bu’uuraa dibamanii jiran kaartoonii bal’aa yookiin pilaastika /kuusaa bishaanii/



Mala Raawwii:

- Kaartoonii yookiin pilaastikii kuusaa bishaanii bal’aa keessa wantoota walfakkaataa ta’an cimdii itti guuruu;
Fakkeenyaaf, rog-arfee/iskuweerii/ cimdii, haxxuu, qubeessaa xiqqaa fi guddaa cimdii ta’e, halluuwwan bu’uuraa kanneen dibamanii jiran, qabdu kiribiitiifi kanneen kana fakkaatan
- Wantoota kana fakkaataniin wanta daa’imman gammachiisuu danda’u qulqulluu fi halluuwwanaddaddaakan dibame akka ta’u xiyyeeffannoo itti kennuun barbaachisaadha.
- Tokko tokkoon gidduu keessaa agarsiisuu;
- Kan wal-fkkaataa ta’e daa’imman dabareen barbaadaa akka baasan gochuu;
- Itti fufuun maal akka ta’e akka himan gochuu;



Madaallii: Halluuwwaniifi bocaawwan walfakkaatan wantoota qaban walitti firoomsuu isaanii madaalaa.

Gocha Jaha: Wantoota halluufi bocaan ramaduu



Kaayyoo: Meeshaalee halluu fi bocaan walfakkaatan gara tokkotti niramadu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Halluun, bocaan, amalaan, hammaan meeshaalee

addaddata'e;



Mala Raawwii:

- Minjaala daa'ima irra meeshaalee halluun, bocaan, hammaan, amalaan addaddata'an kaa'uu;
- Sadarkaa sadarkaan gaaffilee dhiheessuun akaakuunakka adda baafatan gochuu;

Fakkeenyaaf, Wantoota fuuldura isaanii jiran keessaa qorkii halluu diimaa dibamee jiru adda baasanii akka kaa'an gaafachuu, wantoota rogsadee ta'an adda baasanii akka kaa'an gochuu fi kanneen kana fakkaatan;



Madaallii: Meeshaalee bocaan fi halluun kan wal fakkaatan gar tokkotti ramaduu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocaa Torba: Wantoota addaddaa ijaaruu



Kaayyoo: Meeshaalee /Bilookota/ijaarsaa fayyadamuun wantoota addaddaani ijaaru.



Meeshaalee Deeggarsaa: Meeshaalee, bilookota addaddaa



Mala Raawwii:

- Meeshaalee ijaarsaa/bilookota hangaafi boca addaddaa qabaniifi mukkeen ciccitaa fayyadamuun bocawwan addaddaa hojjechuun daa'immanitti agarsiisuu
- Meeshaalee/Bilookota ijaarsaa addaddaa bifa taphaatiin akka taphatan gochuu;
- Ijaarsa yoo xumuran maaliin ijaaranii fi maal akka ijaaran akka himan jajjabeessuu;



Madaallii: Meeshaalee /Bilookota ijaarsaa fayyadamani wantoota addaddaa ijaaruu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Saddeet: Bocawwan ji'oomeetirii harkaan baqaqsanii baasuu



Kaayyoo: Sarara eeguun bocawwan ji'oometirii harka isaaniin baqaqsuun nibaasu.



Meeshaalee Deeggarsaa: bocawwan ji'oometirii waraqaarratti kaafaman (karee, geengoofi rogsadee), qubeessaa abbaa halluu



Mala raawwii

- Boca ji'oometirii guddifamee waraqaarratti kaafame daa'immanitti agarsiisuun sarara osoo hingadhiisiin suuta jechuun harkaan bqaqsanii keessaa baasuun itti agarsiisuufi bocichi maal akka ta'e gaafachuu
- Daa'immanis akkanatti hojjechuuf fedhii akka qaban gaafachuun fedhii isaanii kakaasuu
- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif boca ji'oometirii gurraacheffamee sirriitti kaafame kennuun akkaatuma ilaalaniin akka hojjetan gochuu
- Wayita xumuranis boca maal maalfaa akka baasan gaafachuun akka himan jajjabeessuu



Madaallii: Bocawwan tarsasanii keessaa baasuufi boca baasan himuu danda'uu isaanii mirkaneessuu

Bu'aa eegamu	Gahumsa
2. Wantoota amala isaaniitiin walmadaalchisuu	2.1. Wantoota gidduu firoomina jiran walduraa duubaan biffaa eeguun agarsiisuu nidanda'u.

GochaTokko: Hanga wantootaa adda baafachuu



Kaayyoo: Meeshaalee hammaan/hangaan/ addaan nibaafatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Bocaawwan akaakuu tokko ta'anii hangaan gurguddaa ta'an



Mala Raawwii:

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Meeshaalee hangaan addaddata'anii guguddatanii mul'atan akaakuu tokko dhiheessuun maal akka ta'an gaafachuu
- Itti aansuun wantoota lamaan sanneen harkaa garagaraan kaasuun isa kamtu guddaa, isa kamtu xiqqaa akka ta'e akka tilmaaman gochuu
- Tokkoon tokkoon daa'ima gara barsiisaa dhufuun guddaa kaasii natti kenni, xiqqaa kaasii natti kenni, abaluuf isa xiqqoo kenni, abaluuf isa guddaa kenni jechuun garaagarummaa isaanii akka beekan shaakalchisuu;



Madaallii: Meeshaalee hangaan adda baafachuu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Lama: Wantoota ulfaatina isaniin adda baasuu



Kaayyoo: Wantoota ulfaatina isaaniin waldorgomsiiisu.



Meeshaalee Deeggarsaa: dhagaa guddaa, ispoonjii guddaa, dhagaa xiqqaa, ispoonjii xiqqaa



Mala Raawwii

- Daa'immaniif minjaala isaaniirra ispoonjii guddaafi dhagaa xiqqoo kaa'uun maal akka ta'an gaafachuu
- Itti aansuun, harka isaaniin osoo hintuqiin ija isaanii qofaan ilaaluun kamtu guddaa, kamtimmoo xiqqaa akka ta'e gaafachuun kamtu akka ulfaatu ijaan ilaalani akka tilmaaman jajjabeessuu
- Itti aansuun, dabaree dabareen lamaan isaanii harka lamaan qabaniisa kamtu akka ulfaatuufi isa kamtu akka salphatu akka sakatta'an gochuu
- Deebi daa'immanii erga dhaggeeffattanii booda meeshaan tokko waan ijatti guddaa fakkaatuuf ni ulfaata jechuun akka hindanda'amne, waan xiqqaateef salphaa akka hintaane hubachiisuu



Madaallii: Wantoota harka isaanirra kaa'uun waldorgomsiiisuun ulfaataafi salphaa adda baasuu isaanii ilaaluun mirkaneessuu

Gocha Sadii: Meeshaalee baay'ina isaaniitiin walmadaalchisuu



Kaayyoo: Meeshaalee baay'ina isaaniitiin walmadaalchisuu nidanda'u



Meeshaalee Deeggarsaa: firii mukaa, qorkiiwwan, dhagaa xixiqqaafi kanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii

- Bakka daa'immanitti mul'atu dhaabbachuun cirracha, qorkiiwwan fi kanneen kana fakkaatan fayyadamuun baay'ee fi muraasa adda baasanii akka kaa'an gochuun kamtu baay'ee, kamtu muraasa akka ta'e gaafachuun jajjabeessuu;
- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif minjaalarratti qorkiiwwan, firii mukaafi cirracha kennuun karaa tokkoon baay'ee karaa biroommoo muraasa akka kaa'an gochuun wayita xumuranis kamti baay'ee, kamti muraasa akka ta'e barsiisaatti akka agarsiisan gochuu



Madaallii: Meeshaalee addaddaa baay'ina qabaniifi walmadaalchisuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.

Gocha Afur: Dheerinaan walmadaalchisuu.



Kaayyoo: Wantoota dheerina garaagaraa qaban walmadaalchisuun dheeraa gabaabaa jechuun ni ibsu.



Meeshaalee deeggarsaa: Haada/wadaroo/ dheeraa fi gabaabaa



Mala Raawwii:

- Waraqaa dosee irraa yookiin waraqaa fakkii mummuruun haada gaggabaabaa fi dhedheeraa S.M 3 (3cm) hinhanqanneen qopheessuu;
- Wadaroo/waraqaa mummurame kandheeraa irraa jalqabani garagaggabaabatti, gaggabaabaa irraa gara dhedheeraatti walqixa tarreessuun agarsiisuu;
- Isaanis wal irraa akka kaa'an/tarreessan/gochuun dheeraa fi gabaabaa akka adda baafatan gargaaruu;
- Yaalii isaan walirraa kaa'uu fi tarreessuuf godhan jajjabeessuu;

Fakkeenyaaf



Madaallii: Wantoota dheerina qaban walmadaalchisuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Shan: Meeshaalee walduraa duuba eeganii lakkaa'uu



Kaayyoo: Meeshaalee walduraa duubaan eeganii lakkaa'uun baay'ina isaa nihimu.



Meeshaalee deeggarsaa: cirracha, qorkiiwwanshan hincaalle



Mala Raawwii:

- Wantoota lakka'amuu danda'an naannootti argaman kennuufiidhaan sagalee ol kaasuun wanticha quboota fayyadamuun tokkorraa kaasuun hanga shaniitti lakkaa'uun daa'immanitti agarsiisuu
- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif wantoota shan hincaalle kennuun tarreen akka kaa'an gochuun kan barsiisaa/tuu wajjiin lakkaa'an qubaan tuqaa akka lakkaa'an jajjabeessuu
- Kan tarreen kaa'an lakkaa'uun itti agarsiisuufi akkaatuma ilaalaniin akka lakkaa'an gochuu



Madaallii: Meeshaalee walduraaduubaan eeganii lakkaa'uu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu

Gocha Jaha: 1-10 qubaan lakkaa'uu



Kaayyoo: Quba isaanii fayyadamuun 1-10 nilakkaa'u



Mala Raawwii:

- Quba harkaa mirgaafi bitaa wal jijjiirsisuun guba agarsiistuutiin fiixee qubaa tuqaa 1-10 sagalee ol kaasuun lakkaa'uun itti agarsiisuu
- Daa'immanis haaluma ilaalaniin barsiisaa/tuu hordofaa quba isaanii akka lakkaa'an shaakalsiisuu
- Daa'imman 3-4 ta'an affeeruun fuuldura hiriyyoota isaaniitti bahuun akka lakkaa'an gochuun kaanis gareen ta'uun dabaree dabareen akka lakkaa'an gochuu



Madaallii: Quba isaanii fayyadamuun lakkoofsa 1-10 lakkaa'uu danda'uu isaanii

madaalaa

Gocha Torba: Faaruu faarsuu



Kaayyoo: Yeedalloofi sarara faarfannaa hordofuun faaruu nishaakalu.



Mala Raawwii

- Faaruu, 'Lakkoofsa lakkaa'uun namatti tola..' jedhu daa'imman waliin dhaabbachuun suuta jedhaa sagalee ol kaasuun faarfachuu
- Barsiisaanis yeedaloo faaruu eeguun sirriitti faarfachuun daa'immanis akka shaakalan gochuu
- Dhumarrattis faaruu sana barsiisaa/tuu waliin faarfachuunakka shaakalan gochuu



Madaallii: Yeedaloo faaruu hordofuun faarsuuf yaaluu isaanii dhaggeeffachuun

Madaalaa

Gocha Saddeet: Sochii qaamaa eeguun faaruu faarfachuu



Kaayyoo: Sochii qaamaa eeguun, miirota qaamaa isaanii fayyadamaa 1-5 lakkaa'aa Nifaarfatu.



Mala Raawwii:

- Faaruu, 'Miira qaama kiyjaa shanan..' jedhu lakkoofsotaan walqabsiisuun haala armaan gadiin daa'immaniif faarsuu:

Miira qaamaa koo shanan

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

Ija, funyaan, arraba, gurraafi harkafa'i

Tokko,lama, sadii, afur, shaniidha....

- Kan dhuma faaruurra jiru lakkaa'aa yommuu faarsan miira qaamaa tuqaa faarfachuu
- Barsiisaan yeedaloo faaruu haala eegeen faarfachuufi daa'immanis barsiisaa/tuu hordofuun faarsuufi sochii qaamaa akka shaakalan gochuu



Madaallii: Yeedaloo faaruu hordofuun sochii qaamaa fayyadamuun miira qaamaa isaanii tuqaa 1-5 lakkaa'uu danda'uu isaanii mirkaneessaa.

Bu'aa eegamu	Gahumsa
3. Lakkoofsotaadda baasuu, ibsuu, firummaa isaanii hubachuufi qoyyaboota sasalphaa hojjechuu	3.1. Walqunnamtii tokkoo tokkoof agarsiisuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Wantoota walfakkaatan walitti firoomsuu



Kaayyoo: Wantoota walfakkaatan walitti nifiroomsu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Qorkiiwwan, firiiwwan, cirrachaafi kanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

- Qorkiiwwan, firiiwwan, bocaawwan xixiqqoo cimdii ta'an walmakanii dhiheessuu;
- Itti fufuun tokko tokkoo adda baasuun akka tarreessan gochuu;
- Akaakuu tokko kan biroo kan walfakkaatuu wajjiin akka walitti firoomsan gochuu;



Madaallii: Wantoota walfakkaatan walitti firoomsuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Lama: Gabatee walitti firoomsii taphachuu



Kaayyoo: Wantootawalfakkaatan walitti firoomsuun nitaphatu.





Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkiilee mummuramanii bahan, loottoowwan,



Mala Raawwii:

- Fakkiilee beyladootaa, kuduraalee, fuduraalee, meeshaalee manaa, loottoo /akaakuu kanneen eeramee keessaa kan argame/ dhiheessuun akkamitti walitti firoomu akka danda'u gochan agarsiisuu;
- Dhuunfaa yookiin garee nama(2-4) qabun loottoo itti kennuun tapha walitti firoomsuu akka taphatan gochuu;
- Tokkoo tokkoon walitti firoomsuu danda'uu isaanii hordofuun deeggarsa barbaachisu gochuufiin jajjabeessuu;



Madaallii: Wantoota walfakkaataa walitti firoomsuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Sadii: Wantoota walfakkaatan halluu dibuun walitti firoomsuu



Kaayyoo: Wantoota walfakkaatan halluu dibuun walitti nifiroomsu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkiilee beyladaa, abaaboo, kuduraalee...





Mala Raawwii:

- Abaaboo, kuduraalee fi kanneen biroon kan kanneen fakkaatan cimdii cimdiin ka'ee jiru kutanii baasuu;
- Tokkoo tokkoo daa'imaaf fakkii cimdii itti kennuun halluu bifa tokkoo akka diban gochuu;

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Tokkoo tokkoon walqunnamsiisuun akka kaa'an gargaaruu;



Madaallii: Wantoota walfakkaatan halluu dibuun walitti firoomsuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu

Gocha Afur: Wantoota walfakkaatan adda baasuu fi lakkaa'uu



Kaayyoo: Wantoota walfakkaatan adda baasanii lakkaa'uu nishaakalu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Firiwwan, qorkiiwwan, cirraacha, kanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

- Firiwwan, qorkiiwwan, cirraacha fayyadamuun kanneen walmakan keessaa akkamitti adda baasuu, tarreessuu/daraddaruu/fi lakkaa'uun akka danda'amu agarsiisuu;
- Daa'immaniif dhuunfaan wantoota 10 hincaalle waan garagaraa walmakanii jiran qooduufiinii fi funaananii akaakuun akka adda baasan, akka tarreessan/daraddaran / fi akka lakkaa'an gochuu;



Madaallii: Wantoota walfakkaatan adda baasuun lakkaa'uu jalqabuu isaanii hordofaa.

Bu'aa eegamu	Gahumsa
3 Lakkoofsotaan walbarsiisuu, ibsuu, firummaa isaanii hubachuu fi qoyyaboota sasalphaa hojjechuu	3.2 Wantoota lakkaa'uu ni danda'u.

Gocha Tokko: faaruu faarsuu



Kaayyoo: Faaruudhaan lakkoofsota 1-10 jiran duraa duubaan nilakka’u.



Meeshaalee Deeggarsaa: Kaassettii faaruu,



Mala Raawwii:

- Faaruu “simbirroo xiqqoo xiqqoo” jedhu faarfachaa 1-10 akka lakka’an gochuu;
- Faaruu duuka bu’uun fakkiilee simbirroo xixiqqoo kaasani mummuruun itti fayyadamuu;
- Daa’imman qomaan yeroo lakkaa’an fakkiilee simbirrootaa agarsiisuu fi qajeelchaa dadammaqsuu;



Madaallii: Lakkoofsota 1-10 jiran lakka’uu danda’uu isaanii mirkaneeffachu.

Gocha Lama: Tokkoo tokkoon firoomsuu



Kaayyoo: Wantoota tokko tokkoon ni firoomsu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Karameellaa shan, intalashee/ashaangulliitii/ shan, Pilaastikii bishaan ittiin qabataniifi qadaadawwaniifi kanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

- Karameellaa shaniifi Intalashee /ashaangulliitii/shan qopheessuu;
- Tokkoon tokkoo ijoollee gara barsiisaa/tuu dhiyaachuun intalachee/ashaangulliitii/karmeellaa akka qoodaniif gochuu
- Tokkoo tokkoon walqunnamsiisuun shaakalchiisuu;
- Gochaalee walfakkaataa, pilaastikii bishaani ittiin qabaniifi qadaaddoo isaa kophaa kaa’uun tokkoo tokkoon akka walqunnamsiisanjajabeessuu fi shaakalchiisuu;



Madaallii: Tokko tokkoon firoomsuu danda’uu isaanii hordofaa.

Gocha Sadii: wantoota lakkaa’uu



Kaayyoo: Wantoota 1-5 jiran lakkaa’uun hanga isaa nihimu



Meeshaalee Deeggarsaa: qadaada haayilaandii halluu addaddaa qaban, qorkiiwwan, cirracha



Mala Raawwii:

- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif minjaala isaaniirratti wantoota lakkoofsaan shan hincaalle kennuun fuuldura isaaniitti akka naqan gochuu
- Naqanii erga xumuranii booda qajeelfama barsiisaan/tuun kennurratti/iturratti hundaa'uun wantoota isaaniif kennaman keessaa lakkaa'anii akkka baasan gochuu; **Fakkeenyaaf**, Yommuu barsiisaan/tuun sadii jedhu wantoota sadii qofa lakkaa'anii akka baasan, lama yommuu jedhu lama qofa akka baasuufi daa'imman hunduu tokkummaadhaan tokkoo tokkoo wantootaa qubaan tuqaa lakkaa'uun akka dubbatan gochuu
- Yoo itti ulfaate deeggarsa barbaachisu taasisuun jajjabeessuu



Madaallii: Wantoota lakkaa'uun hamma isaanii himuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Afur: Lakkoofsota 1-10 wantoota lakka'aniin lakka'uu;



Kaayyoo: Lakkoofsota 1-10 lakkooftuu fayyadamuun lakka'uu nidanda'u.



Meeshaalee Deeggarsaa: boronqii



Mala Raawwii:


- Daa'imman kudhan (10) hin caalle bahanii hiriyyoota isaanii fuuldura akka dhaabbatan gochuu;
- Daa'imman bahan geengoo kutaa keessatti boronqiin ka'ee jiru keessa akka dhaabbatan gochuu;
- Daa'imman keessaa tokko yaamuun ijoollee geengoo keessaa ijoollee 3 yookiin 4 lakkaa'ee akka baasuufi barsiisaa/tuu fuuldura akka dhaabbatan gochuu;
- Sirriitti lakka'ee baasuu yookiin baasuu dhabuu isaa kanneen biroo akka mirkaneessan gochuun taphachiisuu;



Madaalli: Lakkoofsota 1-10 jiran lakka'uu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu.

Bu'aa eeggamu	Gahumsa
3. Lakkoofsotaan walbaruu, ibsuu, firummaaisaanhubachuu fi herreega sasalphaa hojjechuu	3.3 Baay'isuu dabaluu fi hir'isuu nidanda'a.

Gocha Tokko: Ida'uu shaakaluu;


 **Kaayyoo:** Yaada bu'uura iduu nishaakalu.


 **Mala Raawwii:**

- Daa'ima kutaa jiran keessaa dhiira 2 fi dubara 4 fuulduratti baasuun kophaa kophaa gareen akka dhaabbatan gochuu;
- Daa'ima dabareen bahaa dhiirota hiriiraan dhaabbatan akkasumas dubartoota qubaan mul'isaa akka lakkaa'an gochuu;
- Yeroo lakkaa'anii xumuran isaan kamtu baay'eedha? Dubartoota moo dhiirota? jechuun gaafachuu;
- Ijoollee dhiirotaa irraa hir'isuun gara ijoollee dubartootaatti dabaluu irra deebiin hir'isuu dabaluu fi hir'isuu akka hubatan shaakalsiisuu;

Madaallii: Sadarkaa isaaniitti yaadrimee iduu hubachuu jalqabuu isaanii hordofuu.

Gocha Lama: Hir'isuu shaakalsiisuu

 **Kaayyoo:** Sadarkaa isaaniitti yaadrimee hir'isuu nihubatu.

 **Meeshaalee Deeggarsaa:** Fakkii simbirroota shan, pilaastara bishaanii

 **Mala Raawwii:**

- Barsiisaan/tuun bakka daa'immanitti mul'atu dhaabbachuun fakkii simbirroota bareedduu shan doosee furdaarraa became pilaastaraan maxxansuu

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Faaruu “simbirroo bareedduu shan qaba” jedhu faarfachuun yaada hir'isuu fi dabaluu akka qabaatan shaakalchiisuu;
- Daa'immanis barsiisaa/tuu waliin faaruu sana irra deddeebi'uun akka jedhan gochuun sadarkaa isaanitti yaadrimee hir'isuu akka hubatan gochuu
- Abakasitti fayyadamuun dabareen walduraa duubaan lakka'uun ida'uu fi hir'isuu akka shaakalan gochuu;



Madaallii: Yaadrimee hir'isuu hubachuu jalqabuu isaanii hordofuu.

Gocha Sadii; Ida'uufi hir'isuu shaakalsiisuu



Kaayyoo: Yaada bu'uuraa ida'uu fi hir'isuu nishaakalu.



Meeshaalee Deeggarsaa: abakasii



Mala Raawwii

- Bakka daa'immanitti mul'atu dhaabbachuun abakasii fayyadamuun abakasii yookiin dooqaawwan kallattii tokkorra jiran barsiisaa/tuu waliin akka lakkaa'an gochuu
- Erga lakkaa'anii fixanii booda meeqa akka ta'e gaafachuun isa isaan lakkaa'anirratti kan biroo dabaluu hanga isaa lakkaa'anii akka himan gochuun dabaluu akka shaakalan gochuu
- Itti aansuun dooqaawwan yookiin abakasoota muraasa kallattii tokkorra kaa'uun barsiisaa/tuu waliin akka lakkaa'an gochuu

- Itti aansuun isa isaan lakkaa’an keessaa tokko yookiin lama irraa hir’isuun irra deebi’anii akka lakkaa’an gochuun meeqa akka hafe akka himan taasisuun hir’isuu akka shaakalan gochuu

Yaadannoo: sadarkaan umrii daa’immanii irratti argaman waan rakkisaa ta’eef, hir’isaa, ida’aa jedhanii dirqisiisuun sirrii miti; hanga danda’ametti wantoota garagaraatti fayyadamuun bifa taphaan shaakalsiisuutu gaarii ta’a.



Madaallii: Abakasii fayyadamuun hir’isuufi ida’uu shaakaluu isaanii ilaaluufi dhaggeeffachuun mirkaneessaa.

Gocha Afur: Tokkoon caaluufi hir’achuu



Kaayyoo: Yaadrimee tokkoon caaluu fi hir’achuu hubachuuf niyaalu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Teessoowwan gola keessa jiran,



Mala Raawwii:

- Teessoowwan irratti “kan kooti, kan kooti” tapha jedhuun akka itti aanutti taphachiisuu;
 - Teessoowwan Shan (5) boca geengootiin tarreessuu;
 - Barattoota 6 fedhiidhaan baasuu;
 - Barsiisaa/tuu yeroo harka walitti rukutu daa’imman teessoo irra akka naanna’aa fiigaan gochuu;
 - Harka walitti rukutuun yoo dhaabbate akka teessoo walsaamanii irra taa’an gochuun yaadrimeehanqachuufi dabaluu akka qayyabatan shaakalsiisuu;

Yaadannoo: Yeroo dursanii taa’uuf yaalanitti daa’imman miidhaan akka irra hingenye of eegumsa haa godhamuu.



Madaallii: Yaadrimee tokkoon caaluufi hir’achuu hubachuu danda’uu isaanii mirkaneeffadhu

Bu’aa Eegamu

Gahumsa

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

4. Meeshaalee haalota addaddaakeessatti ittiin safaraniifi madaalan fayyadaman

4.1 Gidduu meeshaalee kanaatti garaagarummaawan jiru himuu nidanda'a.

Gocha Tokko: Garaagarummaa hangaa hubachuu



Kaayyoo: Garaagarummaa hangaa addaan nibaafatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Meeshaalee mana keessaafi kutaa itti baratan keessaa

fayyadamaa:



Mala Raawwii:

- Meeshaalee addaddaa gidduu guddaa fi xiqqaa akka adda fooyan gochuu; Fakkeenyaaf, Qaxxaamurtuu(Maqasii) guddaa fi xiqqaa, bilbila/sagalee guddiftuu/kanneen kana fakkaatan
- Meeshaalee jireenya isaanii keessatti guyyaa guyyaan itti fayyadamaniifi isaan muudatu kaasuun xiqqaafi guddaa akka walmadaalchisan gochuu;

Fakkeenyaaf, Maalitti ciree nyaatte? Saanii guddaamoo xiqqaa?kanneen kana fakkaatan jedhanii gaaffilee garagaraa dhiheessuufii



Madaallii: Garaagarummaa hangaa hubachuu isaanii mirkaneeffadhun.

Gocha Lama: Guddaa fi xiqqaa adda baafatu



Kaayyoo: Guddaa fi xiqqaa addaan nibaafatu.





Meeshaalee Deeggarsaa:Fakkiilee garaagaraa



Mala Raawwii:

- Minjaala fuuldura isaanii jirurra fakkiilee cimdii ta'anii garuu hanga garagara ta'an kaa'uun daa'imman dabareen ba'anii fakkiwwan walfakkaatan akka filanii baasan gochuu

- Itti aansuun, maal akka ta'eefi kamtu xiqqaafi guddaa kanneen ta'an addaan baasuun hiriyyoota isaaniitti akka agarsiisan gochuu
- Daa'imman hundi akka irratti hirmaatan gochuu



Madaallii: Wantoota walfakkaatan filuun guddaafi xiqqaa addaan baafachuu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Sadii: Dheeraafi gabaabaa addaa baafachuu



Kaayyoo: Dheeraafi gabaabaa addaa nibaafatu.



MeeshaaleeDeeggarsaa: Uleewwan garaagarummaa dheerinaa qaban,

Qubeessaawwan, waraqaa fi kanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

- Uleewwan, qubeessaawwaniifi waraqaa fi kanneen kana fakkaatancimdii ta'anii dheerinaan garagara ta'an itti kennuu;

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Waan itti kenname maal akka ta'eefi isaan kamtu dheeraa fi gabaabaa akka ta'e hiriyyoota isaaniitti akka himan gochuu
- Yoo itti cime deeggarsa barbaachisu taasisuufii



Madaallii: Dheeraa fi gabaabaa adda baasuu danda'uu isaanii hordofuu.

Gocha Afur: Cirracha safaruu



Kaayyoo: Cirracha safaruun garaagarummaa baay'ee fi muraasaa nihubatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Kubbaayyaa/xaasaa gurguddaa fi xixiqqaa, cirracha



Mala Raawwii:

- Saanduqa cirrachaa kutaan ala jiru fayyadamuun kubbaayyaa xiqqaafi guddaan safaruun bakka lama kaa'uun kamtu baay'ee kamtu muraasa akka ta'e gaafachuun mariisisuu
- Itti aansuun, daa'immanis tokkorraa gara tokkootti garagalchuun akka taphatan gochuufi yeroo taphatan hordofuu;



Madaallii: Garaagarummaa baay'eefi muraasaa hubachuu isaanii hordofaa.

Gocha Shan: Wantoota hanga garagaraa qabanijaaruu



Kaayyoo: Wantoota hanga garagaraa qaban ni ijaaru.



Meeshaalee Deeggarsaa: Bilookiiwaan ijaarsaa hanga fi boca addaddaa qaban



Mala Raawwii:

Sochii guyyaa guyyaa keessatti yaadrimeefi qooyyaboota herregaatti fayyadamuu

- Bakka daa'immanitti mul'atu dhaabbachuun mana xiqqaa tokkoofi mana guddaa tokko ijaaruun itti agarsiisuun maal akka ta'eefi isa kamtu guddaa, isa kamtu xiqqaa akka ta'e gaafachuun jajjabeessuu
- Daa'immaniif bilookiiwwan ijaarsaa kennuun wantoota guddaafi xiqqaa ta'an akka ijaaran gochuu
- Yaanni dadammaqinaan taphachuu akka dhufuufiif maal ijaarta? Karaa moo? Manamoo? fi kanneen kana fakkaatan jechuun gaafachuufi deeggaruu;



Madaallii: Wantoota garagaraa ijaaruu danda'uu isaani mirkaneeffadhu.

Bu'aa Eegamu	Gahumsa
5. Yaadrimee yeroo hubachuufi ibsituuwwanitti fayyadamuu	5.1 Gochaalee yeroo keessatti raawwatamu adda baafachuufi hordofuu nijalqabuu.

Gocha Tokko: Gochaawwan guyyaa guyyaan raawwataman himuu



Kaayyoo: Fakkii ilaaluun gochaawwan guyyaa guyyaan raawwataman nihimu




Meeshaalee Deeggarsa: Yeroo addaddaatti gochaalee raawwataman fakkii mul'isu, fakkii sa'aatiifikanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

- Fakkiilee fayyadama yeroo mul'isu fayyadamuun haalawwan fakkii irratti mul'atan yoom kam akka raawwatu akka dubbatan gochuu;
- Barsiisaan/tuun yeroo itti himeetti/teetti maal akka hojjetan gaafachuun bifa dorgommiitiin akka himan jajjabeessuu; **Fakkeenyaaf**, Barsiisa/tu “Ganama” yoo jedhu daa'imman “ciree nyaanna” jedhu, Isinihoo “ galgala” yoo jedheen “ Irbaata nyaanna” jedhufi kanneen kana fakkaatan
- Gaafachuu fi dubbachuu /himuu/ ijoollee hindandeenye gargaarsa hagoonuufii



Yaadannoo: Fakkiileen ijoolleef dhiyaatu kan sirritti mul'atuufi halluu itti toluufi kan ofitti simatuta'uu barbaachisa.



Madaallii: Yeroo addaddaatti wantoota raawwataman yeroo sana himuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.

Gocha Lama: Dalagawwan ganamaafi galgala raawwataman himuu



Kaayyoo: Dalagawwan ganamaafi galgala raawwataman adda baasuun nihimuu



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkii yeroo aduun baatu ifa godhee agarsiisuufi yommuu dhihu dukkanaa'ee addeessi baate agarsiisu



Mala Raawwii

- Fakkicha dabareen itti agarsiisuun yoom ganama, yoomimmoo galgala akka agarsiisu gaafachuun jajjabeessuu
- Ganama kan jennu yoom akka ta'eefi galgalli yoom akka ta'e ibsuudhaan isaan yeroo kanneenitti mana isaaniitti dalagaa maalfaa akka raawwatan gaafachuun muuxannoo isaaniirraa ka'uun akka dubbatan gochuu
- Yommuu barsiistuun wantoota ganama dalagaman dubbattu daa'immanis ganama jechuun, wantoota galgala raawwataman yommuu dubbattus galgala jechuun akka dubbatan gochuun jajjabeessuu



Madaallii: Daa'imman dalagaalee ganamaafi galgala raawwataman adda baasuu isaanii madaalaa.

Gocha Sadii: Dalagawwan guyyaa keessatti raawwataman himuu



Kaayyoo: Dalagawwan guyyaa keessatti raawwataman nihimu.



Mala Raawwii:

- Faaruu sagalee olkaasuun jechuufi daa'immanis barsiisaa/tuu waliin faarsuuf fedhii akka qaban gaafachuu
- Barsiisaanis/tuunis buufata tokkoo tokkoo faaruu yeedaloo isaa gaafachuun suuta jechaa faarsuun barsiisaa/tuu duukaa bu'anii akka faarsan gochuu

Ganama Yeroo Hunda

Ganama hirribaa yommuu kaanu

Fuula keenya dhiqanna

Ciree keenya nyaanna

Mana barnootaas nideemna

Achittis nibaranna, nitaphannas

Galgalas miila keenya dhiqanna

Siree keenyarras rafna

Yeroo hundas akkas goona

- Dhumarrattis guyyaa guyyaan dalagaalee raawwataman maal akka ta'an gaafachuun cimsuu



Madaallii: Yeedaloo sirriin faarfachuuf yaaluu isaanii dhaggeeffachuun dalagaalee jireenya guyyuu keessatti raawwatan himuuf yaaluu isaanii mirkaneessuu

Gocha Afur: Gochaalee yeroo addaddaa keessatti raawwatamu



Kaayyoo: Yeroo addaddaatti wantoota raawwataman nihubatu.



Mala Raawwii:

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Barsiisaan/tuun fuuldura daa'immanii dhaabbachuun ganama maal akka hojjetan itti himuun isaanis yaadatani akka himan gochuu
- Itti aansuun amma maal gochaa akka jiruufi boodas maal akka godhu itti himuun isaanis amma maal gochaa akka jiraniifi booda yommuu manatti galan maal akka godhan akka himan gaafachuun akka himan gochuu
- Yoo itti cime deeggarsa taasisuufii



Madaallii: Guyyaatti maal akka raawwatan, waan raawwataa jiraniifi itti aansanii maal akka raawwatan himuuf yaaluu isaanii mirkaneessuu

Gocha Shan: Fakkii sa'aatii halluu dibuu



Kaayyoo: Fakkii sa'aatii halluu nidibu; faayidaa sa'aatiis nihimu.



Meeshaalee Deeggarsaa: fakkiiwwan sa'aatii harkaa, halluu qubeessa, fakkii sa'aatii harkaa guddaa gurraacha'ee kaafame



Mala Raawwii

- Barsiisaan/tuun bakka daa'immanitti mul'atu dhaabbachuun fakkii sa'aatii gurraacheffamee kaafame itti agarsiisuun maal akka ta'e, maalirratti akka hidhamu, maaliif akka fayyaduufi kanneen kana fakkaatan.. gaafachuun waa'ee sa'aatii harkaarratti hubannoo qaban gaafachuun jajjabeessuu
- Itti aansuunis akkamitti akka halluu diban harka olii gara gadiitti yookiin bitaa gara mirgaatti sochoosuun suuta jechaa akka diban itti agarsiisuu
- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif fakkii sa'aatii halluu hindibamiin kennuun halluu fedhan akka diban gochuu
- Dhumarrattis, maal akka dibaniifi halluu akkamii akka diban hiriyyoota isaaniitti akka himan gochuu



Madaallii: Fakkii sa'aatii halluu dibuu isaanii ilaaluufi faayidaa sa'aatiibeekuu isaanii dubbachuu isaanii madaalaa.

Gocha Jaha: Konkolaataa oofuun taphachu



Kaayyoo: Harka isaanii akka konkolaataatti yaaduun saffisaan nikonkolaachisu.



Mala Raawwii:

- Barsiisaan/tuun daa'imman fuuldura dhaabbachuun akka daa'imman konkoolaataa oofuu jaalatan gaafachuun fedhii isaanii kakaasuu
- Waan barsiisaan/tuun harkaan godhu ilaaluufi dubbatu dhaggeeffachuun barsiisaa/tuu waliin suuta jechaa, saffisaan oofuufi dhaabbachuu shaakalsiisuu
- Itti aansuun namni konkoolaataa oofu tokko wayita akkamii saffisaan oofuu akka danda'u, wayita akkamiimmoo suuta jedhee oofuu akka danda'u itti fayyadama daandiin walqabsiisuun hubachiisuu
- Itti aansuun daandii konkolaataarra lafoon hinjiru jechuun saffisaan oofuun, lafoon fagoorraa mul'ata jechuun suuta oofuu, lafoon daandii qaxxaamuraa jiraa dhaabbadhuu jechaa akka taphatan shaakalsiisuu



Madaallii: Daa'imman akkaatuma ajajamaniin harka isaanii saffisaan, suutaafi sochii dhaabuu danda'uu isaanii ilaaluun mirkaneessuu.

Bu'aa Eegamu	Gahumsa
6. Yaadrimee iddoo hubachuu fi bakka bu'eewwan isaanii fayyadamuu	6.1. Namootaafi wantoota bu'uura godhachuun iddoofi fageenya ibsuu ni danda'u.

Gocha Tokko: Gubbaafi Jalaa addaan baafachuu;



Kaayyoo: Yaadrimee gubbaafi jalaa addaan nibaafatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Meeshaalee taphaa addaddaa, teessoo, ashaangullitti/intalashee/kanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Daa'imman bifa walakkaa geengootiin teessisuu;
- Fuuldura isaanii minjaala lama kaa'uun minjaala isa tokkorra meeshaalee baay'ee kaa'uu, meeshaa isaa kaanirra immoo dabtara tokko qofa kaa'uu
- Barsiisaanis/tuunis meeshaalee kanneen keessaa tokko fuudhuun minjaalarra kaa'uun maal maalirra akka kaa'e gaafachuun akka dubbatan gochuu
- Itti aansuun daa'imman dabareen waamaa iddoo ajajaman akka kaa'uu shaakalan gochuu;

Fakkeenyaaf, Guuta, qubeessaa kee minjaala jala kaa'i, Caaltu, atimmoo gubbaa kaa'i jechaa ajajuun sirrii ta'uufi ta'uu dhiisuu yookiin eessa akka kaa'an akka himan gochuu



Madaalli: Yaadrimee gubbaa fi jala jedhu hubachuu isaanii mirkaneeffadhu

Gocha Lama: Duraa fi duuba adda baafachuu;



Kaayyoo: Yaadrimee duraa fi duubaa adda baafachuu nidanda'u.



Meeshaalee Deeggarsaa: Meeshaalee taphaa addaddaa, teessoo,

intalashaa/ashaangullitii/ kanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

- Iddoo daa'imman itti argaman irraa meeshaan bakka itti argamu akka fuula dura isaanii maaltu akka jiruufi duuba isaanii immoo maaltu akka jiru gaafachuun akka dubbatan shaakalchiisuu; **Fakkeenya,** Fuula dura maaltu jira?/Gabatee gurraacha/ Duubaan maaltu jira?/Ob.....fa'atu/fikanneen kana fakkaatan
- Meeshaa tokko tokkoo ijoolleef kennuun fuulduraafi duuba isaanii akka kaayan ajajuu;
- Iddoo isaan jiraniin yoo ilaalame meeshaaleen iddoo itti argamu/teessumti/akka xiinxalaniifi akka hubatan gochuu;



Madaallii: Fuulduraa fi duuba adda baafachuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Sadii: Yaadrimee iddoo hubachu



Kaayyoo: Yaadrimee iddoo nihubatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Intalashree/Ashaangulliitii



Mala Raawwii:

- Adeemsaafi seera taphichaa haala daa'imman hubachuu danda'aniin ibsuufii
- Dabareen daa'imman filuun fuula isaanii gara dhaabamanaatti naannessanii akka dhaabbatan gochuun iddoo addaddaa kaa'uun barbaadanii akka argatan gochuu;
- Yommuu argatanis ashaangullitittii eessatti akka argatan akka himan gochuu;



Madaallii: Yaadrimee iddoo hubachuu jalqabuu isaanii hordofuun

Gocha Afur: Waraqaa bakka sirrii ta'etti sirreessuu;



Kaayyoo: Yaadrimee kallattiwwanii nihubatu; addaan nibaafatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Waraqaa Halluuwwanii



Mala Raawwii:

- Waraqaa itti kennuun gara fuulduraafi duubatti caccabsuu, diriirsuufidachaasuun akkamitti akka hojjetamu itti agarsiisuu;
- Waraqaan abbaa halluu yoo ta'e filatama. Yaadrimee gubbatti ibsame haala taphaatiin akka raawwatan nidaddamaqsaan.



Madaallii: Yaadrimee kallattiwwanii hubachuu jalqabuu isaanii hordofuu;

Bu'aa Eegamu	Gahumsa
7. Qarshii walbaruu, adda baafachuu, ibsuu fi itti fayyadamu	7.1. Saantimaafi qarshii/noottii addaan ni baafatu.

Gocha Tokko: Saantimaafi qarshii/noottii adda baafachuu



Kaayyoo: Saantimaafi qarshii/noottiin walbaru.



Meeshaalee Deeggarsaa: qarshii/noottii, saantimoota, fakkiilee saantimii kaartoonii

irraa qophaa'e, qarshii/noottii waraqaarratti koppii ta'ee jiru.



Mala Raawwii:

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Noottii/qarshii fi saantimoota itti agarsiisuun isa kamtu noottii/qarshiiyookiin saantiima akka ta'e gaafachuu;
- Isa kamtu saantimaafi qarshii/noottii akka ta'e itti agarsiisuun hubachiisuu;
- Kaartoonii haphii irratti saantimoota abbaa "5", "10", fi "50" minjaala irra kaa'uu;
- Kanneen walfakkaatan walitti fiduun walbira kaa'uun akka taphatan gochuu;



Madaallii: Saantimaafi qarshii adda baafachuu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Lama: Ibsitoota noottii qarshiifi saantimoota itti himuu



Kaayyoo: Ibsitoota noottii qarshiifi saantimoota nihimu.



Meeshaalee deeggarsa: qarshii/noottii, saantimoota, fakkiilee saantimii qophaa'ee jiru, qarshii/noottii waraqaarratti kophii ta'ee jiru.



Mala Raawwii:

- Qarshii/noottiifi saantimootni maaliif fayyadu? Maal ittiin godhu? jedhuun maari'achiisuu;
- Noottiiwwan qarshii koppii gochuun tokkoon tokkoo qarshii irratti fakkiilee ilaalaa jiran akka himan gochuu;
- Tapha fakkeessanii taphataniif noottii qarshiifi saantimootaa qophaa'ee jiru daa'immaniif kennuu;
- Tapha fakkeessanii taphachuu/suuqii suuqii/bitaafi gurguraa ta'uun taphachuu akka shaakalan dadammaqsuufi jajjabeessuu;



Madaallii: Nootti qarshii fi saantimootaa kan itti ibsaman himuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu

Gocha Sadii: Faayidaa maallaqaa himuu



Kaayyoo: Faayidaa maallaqaa nihimu.



Meeshaalee Deeggarsaa: birrii, saantimoota, fakkii saantimootaa kaartoniirraa qophaa'an, birrii waraqaarratti koppii godhaman



Mala Raawwii

- Qarshii/noottiifi saantimoonni maal fayyadu? Maaliif nu gargaaru jechuun mariisuu.
- Maatiin isaanii maal akka bitaniif gaafachuu, maaliin akka bitaniifis gaafachuu

Sochii guyyaa guyyaa keessatti yaadrimeefi qooyyaboota herregaatti fayyadamuu

- Deebii isaanii erga dha'anii booda wantoonni isaan uffatan, nyaatan.. hundi maallaqaan akka bitame itti himuun akka hubatan gochuu
- Namoonni maallaqa eessaa akka fidan gaafachuun mariisisuun maallaqnis hojiin akkaargamu itti himuu
- Noottii/qarshii tapha fakkeessanii taphachuuf fayyadu daa'immaniif kennuun suuqii deemuun bituufi gurguruu akka shaakalan gochuu



Madaallii: Faayidaa maallaqaa himuu isaanii madaalaa.

2.4.5. Unka Daawwannaa Ittiin Gaggeessan

Maqaa Mana Barnootaa Idileen Duraa -----

Maqaa daa'ima _____ Umrii _____ Kornayaa _____

Maqaa Barsiisaa/tuu _____ ji'a _____ bara _____

Waa'ee daa'ima daawwatamee sadarkaalee armaan gaditti kennaman keessaa sadarkaa daa'imichi irra jiru kan ibsu lakkoofsa isaa qofa roga *daawwannaa* jedhu jalatti barreessi.

Sadarkaalee:

1. Fooyya'uu barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangaahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

Hubachiisa: Unki hordoffii kun jalqaba waggaa, walakkaa waggaafi dhuma waggaarratti guutamuu qaba.

T/l	Gahumsa /Galma	Daawwii		
		Jalqaba waggaa	Walakka Waggaa	Dhuma Waggaa
1	Amala Meeshaalee Sakatta'uun hubachuufi addaan baafachu			
1.1	Wantoota akaakuufi walduraa duubaan kaa'uu ni danda'u.			
2.	Wantoota hamma isaaniitiin walmadaalchisuu			
2.1	Wantoota gidduu firoomina jiran walduraa duubaa haala eegeen agarsiisuu nidanda'u.			
3.	Lakkoofsotaan walbarsiisuu,ibsuu, firummaa isaanii hubachuufi qoyyaboota sasalphaa hojjechuu			
3.1.	Walqunnamtii tokko tokkoof agarsiisuu nidanda'u.			
3.2	Meeshaalee lakka'uu ni danda'u.			
3.3	Baayisuu, ida'uufi hir'isu nidanda'u			
4.	Haala addaddaa keessatti meeshaalee safartuuwwan madaallii fayyaadamuu			
4.1	Meeshaalee qaamaa gidduu garaagarummaa hangaa mul'atan himuu nidanda'u.			
5.	Yaadrimee yeroo hubachuufi ibsituuwwan itti fayyadamuu			

Sochii guyyaa guyyaa keessatti yaadrimeefi qooyyaboota herregaatti fayyadamuu

5.1.	Wantoonni yeroo keessatti raawwatan adda baafachuufi hordofuu ni eegaluu.			
6.	Yaadrimee iddoo hubachuufi ibsituuwanitti fayyadamu			
6.1.	Namootaafi wantoota bu'ura godhachuun iddoo fi fageenya ibsuu nidanda'u.			
7.	Qarshii/nootiin walbaruu, adda baafachuufi itti fayyadamu			
7.1.	Saantimafi qarshii/nootii addaan nibaafatu.			

2.5. Walitti Dhufeenya Naannawaa Waliin Taasisaniin Naannawa Qu'achuun Sirnaan Wal-baruu

2.5.1. Seensa.

Naannoo ofii qo'achuu, sakatta'uufi hubachuuf dandeettiin yeroo tokkoon wanta raawwatamu osoo hintaane daa'imman yeroo dhalatanirraa kaasee qaama miiraa isaanii fayyadamuun kan raawwatan naannoo umrii waggaa 3-4 gidduttii. Daa'immanqaama miiraatiin dabalata mallattoofi afaaniin fayyadamuun naannoo isaanii beekuu fi yaadrimee haaraan walbaruun guyyaa guyyaan jireenya isaanii keessatti wantoota isaan muudataniin naannoo isaanii wantoota jiru amala isaanii hubachuu fi wantootaa fi ka'umsa barbaaduu iddoo itti eegalaniidha.

Waan kana ta'eef daa'imman kana addunyaa keessa jiraatan kaka'umsi beekuuf isaan qaban hubachuun hanga sadarkaa isaanii hayyamettihaala qabatamaa naannoo isaanitti argamu wantoota agarsiisuun qayyabachiisuun naannoo isaanii akka beekan gochuu, naannoo isaanii hubatanii/xiyyeeffatanii akka ilaalaniifi akka sakatta'aniif naannoo haala mijataa uumuun carraa kennuu fi akkasumas gaaffilee gaafataniif osoo hinhifatin /hin nuffin/ yeroon deebii sirrii kennuufii fi wantoota barbaachisu hundaaf deeggarsa gochuun naannoo isaanii xiyyeeffatanii akka ilaalan, sakatta'aniifi akka beekan gochuu barbaachisa.

2.5.2. Kaayyoo Waliigalaa

1. Namoota dhiyeenya isaanitti argaman, meeshaalee, beeyladoo, kuduraalee, ilbiisota fi kanneen kana fakkaatan hubannoo murtaa'aa akka qabaatan gochuu;
2. Iddoowwan naannoo isaanitti argaman barbaachisoo ta'aniifi maqaa ittiin waamamaniifi tajaajila kennan sadarkaan akka hubatan gochu;
3. Manneen fi naannoo isaanii qulqullinaan qabachuuf fedhii akka gabbifatan wantoota naannoo isaanitti miidhaa geessisan hubachuun hanga gahumsa isaaniitti ofii isaanii balaa irraa akka of eegan gochuuf.
4. Dandeettii kalaqaa isaanii fayyadamuun wantoota garagaraa hojjechuun fedhii akka gabbifatan sadarkaa isaaniitti yaalii addaddaa akka raawwataniifi amala wantoota akka hubatan gochuuf

2.5.3 Bu'aalee Eegamaniifi Gahumsa

1. Naannoo dhihoo sakatta'uufi beekuu
 - 1.1. Waa'ee mana jireenya isaaniifi meeshaalee mana isaanii jiru nihimu.

- 1.2. Namoota, beeyladoo, kuduraalee, meeshaalee, wantoota manaafi naannoo isaanitti argaman adda baafachuu nidanda'u.
- 1.3. Namoota M/B BID keessatti argaman meeshaalee taphaa fi kanneen biro adda baafachuu nidanda'u.
2. Iddoowwan barbaachisoo naannoo isaaniitti argaman beekuufi ajaa'ibsiifachuu;
 - 2.1. Iddoowwan barbaachisoo naannoo isaaniitti argaman himuu nidanda'u.
 3. Naannoo akkamitti akka kunuunsuun danda'amu beekuufi kunuunsuu;
 - 3.1. Manaafi naannoo isaanii karaa ittiin qulqulleessuu dada'amu eeruu nidanda'u
 4. Wantoota haala garagaraatiin miidhaa geessisuu danda'an adda baafachuufi ofeegumsagochuu;
 - 4.1. Wantoota haalota garagaraatiin miidha geessisan adda baafachuu nidanda'u.
 5. Yaadrimee sosochii hubachuu fi yaalii gaggeessuu;
 - 5.1. Sosochii wantoota naannootti argamaniin ibsuu nidanda'u;
 6. Aartii waa'ee fakkii fi boca addaddaa wantoota garagaraa kalaquu, dinqisiifachuufi ofibsuu.
 - 6.1. Sochii ijaafi harkaa walitti qindeessuun wantoota garagaraa hojjachuu nishakalu.

2.5.4. Bu'aalee Eegaman, Gahumsa, Meeshaalee Deeggarsaafi Malleen Raawwii

Bu'aa eegamu	Gahumsa
1 Naannawa dhihoo sakatta'uun beeku	1.1. Waa'ee mana jireenyaa isaaniifi meeshaalee mana isaanii himu nidanda'u

Gocha Tokko: Akaakuu mana jireenyaa adda baafachuu



Kaayyoo: Akaakuu manaa garagaraa addaan nibaafatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkii manaa garagaraa, qubeessaa halluuwwanii



Mala Raawwii:

- Fakkiilee mana jireenyaa addadda abakka daa'immanitti mul'atutti maxxansuu Fakkeenyaaf, mana citaa, mana qorqoorroo, Mana Gamoo,

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Fakkiilee qubaan agarsiisaa maal akka ta'aniifi eenyu akka keessa jiraatu gaafachuun mariisisuu;
- Mana isa kam keessa namni akka jiraatuufi isa kam keessa namni akka hinjiraanne gaafachuu
- Deebii isaanii erga dhaggeeffattanii booda, manneen boca isaaniin addadda akka ta'an, manni citaafii viillaan kan namni gubbaan irra jiraatu akka hintaane, mana fooqiifi kondominiyeemii garuu namnigubbaarra namni akka jiraatu yookiin kutaawwan akka qaban ibsuufii



Madaallii: Akaaku manaa boca garagaraa qaban adda baafachu danda'uu isaanii Mirkaneeffadhu

Gocha Lama: Manajireenyaa halluun dibuufi gurraachessuu



Kaayyoo: Mana jireenyaa halluu dibuun nigurraachessu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkiilee manaawaraqaarratti sarara ciccitaan kaafame, qubeessaa abbaa halluu halluu bu'uuraa ta'an qabu



Mala Raawwii:

- Fakkiwwan sarara ciccitaan kaafaman itti agarsiisuun sarara hordofuun akkamitti gurraachessuun akka danda'amu halluun dibamu itti agarsiisuu
- Daa'immaniifis fakkii sarara ciccitaan kaafaman kennuun haaluma ilaalaniin akka gurraachessaniifi halluu diban gochuu
- Wayita xumuranis maal akka gurraachessaniifi halluu akkamii akka diban gaafachuun jajjabeessuu
- Dhumarrattis, miljaala waraqaarratti maqaa isaanii barreessuun bakka mul'atutti maxxansuu



Madaallii: Akaaku manneenii boca garagaraa qaban adda baafachuufi sarara keessaa osoo hinbahiin halluu dibuu isaaniimirkaneeffadhu.

Gocha Sadii: Faaruu 'Manni koo maaliin miidhage?' jedhu faarfachiisuu



Kaayyoo: Haalota gurguddoo mana ibsan addaan nibaafatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Mana kaartooniin hojjetamee jiru, kaasseti faaruu;



Mala Raawwii:

- Fakkeenya mana kaartooniin hojjetame itti mul'isuu;
- Dhaabni, baaxiiniifi lafti halluu akkamii akka dibame gaafachuun itti agarsiisuu
- Faaruu "Manni koo manni koo maaliin bareedee?" jedhu daa'imman wajjiin faarfachuu;
- Daa'immanis sirriitti barsiisaa hordofuun akka faarfatan gochuu
- Erga shaakalanii boodas gamtaan barsiisaa waliin faarfachuu
- Yeroo faarfatanitti sirritti baaxi manaa, dhaaba manaa /keenyan/ lafa manaa fi kanneen kana fakkaatan agarsiisuu;



Madaallii: Haala gurguddoo mana ibsan adda baafachuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu

Gocha Afur: Kutaalee Mana jireenyaa fi meeshaalee manaa adda baafachuu;



Kaayyoo: Kutaalee mana jireenyaafi meeshaalee keessatti argaman addan nibaafatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkiilee kutaalee manaa agarsiisan, meeshaalee Kutaalee

manaa keessatti argaman



Mala Raawwii:

- Fakkii kutaalee mana agarsiisu itti mul'isuu;
- Meeshaalee kutaa manaa keessatti argaman ilaaluun maal akka ta'an akka himan carraa kennuufii;
- Itti fufuun mana keessatti wanta argaman kutaalee garagaraa meeshaalee isaanii keessatti argamu faayidaa isaa gaafachuun mariisisuu; Fakkeenyaaf, kutaa ciisichaa, iddoo keessummaa/hagicha/Saloonii) kutaa itti bilcheessan

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Meeshaaleen kunniin kutaa isa kam keessa akka jiran filannoo kennuun gaafachuufi bakka isaan itti argaman akka adda baafatan gochuu; Fakkeenyaaf, Sireen kan argamu kutaa rafiitii keessa moo kutaa bilcheessaa/kushinaa keessa?



Madaallii: Kutaalee mana jireenyaafi meeshaalee keessatti argaman adda baafachuu isaanii gaafachuun mirkaneeffadhu.

Gocha Shan: Faayidaa meeshaalee manaa himuu



Kaayyoo: Meeshaalee manaa maqaan waamuun faayidaa isaa nihimu



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkii meeshaalee Mana keessatti itti gargaaramnuu



Mala Raawwii:

- Qodaalee mana keessatti argaman fakkiin agarsiisuu;
- Maqaa isaa akka himaniifi tajaajila maaliif akka oolu gaafachuu;
- Tokkoon tokkoo daa'imaa waa'ee meeshaalee manaa akka himu/dubbatu jajjabeessuu;
- Daa'imman sirrii ta'uufi ta'uu dhiisuu isaanii gaafachuun xiyyeeffannaa akka itti kennan gochuu



Madaallii: Faayidaa meeshaalee manaa himuu danda'uu isaanii himuu danda'uu isaani mirkaneeffadhu

Gocha Jaha: Manajireenyaa ijaaru;



Kaayyoo: Meeshaalee ijaarsaa fayyadamanii mana jireenyaa fakkeessanii ni ijaaru.



Meeshaalee Deeggarsaa: Meeshaalee tapha ijaarsaa, intalashee/ashangulliitii



Mala Raawwii:

- Ashangulliitii isaaniin jaalatamtuu taate daa'imman mana haaraa akka ijaaraniif barbaadde fakkeessanii meeshaalee ijaarsaatiin mana ijaaru fedhii kakaasuu;
- Meeshaalee tapha ijaarsaaf barbaachisan bifa gahaa ta'een itti kennuu;
- Intalashee/Ashangulliitiif mana akka ijaaran taasisuu;
- Yeroo hojjatan barsiisaan/tuunintalashee/ashaangullitii qabachuun naanna'aa hojii daa'immanii ashaangullitittiin akka jaalatte itti himuun jajjabeessuu;



Madaallii: Meeshaalee ijaarsa fayyadamuun mana jireenyaa ijaaru danda'uu mirkaneeffadha.

Bu'aa eegamu	Gahumsa
1. Naannoo dhihoo sakatta'uufi beekuu	1.2. Namoota, beeyladoo, kuduraalee, meeshaalee, ilbiisotaafi wantoonni biroo manaafi naannoo isaaniitti argaman addaan nibaafatu.

Gocha Tokko: Namoota isaan waliin jiraatan adda baafachuu;



Kaayyoo: Mana keessatti namoota isaan wajjiin jiraatan maqaan adda nibaafatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Waraqaa halluu, kaartoonii meeshaa xixiqqoo lama,



Mala Raawwii:

- Kaartoonota meeshaa xixiqqoo lama waraqaa halluu yookiin waraqaa halluutiin uwwisanii akka sagalee dhageesiftuutti fayyadamuu;
- Jalqaba barsiisaa/tuu mana keessa eenyu fa'a wajjiin akka jiraatuufi namoota isaan wajjiin jiraatan maqaa himuun walbeeksisuu;
- Daa'ima fedhii qabu tokko kaasuun sagalee guddiftuu tokko itti kennuu;

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Booda, gaaffilee garagaraa gaafachuu; Fakkeenya, Mana keessan eenyu fa'atu jiraata /abaluun siif maal? Isheen siif maal taati? fi kanneen kana fakkaatan
- Yoo xumure daa'ima galateeffachuun gara iddoo teessoo isaatti akka deebi'u gochuu;
- Wanta daa'imni dubbate gabaabsanii himuun daa'ima dabaree itti aanuuf carraa kennuu;

Yaadannoo: Daa'imman hunduu fuulduratti bahanii akka dubbatan carraa kennuufiifi jajjabeessuun barbaachisa.



Madaalli: Namoota mana isaanii keessatti isaan wajjiin jiraatan maqaan waamuu danda'uu mirkaneeffadhaa.

Gocha Lama: Namoota umriifi koornayaan ramaduu



Kaayyoo: fakkii ilaaluun namoota umriifi koornayaan niramadu



Meeshaalee Deeggarsaa: Kaardiiwwan mil'uu namoota beekaa, daa'imman, dhiira dubartii qabu



Mala raawwii

- Barsiisaan/tuun fuuldura daa'immanii dhaabbachuun fakkii dhiiraafi dubartii itti agarsiisuun kamtu dhiira, kamtu dubartii, kamtu nama guddaa, kamtu daa'ima akka ta'e gaafachuun dadammaqsuu
- Kanneen dubara ta'an akka harka baasan gochuun, itti aansuun warri dhiirotaa akka harka baasan gochuun; itti aansuunis daa'imman akka harka baasan gochuun, yommuu barsiisaan/tuun namoota gurguddoo jedhu/ttu barsiisonni, guddistoonni kutaa keessa jiran hundi akka harka baasan gochuun cimsuu
- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif kaardii kennuun yommuu barsiisaan/tuun daa'ima jedhu kan fakkii daa'ima qabu fiigee gara barsiisaa/tuu dhufuun dhaabbachuu gamtaan fakkii maalii akka qabatanii dhaabbatan akka dubbatan gochuu
- Akkaatuma kanaan daa'imman fakkii qabatan hundi kan kaardii isaan qabatan ibsu yommuu waamamu ba'anii akka dhaabbatan gochuun namoonni umriifi koornayaan addadda akka ta'an hubachiisuu



Madaallii: Namoota umriifi koornayaan adda baasuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Sadii: Beeyladaan Walbaruu;



Kaayyoo: Beeyladooata naannoo mana isaanii jiraatan haala jireenyaa, faayidaafi haala soorataatiin walbaru.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkiilee beeyladooataa.



Mala Raawwii:

- Fakkiilee beeyladooata garagaraa itti agarsiisuu;
- Maal akka ta'an, eessa akka jiraatan, maal akka soorataniifi maaliif akka fayyadan gaaffilee garagaraa gaafachuun akka hubatan gochuu;
- Beeyladooata beekan sagalee isaanii fakkeessanii dhageessisuu;
- Sagalee beeylada kamii akka ta'e gaafachuu;
- Waraqaa irratti fakkiile ka'ee jiru kan beeyladaa itti kennuun maala akka ta'aniifi sagalee akkamii akka qaban gaafachuun gaaffii gaafatameef deebii akka kennan gochuu;



Madaallii: Beeyladooata naannoo mana isaanii jiraatan, haala jireenya isaanii, faayidaa fi haala soorata ibsuu danda'uu isaanii gaafachuun mirkaneeffadha.

Gocha Afur: Beeyladooata halluu dibuu;



Kaayyoo: Beeyladooata halluu dibuun halluu diban nihimu.



Meeshaalee Deeggarsaa: fakkii saree, adurree, lukkuu, qubeessaa abbaa halluu.



Mala Raawwii:

- Tokkoon tokkoo daa'imaaf fakkiilee beeyladooataa tokko tokkoo kennuun halluu fedhan akka diban gochuu
- Wayita xumuranis maal akka dibaniifi waa'ee fakkii halluu dibanii akka himan jajjabeessuu;
- Yoo itti cime deeggarsa taasisaafii



Madaallii: Beeyladooata adda baafachuu isaanii gaafachuun mirkaneeffachuu.

Gocha Shan: Kuduraalee oddoo adda baafachuu.



Kaayyoo: Kuduraalee oddoo nyaataman /sooratan /maqaa fi bocaan addaan nibaafatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Qubeessaa halluu, fakkiilee kuduraalee fi fuduraalee addaddaa.



Mala Raawwii:

- Daa'imman naannoo itti jiraatanitti argamuu kandanda'an irra deddeebiin kan soorataaf itti fayyadaman kuduraalee boroo addaddaa kanneen akka raafuu, kaarotti,qaaraa, qullubbii diimaafi kanneen kana fakkaatan kutaa keessatti fiduun agarsiisuu;
- Maal akka ta'aniifi nyaatanii kan beekan ta'uu isaa gaafachuun mariisisuu;
- Tokkoo tokkoo mucaatiif fakkiilee kuduraalee itti kennuu;
- Hiriyyoota golaatti agarsiisuun maqaa ittiin waamamu akka himan jajjabeessuu;

Yaadannoo: Kuduraalee boroo hundaa wayitii barnootaa tokkotti osoo hintaane wayitii barnoota garagaraa keessatti beeksisuun barbaachisaadha.



Madaallii: Kuduraalee boroo sooratan maqaa fi boca isaaniitiin adda baafachuu danda'uu isaanii madaalaa.

Gocha Jaha: Fuduraalee adda baafachuu;



Kaayyoo: Fuduraalee nyaataman bocaan,mi'aa fi halluun addaan nibaafatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkii fuduraalee



Mala Raawwii:

- Daa'imman argatanii soorachuu kanneen danda'an fuduraalee addaddaa yoo danda'ame kutaa keessatti fiduun yoo hindanda'amne fakkii agarsiisuu;
- Tokkoo tokkoo da'imaatiif fakkii fuduraalee itti kennuun maqaa fuduraa sanaa yommuu waaman daa'imni fakkii akkasii qabate ol kaasee akka agarsiisu gochuun maqaa fuduraalee akka adda baasan gochuu

- Itti aansuun, hibboo taphachiisuun cimsuu

Fakkeenya:

Ani akaakuu fuduraalee keessaa tokkodha.

Halluun koo keelloofi magariisadha.

Yommuu nyaatamu nimi'aa'a.

Ani eenyu? Jechuun gaafachuun hubachiisuu

- Maal akka ta'e;
- Halluu akkamii akka qabu;
- Keessa isaatti firii qabaachuufi dhiisuu isaa;
- Quuncisanii nyaachuufi nyaachuu dhiisuu isaa;
- Mi'aa'uufi mi'aa'uu dhiisuu isaa gaafachuu mariisisuu;



Madaallii: Fuduraalee nyaataman, bocaawwan dhandhamaniifi halluun adda baafachuu danda'uu isaanii;

GochaTorba: Kuduraalee fi fuduraalee fuunfachuun adda baafachuu;



Kaayyoo: Kuduraalee fi fuduraalee osoo hin ilaalin fuunfachuun addaa nibaafatu.



Meeshaalee deeggarsa: Fuduraalee fi kuduraalee adda addaa; fakkiilee kuduraafi fuduraalee, huccuu ija ittiin dhokfatan;



Mala Raawwii:

- Tapha “Fuunfadhuu beeki” jedhu haala itti aanu kanaan taphachuu;
- Qaaraa, qullubbii adii, burtukaana, Loomii, Muuzii daa'immanitti agarsiisuu; maal akka ta'an gaafachuu;
- Daa'ima tokko kaasuun daa'imman fuuldura akka dhaabbatu/ttu gochuu;
- Itti fufuun ija isaa/ishee salphisani huccuun hidhuu;
- Gara funyaanii tokko geessuun yookiin kuduraa tokko itti dhiheessuun akka fuunfaataniifi maal akka ta'ee akka himan gaafachuun jajjabeessuu;
- Haala kanaan daa'imman hunduu akka taphataa irratti hirmaatan gochuu;

Yadannoo: Qaaraa harkaan qabanii ija isaanii akka hintuqneefi akka isaan hingubne ofeegannoo gochuun barbachisadha.



Madaallii: Kuduraalee fi fuduraalee fuunfachuun adda baasuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Saddeet: Ilbiisota adda baafachuu;



Kaayyoo: Ilbisoota maqaafi bifaan addaan nibaafatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: fakkii ilbisoota titiisa, goondaa, billaacha,



Mala Raawwii:

- Dura ilbiisota fakkiin itti agarsiisuun arganii kan beekan ta'uu gaafachuu
- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif fakkii kennuun yommuu barsiisaan/tuun maqaa ilbisattii waamu daa'imman fakkii ol kaasuun akka agarsiisu gochuun ilbiisota maqaafi bifaan akka adda baafatan gochuu

Yaadannoo: Daa'imman mooraa keessatti daawwii akka gaggeessan gochuun moora keessa biqiltuuwwaniifi ilbiisota jiran akka ilaalan gochuu;

- Biqiltoonni halluu akkamii akka qabaniifi maqaa ittiin waamaman gaafachuun maqaa ilbiisota beekanii akka himan gochuu; Fakkeenyaaf, bararoo, mixii, daarabaaftuu,...



Madaallii: Ilbiisota maqaafi bifaan adda baafachuu isaanii hordofuun mirkaneessaa.

Gocha Sagal: Faaruu faarfachuun shaakaluu



Kaayyoo: Faaruu sochii qaamaan walitti qindeessuun nifaarfatu



Meeshaalee Deeggarsaa: fakkii billaachaa guddifamee gurraacheffamee kaafame



Mala Raawwii:

- Fakkii billaachaa itti agarsiisuun maal akka taate, eessa akka jiraattu, akkamitti akk sochootu gaafachuun jajjabeessuu
- Faaruu waa'ee billaachaa beekan akka faarfatan gochuu fedhii isaan faaruuf qaban kakaasuu
- Barsiisaan/tuun suuta jechaa faaruu faarfatan sochii qaamaan dabaalanii akka faarfatan gochuu

- Daa'immanis barsiisaa/tuu hordofuun tokkoo tokkoo sarara faaruu barsiisaa/tuu waliin akka faarfatan gochuu
- Gamtaan faarfachuu shaakalsiisuu



Madaallii: daa'imman yeedaloo faaruu eeguun faarfachuufi sochii qaamaan dabaaluuf yaaluu isaani madaalaa.

Gocha Kudhan: Faaruu faarfachuu shaakaluu



Kaayyoo: Faaruu sochii qaamaan deeggarame faarfachuuf niyaalu.



Meeshaalee Deggarsaa: fakkii daarabaaftuu guddifamee gurraacheffamee kaafame



Mala Raawwii

- Fakkii daarabaaftuu itti agarsiisuun maal akka taate, eessatti arganii akka beekan, gaafachuun dadammaqsuu
- Waa'ee daarabaaftuu ilaalchisee faaruu jiru akka beekan gaafachuun fedhii isaanii kakaasuu
- Seenaa daarabaaftuu gabaabinaan haala armaan gadiin ibsuufii
Gaaf tokko daarabaaftuu tokkotu ture.Dhaaba manaarra suuta jettee bahuu barbaaddeetu yommuu ol baatu bubbeen cimaan tokko dhufee ishee sochoose.Achiis, bokkaan cimaan tokko roobee lafarratti ishee kuffiise....jechuun iti himuu.
- Faaruu beekan suuta jechaa sochii qaamaan dabalaa faarfachuu
- Barsiisaa/tuu duuka bu'uun yeedaloo sirrii ta'een akka faarfatan shaakalsiisuu
- Itti aansuun, barsiisaa/tuu waliin akka faarfatan shaakalsiisuu

Yaadannoo: Yommuu faarfatan sochii qaamaa sirrii ta'e akka hordofan gochuu



Madaallii: Faaruu sochii qaamaan dabaluun faarfachuuf yaaluu isaanii ilaaluufi dhaggeeffachuunmadaalaa.

Bu'aa eegamu	Gahumsa
1. Naannoo dhihoo sakatta'uufi beekuu	1.3. Namoota M/B keessatti argaman meeshaalee taphaafi kanneen biroo addaa baafachuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Mana barnootaafi gola barnootaa adda baasuu;



Kaayyoo: Daa'imman kutaa isaanii keessa jiran maqaa fi bifa isaaniitiin adda nibaasu.



Meeshaalee Deeggarsaa: fakkii mallattoo balbala kutaa isaanii fuulduratti maxxane agarsiisu



Mala Raawwii:

- Daa'imman maqaa mana barnootaa itti barataa jiran akka beekan gaafachuu
- Deebii isaanii dhaggeeffachuun maqaa mana barnootaa isaanii itti himuun deebisanii gamtaan akka jedhan gochuu
- Maqa dogoggoraa itti himuun sirrii akka hintaane yaadatani akka sirreessan gochuu
- Daa'imman hundi kutaa tokko keessa akka baratan gaafachuun ijoolleen hundi kutaalee addaddaa keessa akka barataniifi yommuu taphatan garuu waliin akka taphatan itti himuu
- Mallattoon balbala kutaa isaaniirra jiru maal akka ta'e gaafachuun deebii isaanii dhaggeeffachuun barreeffama yookiin fakkii balbala isaaniirra jiru kan fakkaatu itti agarsiisuun akka adda baasan gochuu
- Kanas mirkaneeffadhuf balbala banuun fakkicha akka ilaalan gochuu



Madaallii: Maqaa mana barnootaa isaaniifi kutaa keesatti baratan maqaan adda baasanii beekuu isaanii mirkaneessuu.

Gocha Lama: Namoota naannoo isaanii jiran bifaafi maqaa adda



Kaayyoo: Namoota naannoo isaaniitti argaman maqaa fi bifaan addaan nibaafatu.



Mala Raawwii:

- Barsiisaa/tuuguddistuu daa'ima wajjiin daa'imman fuuldura dhaabbachuu;
- “Ani eenyu?” Maqaan koo eenyu jechuun gaaffachuu;
- Gargaartuun daa'ima barsiisaa/tuu wajjiin dhaabbataa jirtu maqaa gaafachuun akka himan gochuu;
- Daa'ima tokko affeeruun daa'imman fuuldura akka dhaabbatuu /ttu gochu;

- Barsiisaa/tuu daa'ima maqaa waamu eessatti akka argamu qubaan mul'isuun akka agarsiisu gochuu;
- Haala kanaan daa'imman hunduu akka hirmaatan gochuu;



Madaallii: Namoota naannoo isaaniitti argaman maqaa ittiin wamamaniifi bifa isaanii beekuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu

Gochaa Sadii: Daa'imman gola keessa jiran bifaa fi maqaan adda



Kaayyoo: Daa'imman kutaa isaanii keessa jiran maqaa fi bifa isaaniitiin adda nibaasu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Meeshaalee xixiqqoo addaddaa



Mala Raawwii:

- Daa'ima hayyamamaa tokko filachuun daa'imman fuuldura bahee/baatee akka dhaabbatu /ttu gochuu;
- Minjaala irraa qodaa tokko kaassuun “Isa kana abaluuf kenni” jechuun ajajuu;
- Qodicha nama barbaadameef kennuu isaa/ishee, maaliif akka kenne gaafachuun akka dubbatu/himu jajjabeessuu;
- Kan kennameef (mucaan) immoo qodaa biroo mucaa biroof akka kennu/tu gochuu;
- Adeemsaan qodaa lamaa ijoollee lamaaf akka kennu/tu ajajuu;
- Haala kanaan daa'imman wajjiin oolan bifaafi maqaa akka adda baafatan gochuu;



Madaallii: Kutaa isaanii keessatti daa'imman jiran maqaafi bifaan adda baafachuu isaanii mirkaneeffachu.

Gocha Afur: Hiriyyoota isaanii bifaan adda baafachuu;



Kaayyoo: Daa'imman wajjiin baratan bifaan adda nibaafatu.



Mala Raawwii:

- Tapha “Eenyutu jijjirama” jedhu haala itti aanu kanaan taphachiisuu;
- Daa'imman sadii daa'imman fuuldura bahanii akka dhaabbatan gochuu;

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Isaan gidduu tokko taphachiisaa gochuun daa'imman lamaa maqaa akka himatan gochuu;
- Taphachiisan fuula isaa gara dhaaba manaatti naannessee akka dhaabbatu gochuu;
- Taphattoota lamaa keessaa tokko iddoo isaatti deebi'ee akka taa'u gochuun; iddoo isaatti immoo mucaan/tiin biroo akka bakka buutu gochuu;
- Taphachiisaan fuula isaa gara ijoollettitti deebisuun eenyu eenyuun akka jijjiirame akka himu gochuu;
- Haala kanaan daa'imman hunduu taphicharratti hirmaachisuu;



Madaallii: Daa'imman isaan wajjiin baratan bifaanadda baafachuu isaanii hordofuu.

Gocha Shan: Meeshaalee taphaatti fayyadamuufi haalaan olkaa'uu shaakaluu



Kaayyoo: Meeshaalee taphaatti fayyadamuufi haalaan olkaa'uu nidanda'u.



Meeshaalee Deeggarsaa: Meeshaalee taphaa gola keessatti argaman



Mala Raawwii:

- Daa'imman meeshaalee taphaa gola keessa jiran akka ittiin taphatan gochuu;
- Yoo xumuran meeshaalee taphaa ittiin taphataa turan gara iddoo isaatti akka deebisan gochuu;
- Adeemsa taphaa irratti maal akka taphataa jiraniifi wanti ittiin taphataa jiran maal akka ta'e gaafachuun dadammaqsuu yoo hinbeekne itti himuun fuulchaa kennuufiin akka himan jajjabeessuu;



Madaallii: Maaliin akka taphatan beekuu fi haalaan kaa'uu danda'uu isaanii hordofuun mirkaneessaa.

Gocha Jaha: Meeshaalee taphaa kutaan alaan taphachuu



Kaayyoo: Meeshaalee taphaa ittiin taphataniifi eenyu waliin akka taphatan nihimu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Meeshaalee xixiqqoo addaddaa meeshaalee taphaa mooraa keessatti argamu



Mala Raawwii:

- Daa'imman mooraa keessatti meeshaalee taphaa jiraniin akka taphatan gochuu;
- Taphaan booda gara kutaatti yoo galan eenyu maal akka taphateefi maaliin akka taphatan gaafachuu;
- Maqaa taphichaa,maqaa meeshaalee taphaa waamuun daa'imman taphataphatan akka adda baafatan gochuu;



Madaallii: Maal maaliifi akkamitti akka taphatan himuu danda'uu isaanii hordofaa.

Bu'aa eegamu	Gahumsa
2. Iddoowwan naannoo isaanitti argamaniif beekuufi ajaa'ibsiifachuu;	2.1. Iddoowwan barbaachisoo naannoo isaaniitti argaman himuu nidanda'u.

Gocha Tokko: Dhaabbilee tajaajila kennan kan naannoo isaaniitti argaman adda baafachuu;



Kaayyoo: Daa'immandhaabbilee tajaajila kennan kan naannoo isaaniitti argaman adda nibaafatu..



Meeshaalee Deeggarsa: Fakkiilee iddoowwan tajaajila addaddaakennan agarsiisu;



Mala Raawwii:

- Naannoo jireenya daa'immaniitti iddoowwan tajaajila addaddaa kennan fakkiileesuuqii, manneen barnootaa, buufata fayyaa, manneen amantaa, buufata poolisiifi kanneen kana fakkaatandaa'immanitti agarsiisuu;
- Dhaabbilee yookiin iddoowwan tajaajila addaddakennan fakkii irratti argan maqaa isaanii akka himan jajjabeessuu;
- Gara iddoowwan kanaa deemanii beekuufi eenyu wajjiin maaliif akka deeman gaafachuun mariisisuu;
- Gaaffilee addaddaa gaafachuun tajaajila iddoowwan kunniin kennaniif, maqaa ittiin waamamaniifi tajaajila isaan kennan sadarkaa sadarkaan akka qayyabatan gochuu;

Yaadannoo: Iddoowwan tajaajila addaddaakennan kana wayitii barnootaa tokkotti daa'imman beeksisuun ulfaata waan ta'uuf wayitii barnootaa addaddaa keessatti beeksisuun barbaachisa.



Madaallii: Iddoowwan naannoo isaanitti argaman tajaajila addaddaatiif oolu adda

baafachuu danda'uu isaanii mirkaneffadhaa.

Gocha Lama: Tapha fakkaatanii taphachuu



Kaayyoo: Bakka fedhaniifi itti gaafatamummaa fedhan fudhatanii nitaphatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Meeshaalee fakkeessanii ittii taphamuu danda'amu



Mala Raawwii:

- Yeroo fakkeessanii taphachuuf meeshaalee gargaaraniifi iddoo barbaachisaa kurfeessuu;
- Daa'imman wajjiin taphachuuf iddoowwan tajaajila garagaraa kennan faayidaa iddoowwan kana akka hubatan gochuu;

Fakkeenyaaf: Suuqii bituufi gurguruu, M/Barnootaa barsiisaafi barataa, M/yaalaa ogeessa fayyaafi yaalamaa;



Madaallii: Iddoowwan tajaajila addaa addaa kennaniin walbaruu isaanii gaafachuu Madaalaa

Gocha Sadii: Iddoowwan tajaajila kennan kanneen keessatti meeshaalee argaman adda baafachuu



Kaayyoo: Daa'imman iddoowwan tajaajila kennan kanneenitti meeshaalee argaman addaa nibaafatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: suuqitti, M/Barnootaatti fi mana yaalaatti meeshaalee argaman/duungoo, kiribiitii, qodaa laaqanaa, boorsaaa laaqana,qodaa duwwaa qorichaafi kanneen kana fakkaatan fakkiilee suuqii, mana yaalaa, M/Barnootaafi kanneen kana fakkaatan.



Mala Raawwii:

- Minjaala daa'imman fuulduratti argamu irra meeshaalee addaddaa suuqii,mana barnootaafi m/yaalaa keessatti qodaawwan kaa'uu /duungoo, kiribiitii, qodaa laaqanaa. boorsaa laaqanaa,qodaa duwwaa qorichaafi kanneen kana fakkaatan/;

- Daa'ima tokko baasuun suuqii keessatti qodaa argamu kaasii naaf kenni jechuun daa'imni/ti qodaawwan minjaala irra jiran keessaa filee akka kennu gochuu;
- Da'imman sirrii ta'uufi dhiisuu isaa daa'imman biroo akka mirkaneessan gochuun maqaa qodaatiifi iddoo itti argamu itti himuun jajjabeessuu;
- Fakkiilee suuqii, m/yaalaa fi m/barnootaa dabareen daa'immanitti agarsiisuun keessa isaa qodaa akkamii akka jiraachuu danda'u gaafachuu;
- Qodaawwan muraasa itti agarsiisuun maaltu eessatti argamuu akka danda'u akka hubatan gochuu;
- Haala kanaan daa'imman biroo akka hirmaatan gochuu;



Maadaallii: Iddoowwan tajaajila kennanitti meeshaalee argaman adda baafachuu danda'uu isaanii madaala

Gocha Afur: Iddoowwan tajaajila kennanhalluu



Kaayyoo: Daa'imman tajaajila iddoowwan kanneenitti gochaalee raawwataman addaaa nibaafatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: fakkiilee dhaabbilee tajaajilaaddaddaakennan agarsiisu, Qubeessaa Halluuwwanaddaddaa qabu.



Mala Raawwii:

- Fakkilee iddoowwan tajaajila addaddaatiif oolan qabu kennufii;
- Kan ifee hinmul'anne halluu akka diban gochuun (sirritti yoo dibame meeshaalee keessatti argamu nimul'atan);
- Yoo xumuran maal akka diban gaafachuun iddoowwan tajaajila addaa kanneen maqaa akka beekan gochuu;
- Faaruu waa'ee iddoowwan tajaajila addaddaa kennanii kana faarfachuu;



Madaallii: Iddoowwan naannoo isaanitti tajaajila addaddaa kennuun argaman adda baafachuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhaa.

Gocha Shan: Faaruu faarfachuu



Kaayyoo: Yeedalloo sirriin faaruu nifaarfatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: fakkiiwwan dhaabbilee tajaajila kennan



Mala Raawwii;

- Faakkilee dhaabbilee tajaajila kennan itti agarsiisuun maal akka ta'an gaafachuufi waa'ee fakkiiwwanii ilaalchisee faaruu jiru dhageessisuu
- Daa'immanis faarfachuuf akka qophaa'an kakaasuu
- Toora tooraan daa'imman barsiisaa/tuufaana akka faarfatan gochuu
- Itti aansuun barsiisaa/tuu waliin akka faarsan gochuu
- Qabiyyee faaruu akka hubataniif gaaffii gaafachuun cimsuu



Madaallii: Yeedalloo sirriin faaruu faarfachuu danda'uu isaanii mirkaneessuu

Bu'aa eegamu	Gahumsa
3.Naannoo akkamitti akka kunuunsuun danda'amu beekuufi kunuunsuu;	1.1. Manaafi naannoo isaanii karaa ittiin qulqulleessuun danda'amu eeruun nidanda'u.

Gocha Tokko: Meeshaalee qulqullina naannoo ittiin eegan adda baasuu



Kaayyoo: Meeshaalee qulqullina naannoo ittiin eegan maqaafi tajaajila isaanii nidubbatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Meeshaa balfa itti kuusan, haxooftuu,



Mala Raawwii:

- Meeshaalee qulqullina nannoo ittiin eegan itti agarsiisuun maaliif akka tajaajilu gaafachuun mariisisuu
- Meeshaaleen kunniin mana isaanii akka jiruufi hinjirree maaliif akka itti tajaajilaman gaafachuun jajjabeessuu
- Mana isaanii, mooraa isaaniifi daree barnootaa isaanii eenyu akka qulqulleessuufi maaliif akka qulqulleessanis gaafachuun mariisisuu

- Naannoo isaanitti iddoon balfa itti kuusan akka jiru gaafachuun maaliif akka tajaajilu gaafachuun naannoo isaaniitti balfi bakka argametti gatamuu akka hinqabneefi iddoo itti gatamuu qabaachuu isaa akka hubatan gochuu
- Naannoon qulqulluu yoo hintaane dhibee addaddaan qabamuu akka danda'an jecha isaaniif galuun ibsuun barbaachisummaa qulqullina eeggachuun qabu hubachiisuu



Madaallii: Naannoo isaanii qulqullinaan qabachuu shaakaluu isaanii hordofaa.

Gocha Lamaa: Meeshaalee qulqullinaa halluu dibuu



Kaayyoo: meeshaalee qulqullinaa halluu nidibu.



Meeshaalee Deeggarsaa: fakkiiwwan iddoo balfaa, guuboo balfaa, haxooftuu, qubeessaa abbaa halluu, haxooftuufikanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

- Barsiisaan/tuun fuuldura daa'immanii dhaabbachuun fakkiiwwan iddoo balfaa, guuboo balfaa, haxooftuu, fi qubeessaa abbaa halluu haxooftuu, dabaree dabareen halluu gurraachessee dibuun maal akka ta'an daa'imman gaafachuun mariisisuu
- Daa'immaniifis fakkii tokko tokko kennuun halluu fedhan akka diban gochuu
- Yommuu xumuranis barsiisaa bira dhufuun halluu maalii akka diban gaafachuun barsiisaan/tuun fakkii diban waliin akka walitti firoomsan gochuu



Madaallii: Meeshaalee qulqullina ittiin eegan halluu dibuudhaan kan barsiisaan/tuun dibe/dewaliin walitti firoomsuu isaanii mirkaneessuu

Gocha Sadii: Qulqullina naannoo eeguu shaakaluu



Kaayyoo: Hanga humna isaaniitti qulqullina naannoo isaanii ni'eegu.



Meeshaalee Deeggarsaa: guuboo balfaa



Mala Raawwii

- Daa'imman daree keessaa gara alaatti baasuun harka isaanii feestaalii haphiin haguuguun/hidhachuun baala mukaa, waraqaa xixiqqaa kukkufee jiru, qolaa

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

buskutiifi karamellaafi kanneen kana fakkaatan... akka walitti qabanii kaasan gochuun guuboo balfaa keessatti akka buusan gochuun mooraa isaanii akka qulqulleessan taasisuu

- Yommuu dalaga kana raawwatan faaruu addaddaa faarfachaa taphachaa akka qulqulleessan gochuu
- Erga xumraniis harka isaanii bishaaniifi saamunaan akka dhiqatan gochuu

Yaadannoo: Muuxannoo naannoo qulqulleessuu akka gabbifataniif guyyaa guyyaan hordoffii taasisuu akkasumas fakkeenya gaarii ta'uun barbaachisaadha.

Gocha Afur: Karaa itti dhibeerraa of eegan beekuu;



Kaayyoo: Ofii isaanii dhukkubarraa nieegu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Qodaawwan laaqanaa, huccuu, bishaaniifi saamunaa



Mala Raawwii:

- Dhukkubatanii akka beekaniifi maaltu akka isaan dhukkubee beeku gaafachuun mariisisuu
- Deebii isaanii dhaggeeffachuun yeroo hunda harka isaanii nyaata duraaf booda akkasumas mana fincaanii erga deemanii deebi'anii booda dhiqachuu akka qaban hubachiisuu dabalataan kana gochuu isaanii hordofu;
- Haala qulqullina ittiin eeggatan waliin muudannoo fi sheekkoowwan kana wajjiin hidhata qaban itti himu;

Yaadannoo: Isaan kanniin guyyaa guyyaan jireenya isaanii keessatti akka raawwatan gochuun barbaachisaadha. Maatiinis ijoollee isaanii mana keessatti muuxannoo kana akka cimsataniif godhan odeeffannoo kennuufiin barbaachisaadha.



Madaallii: Ofii isaanii dhukkuba irraa akkamitti eeggachuu akka danda'an hubachuu isaanii mirkaneeffadhu.

Bu'aa eegamu	Gahumsa
4. Wantoota haala garagaraatiin miidhaa geessisuu danda'an adda baafachuufi of eegumsa gochuu;	4.1 wantoota haalota garagaraattii miidhaa geessisan adda baafachuu ni danda'u.

Gocha Tokko: Wantoota balaa geessisanirraa ofeeguu



Kaayyoo: Wantoota isaan miidhuu danda'an irraa of ni eegu.



Meeshaalee Deeggarsaa: qaruuraawwancaccabaa, lafeewwan addaddaa, haadduu, shiboo, mismaara, kibiriitii



Mala Raawwii:

- Wantoota naannoo isaaniitti balaa geessisuu danda'an maqaa waamuu;
- Waa'ee wantoota balaa geessisani akka hubatan itti himuu;
- Wantoota balaa geessisuu danda'an irraa fagaachuufi ofirraa akka eeguu danda'an mariisisuu;

Fakkeenyaaf: Abidda, qaruuraawwan caccabaa, lafeewwan addaddaa, haadduu, daandii konkolaataafikanneen kana fakkaatanwantoota balaa geessan tuquunis ta'ee ittiin taphachuu akka hin qabne itti himuu;

- Wantoota miidhaa geessisanirraa akkamitti fagaachuu fi of eeguu akka danda'an sheekkoo seenessuun itti himuu;



Madaallii: Wantoota miidhaa geessisan akkamitti irraa fagaachuufi of eeguu akka danda'anhubannoo argachuu isaanii mirkaneeffadhuu.

Gocha Lamaa: Balaa tiraafikaarraa of eeguu



Kaayyoo: Daa'imman balaa tiraafikaa irraa of eeguu nishaakaalu.



Meeshaalee Deeggarsaa: geengoo magariisa, keelloo fi diimaa, waraqaa adii, koofiyyaa poolisii tiraafikaa



Mala Raawwii:

- Kutaan alatti “ Mallattoo daandii tiraafikaa “ tapha jedhu akka itti aanutti taphachiisaa;
- Kaartoonii geengoon iddoo saditti citee jiru halluu diimaa, keelloo fi magariisa dibuu;
- Waraqaa adii furdaa irraatti iddoo qaxxaamurra daandiirratti sarara sararuun koofiyyaa poolisii tiraafikaa hojjechuu;
- Walakkaan daa'immanii konkolaachisaa, walakkaa immoo lafoo ta'anii hojjechuu akka danda'an gochuu;

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

- Barsiisaan/tuun immoogocha (amala) poolisii tiraafikaa ta'ee taphachuu;
- Walakkaa daandii irratti mallattoolee garagaraa qabatani dhaabbachuu;
- Mallattoolee jijjiiruun lafoon mallattoo kamiin yoo argan socho'uu akka qaban barsiisuu;
- Daa'imman konkolaachisaa yoo ta'an mallattoo kamiin yoo argan dhabbachuu akka qaban agarsiisuu;
- Taphicha osoo hin guduunfin kanneen itti aanaan xiyyeeffannoo akka itti kennan:
- Poolisiin tiraafikaa diimaa yoo mul'isu konkolaatan ni dhaabbataa lafoon ni cee'u; poolisiin tiraafikaa magariisa yoo mul'ise namoonni/lafoon/nidhaabbatu konkolaataan ni deema; poolisiin tiraafikaa keelloo yoo agarsiisu namoonni/lafoon ni dhaabbatu, konkolaataan deemuuf qophaa'a.

Yaadannoo: Gocha kana irra deddeebiin taphachiisuun barnootaan cimsaa;



Madaallii: Daandii yoo cee'an wantoota gochuu qaban of eegumsabarbaachisu gochuuisaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Sadii: Faaruu, 'Barataa cimaa' jedhu faarfachuu



Kaayyoo: Faaruu, 'Barataa cimaa' jedhu faarfachuun seera tiraafikaa nikabaju.



Mala Raawwii:

- Daandii yoo cee'an sarara lafoo irra cee'uu akka qaban itti himuu;
- Kanaaf barsiisa/tu faaruu "Barataa cimaa" jedhu faarfachuu;
- Ergaa faaruu gaaffii gaafachuun akkasumas gochaan akka agarsiisan gochuu



Madaallii: "Barata cimaa" faaruu jedhu faarfaachuu danda'uu isaanii fi ergaa faaruu hubachuu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Afur: Ilbiisota balaa geessisanirraa of eeguu;



Kaayyoo: Ilbiisota balaa geessisanirraa of ni'eegu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Fakkiileelbiisotaanama idduun balaa geessisuu danda'an qabatee jiruu fi kanneen kana fakkaatan



Mala Raawwii:

- Barsiisaa/tuu fakkii ilbiisotaa balaa geessisuu danda'an (idduu, ciniinuu kanneen akka kanniisaa, mixii/Goondaa/, daarabaafuu fi kanneen kana fakkaatan itti agarsiisuu;

- Daa'imman dabareen maalummaa ilbiisotaa tokko tokkoon itti himuu;
- Ilbiisonni tokko tokko isaan miidhuu akka danda'aniifi tokko tokko immoo faayidaalee akka qaban itti himuu; Fakkeenyaaf, kanniisni faayidaa akka kennitugaruu of eeggannaa gochuu akka qaban bifa hubataniin itti himu; **Fakkeenyaaf**, kanniisni kan faayidaa namaaf kennitu taatus kan nama hidditu ta'uu hubachiisuu

Madaallii: Ilbiisota balaa geessisanirraa of eeguu shaakaluu isanii ilaaluun madaalaa.

Gocha Shan: Sheekkoo himuu



Kaayyoo: Wantoota balaafamoo naannoo isaaniitti argaman adda nibaafatu; hanga humna isaaniitti wantoota balaa geessisanirraa of eegu.



Meeshaalee Deeggarsaa: kitaabilee sheekkoo



Mala Raawwii

- Daa'imman walakkaa geengootiin akka taa'an gochuu
- Adeemsa sheekkoo itti himan hordofuun sheekkoo tokko daa'immaniif seenessuu.
- Seenessuun booda gaaffiiwwan seenicha keessaa bahan gaafachuun ergaa sheekkoo akka hubatan gochuun wantoota balaafamoo naannoo isaaniitti argamanirraa akkamitti akka of eegan itti himuu.



Madaallii: wantoota naannoo isaaniitti balaa geessisuu danda'an irraa akkamitti ofeeguu danda'an hubannoo argachuu isanii madaalaa.

Bu'aa eegamu	Gahumsa
5. Yaadrimeesosochii hubachuufi yaalii geggeessuu	5.1 wantoota sosochii naannootti argamaniin ibsuu ni danda'u.

Gocha Tokko: Wantoota gangalataniifi hingangalanne adda baasuu



Kaayyoo: Wantoota addaddaa gangalchuun amala isaanii adda nibaasu.



Meeshaalee Deeggarsaa: kubbaa xiqqaa, saanduqa mukaa xiqqaa, godaa pilaastikaa xiqqaa



Mala Raawwii:

- Meeshaalee kanneen itti agarsiisuun maal akka ta'an gaafachuun jajjabeessuu
- Itti aansuun wantoota garagalchuuf/gangalchuufi gangalchuu hindanda'amne gaafachuun deebii akka kennan gochuu
- Dura gangalchuu jechun maal jechuu akka ta'e jecha hubachuu danda'aniin ibsuufii
- Itti aansuun, minjaala isaaniirratti meeshaalee kanneen kennuun akka gangalchaniifi bu'aa isaa akka xinxalaniifi akka dubbatan gochuu



Maddaallii: meeshaalee gangalchuun amala isaanii dubbachuu isaanii mirkaneeffadhu.

Gocha Lama: Sochiilee wantootaa hubachuu



Kaayyoo: Sochiilee wantootaa nihubatu.



Mala Raawwii:

- Daa'imman kutaan alatti baasuun walakkaa geengoon akka dhaabbatan gochuu
- Daa'imman sochii harkaafi miilaa barsiisaa/tuu ilaalaa barsiisaa/tuu waliin walqixa sochicha akka hojjatan gochuu; Fakkeenyaaf, yoo barsiisaan/tuun bakka jiranitti suuta jedhanii utalan daa'immanis suuta jedhanii utaluu, yoo barsiisaan/tuun saffise saffisuu, yoo barsiisaan/tuun suuta jedhee harka sochoose isaanis akkasuma gochuu Itti aansuun yoo barsiisaan/tuun suuta jechuun konkolaataa keessan oofaa jedhu suuta jedhanii akka oofaniifi saffisaan oofa yoo jedhus saffisaan akka oofan gochuun sochii akka hubatan gochuu
- Tapha "Goommaan guddaan goommaa xiqqaa naannesse" jedhu sochii qabatamaa wajjiin walitti firoomsuun taphachiisuu;



Madaallii: Sochii saffisaafi suutaa hojjechaa waliin walitti agarsiisuu danda'uu isaanii madaalaa

Bu'aa eegamu

Gahumsa

6.Aartii waa'ee fakkiifi boca addaddaa wantoota garagaraan kalaqaman dinqisiifachuufi of ibsuu;	6.1. Sochii ijaafi harkaa walitti qindeessuun wantoota garagaraa hojjechuun nishaakalu.
---	---

GochaTokko: Fakkii kaasuufi halluu dibuu



Kaayyoo: Fakkii kaasuun halluu nidibu; fakkii dibanis moggaasaa isaa nikennu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Qubeessaa halluu, qubeessaa, waraqaalee, koollaa



Mala Raawwii:

- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif waraqaa fakkii kan ittiin kaasan kennuun waan barbaadan akka kaasaniifi wayita xumuran qubeessaa abbaa halluutiin halluu akka diban gochuu
- Wayita xumuranis barsiisaatti akka agarsiisan gochuun maalummaa fakkichaa akka dubbatan gochuu
- Wayita daa'imman dubbatan maqaa isaa jalatti barreessuu
- Wayita xumuran waraqicha bakka daa'immanitti mul'atutti maxxansuu



Madaallii: Fakkii kaasuufi halluu dibuu yaaluu isaanii hordofuun madaalaa.

Gocha Lama: Bocaafi sararoota bu'uuraa hojjechuu



Kaayyoo: Bocaafi sararoota bu'uuraa nihojjetu.



Meeshaalee Deeggarsaa: waraqaa, qubeessaa



Mala Raawwii

- Bakka daa'immanitti mul'achuu danda'u dhaabbachuun bocaafi sararoota bu'uuraa hojjachuunitti agarsiisuu;



- Gubbaa gara gadiitti mirgaa gara bitaatti sarara qajeelaa,geengoo hojjechaa itti agarsiisuu;

- Itti fufuun daa'immanifi waraqaafi qubeessaa halluu qoodaafii;

Yaaddannoo: Gocha kana yeroo addaddashaakalchiisuun barbaachisaadha.



Madaallii: Sochiilee ijaafi harkaa walitti qindeessanii bocaafi sararoota bu'uuraa shaakalu isaanii hordofaa.

Gocha Sadii: Wantoota daree miidhagsan hojjachuu



Kaayyoo: Waraqaa walitti maruun qubeelaa hojjechuun wantoota daree miidhagsan nihojjatu.



Meeshaalee Deeggarsaa: Waraqaaleehaphifamanii mummuraman, waraqaa abbaa halluu,



Mala Raawwii:

- Bakka daa'immanitti mul'atu dhaabbachuun waraqaalee hangaa fi halluu addaddaa qabanirraa qubeelaa qopheessuu;
- Itti aansuun waraqaa biroo qubeelaa hojjetame keessa baasuun fiixeesaa walqabsiisuun qubeelaa walqabatan hojjechuu
- Haala kanaan qubeela shan hojjechuun daa'immanis haala kanaan hojjechuuf fedhii isaanii kakaasuu
- Waraqicha akkamiin akka maraniifi quba isaanii agarsiistuu fayyadamuun akkamitti akka waraqaa diban ibsuufii
- Tokkoo tokkoo daa'imaatiif waraqaa mummuramaa shan kennuudhaan barsiisaa ilaalaa akka hojjetan gochuu
- Deegarsa barbaachisus gochuufii
- Wayita xumuranis daree keessatti fannisuun daree isaanii akka miidhagsaan gochuu



Madaallii: Waraqaalee halluufi hanga garagaraa qaban fayyadamuun sochii ijaafi harkaa walitti qindeessuun boca garagaraatti waraqaa dachaasuuf yaaluu isaanii madaalaa;

Gocha Afur: Waraqaa bukeeffame yookiin dhoqqeerraabocaawwan addaddaa hojjechuu;



Kaayyoo: Waraqaa bukeeffame yookiin dhoqqeerraabocaawwan addaddaa hojjechuu.



Meeshaalee Deeggarsa: dhoqee bukaa'eyookiin waraqaa cicciramee bukaa'e...



Mala Raawwii:

- Bakka daa'immanitti mul'atu dhaabbachuun dhoqqeerraa yookiin waraqaa bukeeffamerrahaphisani dirirsuunyookiin baxxeessuun eelee, distiifi qadaada isaa, siinii waan irra kaawwatan waliin... hojjechuun itti agarsiisuun fedhii isaanii kakaasuu
- Harka shurraabii isaanii ol dachaafachuun isaanis akka hojjetan gochuu
- Minjaala isaaniirra laastikii hafuun dhoqqee yookiin waraqaa bukeeffame itti kennuun akka hojjetan gochuu
- Wayita isaan hojjetan deeggarsa gochuufii
- Hojjetanii yommuu xumuran maal akka hojjetan gaafachuun waan isaan hojjetan waraqaarra kaa'uun akka gogu gochuu.



Madaallii: Sochiilee ijaafi harkaa walitti qindeessuun bocaawwan addaddaa hojjechuuf yaaluu isaanii madaalaa.

Gocha Shan: Baala irraa meeshaa taphaa hojjechuu



Kaayyoo: Sochiilee ijaafi harkaa walitti qindeessuun baala irraa meeshaa taphaa nihojjetu.



Meeshaalee Deeggarsa: Baala baargamoo goggoge, kaardii mobaayilaa tajaajila irra oole,



Mala Raawwii:

- Daa'imman dareen alatti baasuun walakkaa geengoon akka dhaabbatan gochun meeshaalee taphaa baala baargamoo yookiin waraqaan naannoftu hojjechuufi ittiin fiigaa qilleensaan naannessinu hojjechuun itti agarsiisuu;
- Baala baargamoo mooraa keessatti hinargamne yoo ta'e kaardii moobaayilaa itti fayyadamani jiran walitti cabsuun itti fayyadamuu;
- Erga taphatanii xumuranii boodas maal akka hojjetaniifi yommuu isaan dhaabbatan maaliif akka hin naannofne gaafachuun qaruuraa baalarraa hojjetamtu kan naannoftu yoo qilleensa argattu qofa ta'uu sadarkaa isaaniitti akka hubatan gochuu

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

Yaadannoo: Baala baargamoo mooraa keessatti hinargamne yoo ta'e kaardii moobaayilaa tajaajila kennan walitti dadachaasuun itti fayyadamuun qaruuraa hojjachuun nidanda'ama.



Madaalli: Sochiilee ijaafi harkaa walitti qindeessuu baalarraa meeshaalee taphaa hojjechuu isaaniimirkaneessuu.

2.5.5. Unka Daawwannaa Ittiin Gaggeessan

Maqaa Mana Barnootaa Idileen Duraa -----

Maqaa daa'ima _____ Umrii _____ Kornayaa _____

Maqaa Barsiisaa/tuu _____ ji'a _____ bara _____

Waa'ee daa'ima daawwatamee sadarkaalee armaan gaditti kennaman keessaa sadarkaa daa'imichi irra jiru kan ibsu lakkoofsa isaa qofa roga *daawwannaa* jedhu jalatti barreessi.

Sadarkaalee:

1. Fooyya'uu barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangaha.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

Hubachiisa: Unki hordoffii kun jalqaba waggaa, walakkaa waggaaafi dhuma waggarratti guutamuu qaba.

Gahumsa/Galma	Daawwii		
	Jalqaba waggaa	Walakkaa Wagga	Dhuma Wagga
1. Naannoo dhihoo sakatta'uu fi beeku			
1.1. Waa'ee mana jireenyaa isaaniifi meeshaalee mana isaanii jiru nihimu.			
1.2. Namoota, beeyldoota, kuduraalee, fuduraalee, meeshalee, ilbiisotaafi wantoonni biroo manaafi naannoo isaanitti argaman adda baafachuu nidanda'u.			
1.2. Namoota M/B keessatti argaman, meeshaalee taphaafi kanneen biroo adda baafachuu nidanda'u.			
2. Iddoowwan naannoo isaanitti argaman beekuuf ajaa'ibsiifachuu			
2.1. Iddoowwan barbaachisaa naannoo isaaniitti argaman himuunidanda'u.			
3. Naannoo akkamitti akka kunuunsuun danda'amu beekuufi kunuunsuu			
1.1. Manaa fi naannoo isaanii karaa ittiin qulqulleessuun danda'amu eeruu ni danda'au.			
2. Wantoota haala garagaraatiin miidhaa geessisuu danda'an adda baafachuufi of eegumsa gochuu			
2.1. Wantoota haalota garagaraatiin miidhaa geessisanadda baafachuu nidanda'u.			
3. Yaadrimee sosochii hubachuufi yaalii gaggeessuu			
5.1 Wantoota sosochii naannootti argamanii ibsuu nidanda'u			
4. Aartii waa'ee fakkiifi boca addaddaa wantoota gargaraa kalaquu dinqisiifachuufi ofibsuu			
4.1. Sosochii ijaafi harkaa walitti qindeessuun wantoota gara gara hojjechuu nishaakalu.			

Dabaleewwan

Faaruuwwan Addaddaa

Haadeemnu Mana Barumsaa

Mana barumsaa haadeemnu (2)

Beekumsa akka argannu (2)

Mana barumsaa haadeemnu (2)

Beekumsa akka argannu (2)


A b nan baradha,
Lakkoofsa nan lakkaa'a,
C d nan beekkadha.

Mana barumsaa haadeemnu (2)

Beekumsa akka argannu (2)

Qaamolee Nafa Namaa

Mataa koo, gatiittiwwan koo,
Jilbawwan koofi qubawwan miilla koo,
Isaanidha kutaaleen nafa koo.
Mataa koo, gatiittiwwan koo,
Jilbawwan koofi qubawwan miilla koo,
Afaaniifi funyaan koo,
Ijawwaniifi gurrawwan koo,
Isaaniidha kutaaleen nafa koo. (3)



Akaakuwwan Halluu

Halluu magariisa,
Laliftuu Fulbaanaa.
Keelloon maal fakkaataa,
Laalan burtukaanaa,
Halluu diimaan kan akkamiiti?
Fakkaataa seeqaa akka giimii?
Cuquliisa yommuu jennu,

Samii isa fakkaatu,
Halluu gurraacha jechuun
Isa akka cileeti akaakuun

Harka Dhiqannaan Akkana

Harka dhiqannaan akkanadha akkanadha,
Fuula dhiqannaan akkanadha akkanadha,
Dabbasaa filannaan akkanadha akkanadha.

Maatii Koo

Haadhaafi abbaa koo nan jaalladha
Obboleettiifi obboleessa koos nan jaalladha
Nagaatiin jaalalaan nan jiraadha!
Warri koo na nyaachisu
Warri koo natti uwwisu
Warri koo nabarsiisu
Warri koo nakunuunsuu!
Haadhaafi abbaa koo nan jaalladha
Obboleettiifi obboleessa koos nan jaalladha
Nagaatiin jaalalaan nan jiraadha!

Simbirroo Bareedduu

Simbirroo bareedduu kudhan nanqabaa
Tokko barrisnaan sagaltu hafaa
Simbirroo bareedduu sagal nanqabaa
Tokko barrisnaan saddeettu hafaa
Simbirroo bareedduu saddeet nanqabaa
Tokko barrisnaan torbatu hafaa
Sinbiroo bareedduu torba nanqabaa
Tokko barrisnaan ja'atu hafaa
Simbirroo bareedduu ja'a nanqabaa
Tokko barrisnaan shanitu hafaa



Simbirroo bareedduu shan nanqabaa

Tokko barrisnaan afurtu hafaa

Simbirroo bareedduu afur nanqabaa

Tokko barrisnaan sadiitu hafaa

Simbirroo bareedduu sadii nanqabaa

Tokko barrisnaan lamatu hafaa

Simbirroo bareedduu lama nanqabaa

Tokko barrisnaan tokkittiit hafaa

Simbirroo bareedduu tokko nanqabaa

Isheenis barrisnaan homtuu na hinafuu 2x

Qulqullina Keenya Haa'eggannu

Yeroo hunda ganama si'a kaanu

Jalqaba mana fincaanii haadhaqnu 2x

Fuula keenya harka keenya

Saamunaadhaan nidhiqanna

Ilkaan keenya niriganna

Ciree keenya ninyaanna

Harka keenya nidhiqanna

Mana barumsaa nideemna

Yeroo hunda kana niraawwanna

Yeroo hunda kana niraawwanna

Yeroo hunda ganama si'a kaanu

Jalqaba mana fincaanii haadhaqnu 2x

Simbirrattiin Ta'a

1 2 3


Akkuma simbirroon barrisaa

Qilleensarran shubbisaa

4 5 6

Ol ol ka'ee gara oliirraa

Habbaaboo babbareedduurra



7 8 9 10

Akka billaachaa ta'ee

Samiirra ol ka'ee

Xiyyaaran fakkaadhaa

Qilleensarran kaadhaa

Ol gara olii oliirra


Abaaboo babbareedduurra



Akaakuu Halluwwanii

Halluwwan nijaallannaa

Gammachuu nuuf kennaa



Diimaafi magariisaa

keelloofi cuquliisaa

Adiifi gurraachaa

Dhiilgeefi daalachaa

Naannoo ittiin hubannaa

Simannee gammannaa

Halluu magariisaa

Fakkaattuu lalisaa

Haalluu cuquliisaa

Biftikee nu harkisaa

Halluu diimaa

Fagootii namwaamaa

Kanan hawwu isuma

Beelladoonni Faarsuu Nidanda’u

Beeladoonni faarsuunidanda’u

Eyyee maal maal jedhu?

Adurreen nifaarsitii, nishubbistii

Meeyuu, meeyuu jettii/2/

Beeladoonni faarsuuni danda’uu

Eyyee maal maal jedhu

Sareen maal jedhaa, maal maal jedha?

Wu! Wu! Jedhaa;Lafeesniqorqaa/2x/

Beeladoonni faarsuuni danda'uu?

Eyyee maal maal jedhu?

Lukkuun maal jedhee maal maal jdehee?

Kukkuluu jedhee; dallaarra utaalee/2/

Dibbeen Dim! Dim! Dim! Jedhe



Muuziqaa barannaa

Gammachuu argannaa

Ittiin bashannannaa

Tokkummaan faarfannaa

Sammuu haaromsinaa

Barnootaan cimsannaa

Aadaa guddifannaa

Muuziqaan gaariidhaa

Barnootaaf meeshaadhaa

Maasiinqoofi kiraaraa

Dibbees rukunneerraa

Aadaa keenyaa beeknaa

Ittiin fayyadamnaa.

Dibbee yoo rukunnuu

Dim! Dim! Dim!

Xurumbaa guddaadhaan

Bam! Bam! Bam!

Kiraara yoo rukunnuu

Gim! Gim! Gim!

Ulullee afuufnee

Phu! Phu! Phuu!

Maaseenqoo taphannee

Ii! Ii! Ii!

Faaruu Guyyoota Torbanii

1,2,3,4,5 haabarannuu bartootakoo

6,7 guyyaan torba torban tokkoo

Wiixataa Kibxataa

Roobii Kamisa

Jimaata Sanbata

Dhumarratti Dilbata 2x

Kan boqonnu Sanbataa fi Dilbataa

Barnoota kan jalqabnuu Wiixata.

Mana barumsaakoo barumsaakoo

Sinjaalladha hinbarfadhu guyyaa tokko 2x

2.1.5. Unka Daawwannaa Ittiin Gaggeessan

Maqaa Mana Barnootaa Idileen Duraa -----

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

Maqaa daa'ima _____ Umrii _____ Kornayaa _____

Maqaa Barsiisaa/tuu _____ ji'a _____ bara _____

Waa'ee daa'ima daawwatamee sadarkaalee armaan gaditti kennaman keessaa sadarkaa daa'imichi irra jiru kan ibsu lakkoofsa isaa qofa roga *daawwannaa* jedhu jalatti barreessi.

Sadarkaalee:

1. Fooyya'uu barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

Hubachiisa: Unki hordoffii kun jalqaba waggaa, walakkaa waggaafi dhuma waggaarratti guutamuu qaba.

Bu'aa eegamuufi Gahumsa	Daawwii		
	Jalqaba waggaa	Jalqaba waggaa	Jalqaba waggaa
1. ofhubachuu, ofitti amanuufi miira of kabajuu qabaachuu;			
1.1. Maqaa, umriifi koornayaa isaanii himuu nidanda'u.			
1.2. Hiriyaa haaraa horachuufi waljaalachuu nidanda'u.			
2. Kutaalee qaamaa adda baafachuufi himuu,			
2.1. Kutaalee qaamaa waamuu nidanda'u.			
2.2. Kutaalee nafaaddaddaa wantoota raawwataniin dubbachuu danda'u.			
3. Ija kunuunsuu;			
3.1. Ija isaanii kunuunsuu nidanda'u.			
4. Gurra kunuunsuu			
4.1 Gurra isaanii ni kunuunsuu nidanda'u.			
3. Miira fuunfachuun fayyadamuufi funyaan kunuunsuu			
5.1 fuunfachuun foolii wantootaa addaan nibaafatu.			

4. Miira ittiin dhandhamachuu arraba keenya kunuunsuu			
6.1 Mi'aa soorataa/nyaata addaddaa dhandhamuun adda baafachuun himuu nidanda'u.			
5. Tuttuquun haalaawwan wantootaa adda baafachuu			
7.1 Hoo'a adda baafachuufi tuttuquun miira itti dhagahame ibsuu nidanda'u.			
6. Fayyaa eeggachuufi seerota ittiin eeggatan shaakaluu			
8.1 Seera sirna nyaataa nishaakalu.			
7. Qaama ofeegumsan qabachuufi kunuunsuu			
9.1 Qaama kunuunsuufi ofeegumsan qabachuu nidanda'u.			
8. Maashaalee mul'atuufi hinmul'annetti/gurguddaafi xixiqqa/ fayyadamuu			
10.1 Kutaalee qaamaa wantoota addaddaatiif itti fayyadamuu nidanda'u.			
9. Bilisummaan kalaqa ibsachhuu			
11.1 Qaama isaaniitti fayyadamuun kalaqa isaanii ni ibsu.			

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

2.2.5. Unka Daawwannaa Ittiin Gaggeessan

Maqaa Mana Barnootaa Idileen Duraa -----

Maqaa daa'ima _____ Umrii _____ Kornayaa _____

Maqaa Barsiisaa/tuu _____ ji'a _____ bara _____

Waa'ee daa'ima daawwatamee sadarkaalee armaan gaditti kennaman keessaa sadarkaa daa'imichi irra jiru kan ibsu lakkoofsa isaa qofa roga *daawwannaa* jedhu jalatti barreessi.

Sadarkaalee:

1. Fooyya'uu barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

Hubachiisa: Unki hordoffii kun jalqaba waggaa, walakkaa waggaa fi dhuma waggarratti guutamuu qaba.

Gahumsa/galma	Daawwii		
	Jalqaba waggaa	Walakkaa waggaa	Dhuma waggaa
1.Namoota ollaa isaanii jiran ilaaluun walbaruuf fedhii agarsiisuu fi adda baafachuu			
1.1.Hiriyoota/Namoota wajjiin taphataniifi naannawa isaaniitti argaman, maati fi namoota isaan kunuunsan maqaa yaamuu ni danda'u			
1.2.Waa'ee hiriyoota isaanii fi namoota wajjiin oolaniif ibsuu ni danda'u.			
1.3.Amala fudhatama qabu agarsiisuun namoota wajjiin taphachuu danda'u.			
2.Namoota of eegumsa fi kunuunsa taasisanii fi adda baafachuu fi akkamitti akka isaan kunuunfatan beekuu			
2.1.Namoota isaaniiif kunuunsafi ofeegumsa taasisaniif himuu danda'uu			
3.Kanneen biroo kunuunsuu fi wanta qabnu waliif hiruu			
3.1.Hojii garee keessatti ni hirmaatu			

2.3.5. Unka Daawwannaa Ittiin Gaggeessan

Maqaa Mana Barnootaa Idileen Duraa -----

Maqaa daa'ima _____ Umrii _____ Kornayaa _____

Maqaa Barsiisaa/tuu _____ ji'a _____ bara _____

Waa'ee daa'ima daawwatamee sadarkaalee armaan gaditti kennaman keessaa sadarkaa daa'imichi irra jiru kan ibsu lakkoofsa isaa qofa roga *daawwannaa* jedhu jalatti barreessi.

Sadarkaalee:

1. Fooyya'uu barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

Hubachiisa: Unki hordoffii kun jalqaba waggaa, walakkaa waggaafi dhuma waggaarratti guutamuu qaba.

Gahumsa /galma	Daawwii		
	Jalqaba waggaa	Walakkaa waggaa	Dhuma waggaa
1.Odeeffannoo seeraan dhaggeeffachuun haalota addaddaatiif deebii sirrii kennuu			
1.1.Gagaleewwaniifi ajajoota addaddaa tiif deebii kennuu ni danda'u			
1.2.Sagaleewwan addaaddaa dhaggeeffachuun adda baafachuufi kallattiwwan eeruu ni danda'u			
1.3.Sheekkoowwan gaggabaaboofi faaruwwan dhaggeeffachuun deebisanii dubbachuu fi faarfachuu ni danda'u			
2.Haala addaddaa keessatti ofitti amantaa haasa iddoo fi hiika kennuu danda'aniifi mallattoo afaaniitiin waliigaluu			
2.1.Ajajootaa fi qajeelfamoota sasalphaa hordofuu ni danda'u			
3.Dubbisuun gammaduu fi beekumsa argachuun hubachuu			
3.1.Fakkiilee fi bocaawwan ilaaluun adda baafachuu ni danda'u			
3.2.Fakkiilee qindoomina ijaa fi harkaa cimsachuun barreeffameef of qopheessuu			
4.Sochiilee qindoomina ijaafi harkaa cimsachuun barreeffamaaf ofqopheessuu			
4.1 Sochiilee Ijaa fi harka walitti qindeessuun nishaakalu			

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

2.4.5. Unka Daawwannaa Ittiin Gaggeessan

Maqaa Mana Barnootaa Idileen Duraa -----

Maqaa daa'imaa _____ Umrii _____ Kornayaa _____

Maqaa Barsiisaa/tuu _____ ji'a _____ bara _____

Waa'ee daa'ima daawwatamee sadarkaalee armaan gaditti kennaman keessaa sadarkaa daa'imichi irra jiru kan ibsu lakkoofsa isaa qofa roga *daawwannaa* jedhu jalatti barreessi.

Sadarkaalee:

1. Fooyya'uu barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

Hubachiisa: Unki hordoffii kun jalqaba waggaa, walakkaa waggaaafi dhuma waggarratti guutamuu qaba.

T/I	Gahumsa /Galma	Daawwii		
		Jalqaba waggaa	Walakka Waggaa	Dhuma Waggaa
1	Amala Meeshaalee Sakatta'uun hubachuufi addaan baafachu			
1.1	Wantoota akaakuufi walduraa duubaan kaa'uu ni danda'u.			
2.	Wantoota hamma isaaniitiin walmadaalchisuu			
2.1	Wantoota gidduu firoomina jiran walduraa duubaa haala eegeen agarsiisuu nidanda'u.			
3.	Lakkoofsotaan walbarsiisuu,ibsuu, firummaa isaanii hubachuufi qoyyaboota sasalphaa hojjachuu			
3.1.	Walqunnamtii tokko tokkoof agarsiisuu nidanda'u.			
3.2	Meeshaalee lakka'uu ni danda'u.			
3.3	Baayisuu, ida'uufi hir'isu nidanda'u			
4.	Haala addaddaa keessatti meeshaalee safartuuwwan madaallii fayyaadamuu			
4.1	Meeshaalee qaamaa gidduu garaagarummaa hangaa mul'atan himuu nidanda'u.			
5.	Yaadrimee yeroo hubachuufi ibsituuwwan itti fayyadamuu			

5.1.	Wantoonni yeroo keessatti raawwatan adda baafachuufi hordofuu ni eegal.			
6.	Yaadimee iddoo hubachuufi ibsituuwanitti fayyadamu			
6.1.	Namootaafi wantoota bu'uura godhachuun iddoo fi fageenya ibsuu nidanda'u.			
7.	Qarshiin walbaruu, adda baafachuufi itti fayyadamu			
7.1.	Saantimafi qarshii addaan nibaafatu.			

2.5.5. Unka Daawwannaa Ittiin Gaggeessan

Maqaa Mana Barnootaa Idileen Duraa -----

Maqaa daa'ima _____ Umrii _____ Kornayaa _____

Maqaa Barsiisaa/tuu _____ ji'a _____ bara _____

Waa'ee daa'ima daawwatamee sadarkaalee armaan gaditti kennaman keessaa sadarkaa daa'imichi irra jiru kan ibsu lakkoofsa isaa qofa roga *daawwannaa* jedhu jalatti barreessi.

Sadarkaalee:

1. Fooyya'uu barbaachisu
2. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu irra kangahe.
3. Gahumsaafi kaayyoo barbaachisu ol kan darbe

Hubachiisa: Unki hordoffii kun jalqaba waggaa, walakkaa waggaa dhuma waggarratti guutamuu qaba.

Gahumsa/Galma	Daawwii		
	Jalqaba waggaa	Walakkaa Wagga	Dhuma Waggaa
1.Naannoo dhihoo sakatta'uu fi beeku			
1.1. Waa'ee mana jireenyaa isaaniifi meeshaalee mana isaanii jiru nihimu.			
1.2. Namoota, beeyldoota, kuduraalee, fuduraalee, meeshalee, ilbiisotaafi wantoonni biroo manaafi naannoo isaanitti argaman adda baafachuu nidanda'u.			
1.3. Namoota M/B BID keessatti argaman, meeshaalee taphaafi kanneen biroo adda baafachuu nidanda'u.			
2.Iddoowwan naannoo isaanitti argaman beekuuf ajaa'ibsiifachuu			
9.2. Iddoowwan barbaachisaa naannoo isaaniitti argaman himuu ni danda'u.			
3.Naannoo akkamitti akka kunuunsuun danda'amu beekuufi kunuunsuu			

Kitaaba Deeggarsaa Barsiistota Daa'imman Umrii Waggaa 3-4 Barsiisaniif

3.1. Manaa fi naannoo isaanii karaa ittiin qulqulleessuun danda'amu eeruu ni danda'au.			
1. Wantoota haala garagaraatiin miidhaa geessisuu danda'an adda baafachuufi of eegumsa gochuu			
4.1. Wantoota haalota garagaraatiin miidhaa geessisan adda baafachuu nidanda'u.			
2. Yaadrimee sosochii hubachuufi yaalii gaggeessuu			
5.1. Wantoota sosochii naannootti argamanii ibsuu nidanda'u			
3. Aartii waa'ee fakkiifi boca addaddaa wantoota gargaraa kalaquu dinqisiifachuufi ofibsuu			
6.1. Sosochii ijaafi harkaa walitti qindeessuun wantoota gara gara hojjachuu nishaakalu.			